

سُورَةُ الْعِمْرَانِ  
Suuraa Aali`imraan

\*Hiikkaa suuraa aali imraan

تفسير سورة آل عمران

\*Dura dursoo suuran tun suuraa aali imraan

قبل كل شئ هذه هي سورة

je'anti

\*Isiin suuraa madiina'aati.

وهي مدنية

∨ Aayaanni isi'ii dhibba lama {200}

وآياتها مائتين {٢٠٠}

\*Lakkooyi isi'ii sadii {3}

وترتيبها {٣}

\*Isiin eega suuraa anfaalii buute , Rabbii su-

نزلت بعد سورة الأنفال

uraa tana keessatti waa hedduu dubbate sanirraa: jallina yahuuda'aatifii ,haala mu'mintootatiifii, ammallee adaba isaaniti,akkasuma aadaa warra waa injifat-uutifii, aadaa warra injifatamuu nuu dubbateeti, eegasii galata namni qabsoo haqaa keessatti du'u qabu nuu dubbatee, akka namuu dhala'aa dhiiran galata waan dalagatee argatu'uu taa'u nuu hima.

\*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii gudda'aati Rabbii qanani guddo'oo xiqqo'oon addunya aakhira'atti nama qananiisu,

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} \*Makgnaan {aliflaam miim } jechu`u akka

الْعَم ١

qur`aanni harfii arabaa takka {alif laam miim} tanarraa walitti qabamee, yoo dandeessan kan akka isaa mee fidaa je'ee, Rabbiin orma kuffaaraa kan qur'aana dura dhaabbaturraa barbaaduti haa tayuu Rabbumaatu makgnaa jecha kana beekha je'anii Rabbitti irkisu'utti gaari'.

2} \*Rabbiin isa ,malee Rabbiin biraa hin jirre ,jiraa dhimma yookaa amrii waan uumee hundaan dhaabbatu.

اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْحَيُّ الْقَيُّومُ ٢

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad Rabbiin qur'aana haqaati, haqaan sirratti buuse ,

نَزَّلَ عَلَيْكَ الْكِتَابَ بِالْحَقِّ

\*Kitaaba qur'aanaa kan kitaabban Rabbiin isa dura buuse hunda dhugo'oomsu,

مُصَدِّقًا لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ

3} \*odoo qur'aana kana sirratti in buusun dura Rabbiin kitaaba towraat je'amu nabi muusa'arratti buuse, kitaaba injiil je'amu nabi iisa'arratti buuse.

وَأَنْزَلَ التَّوْرَةَ وَالْإِنْجِيلَ ٣ مِنْ قَبْلُ

\*ummata isaanitiin qajeelchu'uu jecha kitaabban san buuse,akkasuma furqaan buuse kan waa hunda addaa baasu,

\*Warri qur'aana Rabbitti kafare, takkaa morome,

\*Azaaba jabaadhatu isaanif qophaayee jira,

\*Rabbiin isa waan fedhu dalagu kan wanni isa dura dhaabbatuu dandayu hin jirru,

4} \*Kan nama isatti balleesse akka jaba'atti qixaaxu.

5} Rabbi ,waa ,takkalleen ,dachiidhafii samii keessatti isarraa hin,dhokkatu maalif waan argame hunda isaatu uumee, duuba wanni inni uume akkamiin isarra dhokhatti.

\*rabbiin isa gadaameysa keessatti akka fedhutti isin uume dhiira isin godhee yookaa dhalaa isin godhee,isin diimeysee ,takkaa isin addeysee, yookaa gurraachumsee,

6} \*Rabbiin tokkicha,waa injifatu,kan wanni inni uume akka malee hin taane, isa maalee Rabbiin biraa hin jirre.

\*Rabbiin isa qur'aana isinirratti buuse,

\*Qur'aanarraa aayatoota, makgnaan isiidhaa ,namuufuu beekkamuutu jira kan makgnaa tokkicha malee makgnaan lama irraa hin beekkamne,

\*aayatoonni ,akkanaa,tun isiidha tan heera islaama keessatti,itti irkatan ,tan, makgnaan, aayatoota, makgnaa,heddu'uun, maluu , gara , isi'ii, deeffamtu,

\*Aayatoota qur'aanarraa aayatoota ma`naan

hedduun irraa beekkamuutu jira, jecha tokkicha kan makgnaa hedduu qabuutu jira, kan namni hundi beekhuu hin dandeenye akkanatti aayatoonni qur'aanaa bakka lamatti qoodamti,aayatoota makgnaan isi'ii namuufuu dafee galu ,kan wannumti takkittiin irraa beekkamuufii aayatoota makgnaan isi'ii namatti wal fakkaatu kan yoo makgnaa isi'ii baruu fedhan akkaan ayli'iifii beekkomsa cimaa qabaatu'utti haajamsiisu, wanni Rabbiin aayatoota akkanaa buusef haa

هُدًى لِلنَّاسِ وَأَنْزَلَ الْفُرْقَانَ

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا بِآيَاتِ اللَّهِ

لَهُمْ عَذَابٌ شَدِيدٌ

وَاللَّهُ عَزِيزٌ

ذُو أَنْتِقَامٍ ﴿٤﴾

إِنَّ اللَّهَ لَا يَخْفَى عَلَيْهِ شَيْءٌ فِي الْأَرْضِ وَلَا فِي

السَّمَاءِ ﴿٥﴾

هُوَ الَّذِي يُصَوِّرُكُمْ فِي الْأَرْحَامِ كَيْفَ يَشَاءُ

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿٦﴾

هُوَ الَّذِي أَنْزَلَ عَلَيْكَ الْكِتَابَ

مِنْهُ آيَاتٌ مُحْكَمَاتٌ

هُنَّ أُمُّ الْكِتَابِ

وَأُخْرٌ مُتَشَابِهَاتٌ

namni hundi dammaqee waa hunda gad qabee laalu'uufi,takkaa waa baru'utti ,jabaatu'uufi, akka waan hin beyne gaafatuu karaa nuu godhu'uufi,

\*Ammoo namni yookaa jarri jallinni qalbii isaanii keessa jiru,

فَأَمَّا الَّذِينَ فِي قُلُوبِهِمْ زَيْغٌ

\*Qur'aanarraa aayatoota makgnaan isi`ii be-ekkamtu dhiisaniiti ,aayatoota makgnaan isaa heddu'uu kan karaa haqaatifii karaa jallinarrattillee fassaruun mijjaawu qabatan ,takkaa jala deeman,

فَيَتَّبِعُونَ مَا تَشَبَهَ مِنْهُ

\*Wanni isaan aayatoota qur'aanarraa aayatoota makgnaa heddu'uu qabataniif , fitnaa barbaadafi,ifii jallatanii ummata jallisuu barbaadu'uufi,

أَتَّبَعَاءَ الْفِتْنَةِ

\*Makgnaa, fedhanitti, fassaratanii, Rabbiitu

وَأَتَّبَعَاءَ تَأْوِيلِهِ ۗ

akkana je'e je'anii karaa haqarraa nama maysuu barbaadu'uufi , makgnaa aayatoonni sun qabdu keessaa makgnaa Rabbiin itti hin fedhin irra kaayanii, yaada ifii yookaa mazhhaba ifii jabeeffatu'uu jecha,

\*Tafsiira, aayatoota, sanii, Rabbumaatu beekha malee isaan hin beekhan, aayata makgnaa lamaaf malu makgnaa lamaanirraa kan itti fedhame Rabbumaatu beekha,

وَمَا يَعْلَمُ تَأْوِيلَهُ إِلَّا اللَّهُ

\*Ammallee warra beekkomsa keessatti akkaan cimeetu beekha, takkaa warri akkaan beekkomsa cimaa qabu,

وَالرَّاسِخُونَ فِي الْعِلْمِ

\*qur'aana ,rabbitti,amanne dhugo'oomsine,

يَقُولُونَ ءَأَمْتًا بِهِ ۗ

\*qur'aana, hunda,rabbiitu, buuse aayatoonni

كُلٌّ مِّنْ عِنْدِ رَبِّنَا

makgnaa isi'ii namuufuu mul'atuufii aayatoonni makgnaan isi'ii nama beekomsa jabaa qabuuf malee, nama kaanii hin mul'anne lachuu Rabbii keenyarraa nuu dhufe aayatoota qur'aana Rabbii addaan hin baafnuu hunda itti amanna je'an

7} \*Warri kana beekhu warra aylii gaarii qajeeltu qabu malee,nama biraatii miti

وَمَا يَذَّكَّرُ إِلَّا أُولُو الْأَلْبَابِ ﴿٧﴾

\*Yaa Rabbii keenya eega nu qajeelchitee nun jallisin, eega karaa gaarii nu garsiiftee irraa nu maysin,

رَبَّنَا لَا تُزِغْ قُلُوبَنَا بَعْدَ إِذْ هَدَيْتَنَا

\*Rahgmata if biraa nuu kenni, yaa Rabbi,

وَهَبْ لَنَا مِن لَّدُنكَ رَحْمَةً

8} \*Suma kan akkaan waa namaa kennu.

إِنَّكَ أَنْتَ الْوَهَّابُ ﴿٨﴾

\*Yaa Rabbii keenya ati kan ilmaan namaa

رَبَّنَا إِنَّكَ جَامِعُ النَّاسِ لِيَوْمٍ لَا رَيْبَ فِيهِ

hunda guyyaa tokko keessatti walitti qabu ,guyyaa dhufu'uu taa'u, kan dhufuun isaa shakkiin qabne,sun guyyaa qiyaama'aatii,kan wanni Rabbiin baallama se-ene hundi guyyaa san keessatti argamtu .

9} \*Rabbiin kan baallama hin diiayne, kan wanni inni je'e tayuu hin oolle.

إِنَّكَ اللَّهُ لَا يُخْلِفُ الْوَعْدَ ٩

\*Warri Rabbitti kafare, takkaa morome,

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Hori'iifii ilmaan isaanii waa takka isaanii hin godhan,azaaba jalaa isaan hin baasan, yookaa qixaaxamu'urraa isaan hin duroomsan

لَنْ نُنْفِئَهُمْ عَنْهُمْ أَمْوَالَهُمْ وَلَا أَوْلَادَهُمْ مِنَ اللَّهِ شَيْئًا

10} Jarri sun qoraan ibiddaati,

وَأُولَئِكَ هُمْ وَقُودُ النَّارِ ١٠

\*jarri rabbitti kafare sun haalli, isaanii , akka ,haala ,warra ,firkgawnatiifii warra isaan dura dabreeti,

كَذَّابٍ آلِ فِرْعَوْنَ وَالَّذِينَ مِنْ قَبْلِهِمْ

\*Jarri sun nutti kafaran, yoo kaa aayata keenya moroman

كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

\*Duuba Rabbiin sababaa dilii isaanitiif isaan qixaaxe

فَأَخَذَهُمُ اللَّهُ بِذُنُوبِهِمْ

11} \*Rabbiin kan qixaaxa jabaatu.

وَاللَّهُ شَدِيدُ الْعِقَابِ ١١

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad warra Rabbitti kafare saniin akka jettu lola keessatti mooyamu'uuf teessan,

قُلْ لِلَّذِينَ كَفَرُوا سَعْتَابُونَ

\*duutaniiti,ibidda,azaabaa, keessatti guuramtan,

وَتُحْشَرُونَ إِلَىٰ جَهَنَّمَ

12} Yaa hammeenya afaa Ibiddaa kan isaan afattanii keessa ciisan .

وَيَبْسُ الْمَهَادُ ١٢

\*yaa warra Rabbitti amane wanni tuuta lamaan takka,jiddu'utti argame waan gorsa isinii tayu ,waan nabi muhammad dhugaa dubtuu isin agarsiisu,

قَدْ كَانَ لَكُمْ آيَةٌ فِي فِئَتَيْنِ

\*Kan tuutti lamaan sun wal lolu'uuf bakka badri je'amtutti wal dura dhufte takkaa dhabbatte,

الْفِئَتَيْنِ

\*Tuuta lamaan sanirraa, takka tan Rabbi jettee loltu,sun tuuta islaamaa tan nabi muha-

فِئَةٌ تَقْتُلُ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

mad itti mata'aatii tan nama dhibba sadiy-ifi  
kudha sadii geessu,

\*Ammoo tuutti tuun tuuta Rabbitti , kafartee  
,sheyxaanaa ,jettee ,loltu ,isiin, tuuta ,query-  
h'iiti .tan lakkooyisi isi'ii kumatti dhiyaatu,  
\*kan ormi kaafiraa sun,akka ormi islaamaa

وَأُخْرَىٰ كَافِرَةٌ

heddommina keessa,lakkooyisa isaanitti dachaa deebi'an argan ,wanni Rabbiin  
tuuta islaamaa xiqqoo heddommeysef,orma kuffaaraa sodaachisu'uuf,

\*Rabbiin nama fedhe akka fedheen jabee-

يَرَوْنَهُمْ مِّثْلَيْهِمْ رَأَىٰ الْعَيْنِ

وَاللَّهُ يُؤَيِّدُ بِنَصْرِهِ ۗ مَنْ يَشَاءُ

ssa yookaa gargaara,duuba tuuta orma islaamaa lakkooyisan ija orma kuffa-  
araa kan xilaata isaanii keessatti heddommeysee sodaachisee injifachiise,

\*waan,tuuta,lamaan ,san Jiddu'utti argame  
keessa gorsaatu jira,

إِنَّكَ فِي ذَلِكَ لَعِبْرَةٌ

13}\*Warra haqarraa hin gorre takkaayuu  
hin mayn'e kan ija dhugaa argitu qabuuf ,  
{kgibratan}jechuun: gorsa jechu', {ulii} je-  
chuun : warra jechu'.

لِأُولِي الْأَبْصَارِ ﴿١٣﴾

\*Waan nabseen jaalattu,yookaa nabse`etti

زَيْنَ النَّاسِ حُبُّ الشَّهَوَاتِ

mi'aayu jaalatuun waan ilmaan namatti mi'eeffame,namni isii namatti bare-  
echu yookaa mi'eeysu sheyxaana,isaatu waan nabseen namaa jaalattu bare-  
echee itti nama kaasa.

\*Wanni qalbiin namaa jaalattu sun beerafii,

مِنَ النِّسَاءِ

\*Ilmaani, dhala'aa dhiiran,

وَالْبَنِينَ

\*Horii hedduu qabaatuu,

وَالْقَنْطَرِ الْمُقَنْطَرَةَ

\*Ziqiyaafii meetarraa,

مِنَ الذَّهَبِ وَالْفِضَّةِ

\*Fardoo babbareedduu qabaatuu,

وَالْخَيْلِ الْمُسَوَّمَةِ

\*Beyladaa {gaala, loon, re'ee}hedduu  
qabaatuu

وَالْأَنْعَامِ

\*ooyruu qonnaa qabaatu'uu

وَالْحَرْثِ

\*sun waan nabseen jaalattu sun,

ذَلِكَ

\*miya addunya'aati kan namni addunyaa  
tana keessatti walitti qabatu, tan eega sanii  
dhumtu,

مَتَّعَ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا

14} \*Rabbiin waan kanarra gaari`ii kan ho-

وَاللَّهُ عِنْدَهُ حُسْنُ الْمَبَاقِ (١٤)

ggaa gara isaa deebi'an argatan,kan dhumne if biraa qaba,sun jannataa kan qananii zalaalami'ii taye, duuba aaqilli nama waan dhabamu dhiisee waan zalaalamii hafu dalagu.

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad warra

﴿ قُلْ أَوْفَيْتُكُمْ بِخَيْرٍ مِنْ ذَلِكَ ﴾

jaalala addunya'aatii du'uun, wanni jettu yaa jarana, waan addunyaa isin jaalattan tanarraa caalu isinii odeessuu,yookaa himuu? wanni sanirra caalu,

\*Sun jannata warra Rabbi sodaatef Rabbi biratti isaanii qophaayee taa`u .

لِلَّذِينَ اتَّقَوْا عِنْدَ رَبِّهِمْ جَنَّاتٌ

\*kan jannata, masno'oofii mana dhedheeraa qabu jala layni hedduun olii gad yaa'u ,

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

\*Kan warri jannata san seene zalaalamii keessa jiraatu,

حَدَائِدٍ فِيهَا

\*Kan jannata san keessa beerri, qulqulluun isaanif jiru,beera wanni beera addunya'aatti dhufu ittin dhufne kan akka dhiigaa,

وَأَزْوَاجٌ مُطَهَّرَةٌ

\*Ammallee jaalala,jaalalarran Rabbirraa argatan,

وَرِضْوَانٌ مِّنَ اللَّهِ

15} \*Rabbiin gabroottan isaa ni argaa nama hundaafuu galata waan inni dalageeti kenna.

وَاللَّهُ بَصِيرٌ بِالْعِبَادِ (١٥)

\*isaan,rabbiin,qananii,qopheysef ,warra yaa Rabbi nuti si hugo'oomsinee ,ergamaa kee dhugo'oomsinee,

الَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَا إِنَّا أَمْنَا

\*dilii teenya hunda nuuf araarami,

فَاعْفِرْ لَنَا ذُنُوبَنَا

16} \*Azaaba ibiddaa jalaa nu baasi je'u.

وَقِنَا عَذَابَ النَّارِ (١٦)

\*Ammas isaan warra waan hamtuu hundarraa obsu,kan waan Rabbiin itti ajaju hundarratti obsee dalagu,kan balaa hundarratti obsu,

الضَّالِّينَ

\*Warra waan dhuga'aa je'ee,waan dhuga`aa dalagee , waan dhuga`aa yaadu

وَالصَّادِقِينَ

\*Ammas warra waytii mara ,waan Rabbiin itti isaan kaase dalagu

وَالْقَانِئِينَ

\*Warra waan qabu kennee, nama haajame gargaaru,

وَالْمُنْفِقِينَ

17} \*Warra halkan hirriiba dhiisee waytii hirabaa yaa Rabbi nuuf araarami je'aadhaa

وَالْمُسْتَغْفِرِينَ بِالْأَسْحَارِ (١٧)

Rabbi khadhatu.

\*Rabbiin akka isa malee Rabbiin biraa hin

شَهِدَ اللَّهُ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

jirre mul'ise, waan tokkummaa isaa mul'isu tan inni uume, takka dachi'ii sam-i'iitin. waan kana uumee akka isa malee waaqni biraa hin jirre ragaa bayee jira, kan namni inni aylii kenneef hundi argu

\*Malaaykanis akka Rabbi tokkicha malee , Rabbiin biraa hin jirre ragaa baate .

وَالْمَلَكُوتِ

\*Akkasuma warri waa hundi kan akka an-biyootaa , qalbi'iifii afaanille'een, akka Rabbi tokkicha malee Rabbiin biraa hin jirre beekhu ragaa bayan,

وَأُولُوا الْعِلْمِ

\*Rabbi amrii , yookaa dhimma waan uumetiin khophaa isaa dhaabbatu karaa qixxumma'aatin,

فَأَيُّهَا الْقَائِمُونَ

\*Rabbi tokkicha malee Rabbiin biraa hin jiru,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

\*kan injifatuu malee, hin injifatamne,

الْعَزِيزُ

18} \*Kan waan miidhagu malee wanni biraa irraa hin argamne .

الْحَكِيمُ

\*Diinan, yookaa amantiin haqaa Rabbi biratti,

إِنَّ الدِّينَ عِنْدَ اللَّهِ

\*Diinaa islaamati, dinaa tokkummaa Rabbi

الْإِسْلَامُ

yaadanii, isaaf gad je'uudhati, kan Rabbiin ergamoota isaa ergee gabroottan isaa barsiise, karaan diinaa islaamaa karaa tokkummaa Rabbi yaadu'uuti jechaa, yahuuda'aafii nasaaran ni beekhan,

\*Warri kitaabni kennameef yahuuda'aafii nasaaran, beeka'aatii karaa diinaa islaamaarraa maqaan malee, wallaalanii miti , eeguma Rabbiin kitaaba anbiyaa isaanirratti buuse keessatti karaa diinaa haqaa isaan barsiisaniiyi wal dhabanii irraa maqan,

وَمَا اخْتَلَفَ الَّذِينَ أُوْتُوا الْكِتَابَ إِلَّا مِنْ بَعْدِ

مَا جَاءَهُمْ الْعِلْمُ

\*Wanni wal dhabaniif wal hassadu'uu jecha , takkaa wal waanayu'uudhaf jecha yoo diinaa islaamaa qabanne matummaa dhabnaa soda'aaf,

بَغْيًا بَيْنَهُمْ

\*namni aayata Rabbi moromu , kan itti kafaru qixaaxamu'uuf jiraata

وَمَنْ يَكْفُرْ بِآيَاتِ اللَّهِ

19} \*Rabbiin kan yaroo xiqqo`otti jazaa isaaf galchu, takkaayuu isa qixaaxu.

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad yoo ormi kuffaaraa waan diina`aa keessatti sitti falme,

\*Wanni jettuun: fuula kiyya Rabbiif kenne ,makgnaan kanaa lubbuu tiyya Rabbii kenne jechu',wanni fuula dubbateef isaatu qaama namarraa bakka gaari`I jecha`aafi,

\*Anaafii warri natti amane hundi Rabbii keenyaa if kennine, karaa isaa qabanne je'I , orma kuffaaratiin ,

\*Warra kitaaba kennameen akka jettu ; warri kitaabni kennameef yahuuda'aafii nasaara'aa,

\*Ammas warra kitaaba hin qabneen akki jettu, {ummiyyiina} jechuun : kuffaara arabatiin, kanneen muka gabbaran jechu',

\*Islaamoytanii ? makgnaan kanaa karaa haqaa agartanii islaamaya'aa qabadhaa jechu',

\*Jarri kuffaaraa sun yoo islaamayanii karaa Rabbii qabatan .

\*Dhugumaan qajeelan

\*Ammoo yoo islaamayuu baatanii irraa gara galan ati hin rifatin, maalif islaamayuu oolan jettee yaadan ifin ajjeesin, yookaa if hin cinqin,

\*Maalif, wanni sirratti jiru waan Rabbiin

ummatatti geesse siin je'e isaanitti geessu', karaa islaamaa nama barsiisuu qofa , duuba kan qajele ifumaaf tole,ammoo kan jallate ifumatti balleesse,

20} \*Rabbiin gabroottan isaa hama`aa

tolaa ni argaa hundaafuu,jazaa waan inni dalagee isaaf.deebisu'uu jiraata,kan waan gaarii dalage gaarii argatee,kan hamtuu dalage qixaaxa mudatee

\*warri aayata Rabbiititti kafaru , moromu`u-un qeebaluu didu`uun .

\*warri anbiyoota Rabbii fixu ,haqaan male'etti, haqaan anbiyaa ajjeesun inuman maluu

فَإِنَّ اللَّهَ سَرِيعُ الْحِسَابِ ﴿١٩﴾

فَإِنْ حَاجُوكَ

فَقُلْ أَسْلَمْتُ وَجْهِيَ لِلَّهِ

وَمَنِ اتَّبَعَنِي

وَقُلْ لِلَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ

وَالْأُمِّيِّينَ

ءَاسْلَمْتُمْ

فَإِنْ أَسْلَمُوا

فَقَدْ أَهْتَدَوْا

وَإِنْ تَوَلَّوْا

فَإِنَّمَا عَلَيْكَ الْبَلَاءُ

ummatatti geesse siin je'e isaanitti geessu', karaa islaamaa nama barsiisuu qofa , duuba kan qajele ifumaaf tole,ammoo kan jallate ifumatti balleesse,

20} \*Rabbiin gabroottan isaa hama`aa

وَاللَّهُ بَصِيرٌ بِالْعِبَادِ ﴿٢٠﴾

tolaa ni argaa hundaafuu,jazaa waan inni dalagee isaaf.deebisu'uu jiraata,kan waan gaarii dalage gaarii argatee,kan hamtuu dalage qixaaxa mudatee

\*warri aayata Rabbiititti kafaru , moromu`u-un qeebaluu didu`uun .

إِنَّ الَّذِينَ يَكْفُرُونَ يَأْتِيَتِ اللَّهُ

وَيَقْتُلُونَ النَّبِيَّ بِغَيْرِ حَقِّ

\*Warri akkasuma ,warra karaa haqatti na-  
ma gorsu ajjeesu warri anbiyootafii warra  
waan gaari'itti nama gorsu fixu , yahuuda`aa

وَيَقْتُلُونَ الَّذِينَ يَأْمُرُونَ بِالْقِسْطِ  
مِنَ النَّاسِ

wanni oddeeffame yahuudan anbiyoota afurtamii sadii ajjeesu'uu kaanan qaa-  
llonni yookaa sheekkotiin isaanii dhibbaafii torbaatamni guyyaa isaan anbiy-  
oota ajjeesu'uu ka'an san ajjeesu'urraa isaan dhoowwan ,dhoowwinaan jara  
ulama'aa sanis guyyuma tokkotti lafarraa fixan,

21} \*Duuba jara aayata Rabbitti kafaree

فَبَشِّرْهُم بِعَذَابٍ أَلِيمٍ ﴿٢١﴾

anbiya`aafii sheekkotii haqaan male'etti fixe san qixaaxa ibiddaa kan isaan  
laalessuun isaan gammachiisi, qixaaxa hamaa Rabbiin isaanii qopheyse isaan  
beysise.

\*Jarri sun galanni yookaa sawaabni waan  
isaan dalaganii hundi duraa bade, sawaabni  
waan gaarii isaan dalagatanii hundi duraa  
bade,

أُولَئِكَ الَّذِينَ حَبِطَتِ أَعْمَالُهُمْ

\*Addunya'aafii akhira'attillee,

فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ

22} \*Namni isaanii dirmatee qixaaxa jalaa  
isa-an baasu hin jiru yookaa hin qaban .

وَمَا لَهُمْ مِنْ تَنْصِيرٍ ﴿٢٢﴾

\*Warra kitaabarraa qooda argate kanneen  
towraat nabi Muusa`arratti bu`erraa beekk-  
omsa argatan haala isaanii hin agarree? {na-  
sgiiiban } jechuun: qooda jechu'

أَلَمْ تَرَ إِلَى الَّذِينَ أُوتُوا نَصِيبًا مِّنَ الْكِتَابِ

\*Kan gara kitaaba Rabbii yaamaman kan

يَدْعُونَ إِلَى الْكُفْرِ

qur'aana qabadhaa heera isatti dalagaa isaanin je'amu isaan yahuudaadhaa,  
namni yahuudaadhan qur'aana qabadhaa,wal diddaa isin jidduu'utti argamtu  
hunda heera qur'aanatiin fixadhaa je'ee isaan yaame,nabi muhammadi nage-  
enyi isarratti haa jiraatuu

\*Wal diddaa isaan jiddu'utti argamte akka  
isaan jiddu`uu deemsisuuf .

اللَّهُ لِيَحْكُمَ بَيْنَهُمْ

\*Duuba tuutti gariin isaanirraa yaaminsa  
nabi muhammad isaan yaame kana,hin dha-  
gayanii, irraa gara galan,

تُحْمَرُونَ بِأَنزِيلِهِمْ

23} \*Haqa jala deemuu diddaa isaanitiif

وَهُمْ مُّعْرِضُونَ ﴿٢٣﴾

ormi kitaabni kennameef kan koottaa wal diddaa teessan heerri qur'aanaa isin  
jiddu'uu haa fixuu isaanin jennaanin didan garri sun, orma yahuuda'aati, wanni  
aayanni tun buutef,nama lamaatu yahuuda'arraa sharmuuxummaa dalagee nabi  
muhammadirraatti isaan kasasan, duuba nabi muhammad waan jarri lamaan

sun,eeguma fuudhee, sharmuuxummaa dalaganeef jecha akka dhagaadhan tumanii ajjeefaman itti mure, itti murraan lakkii waan qur'aanni nutti mure kana hin fudhannuu ,kitaaba keenyarraa wal geessinaa je'anii didan, hoggaa san nabi Muhammad ,kitaabni keessanis akkanuma isinitti muraa je'een , jennaan lakkii je'an jennaan nabi muhammad,mee kitaaba keessan towraat fidaa je'een, hoggaa fidanii dubbisan, yookaa qara'an wanni argan akka heerri kitaaba isaanii jara lamaan sanitti ajjeechaa muru, akkasitti ajjeechan isaanitti muramtee ajjeefaman,duuba hoggaa san ormi yahuudi'ii murtii tanarraa dallanan takkaayuu fudhatuu didan.

\*Wanni isaan murtii qur'aanaa didaniif,

ذَٰلِكَ

\*Sababaa isaan ibiddi guyyaa xiqqaa lakka-

بِأَنَّهُمْ قَالُوا لَنْ نَمَسَّنَا النَّارُ إِلَّا أَيَّامًا مَّعْدُودَاتٍ

awamaa malee nun tuqu jechaa yaadaniifi,guyyoonni isaan isa keessa ni gubanna eegasii ibiddi nun tuquu yaadan ,guyyaa afurtama, kan isa keessa abbootin isaanii dibicha tokkoon Rabbi je'anii gabbaran, duuba ibiddi yaroo hangas malee nun tuquun isaan je'an kijiba,

24} \*Waan kijibaa tan isaan oofantu isaan

وَعَرَّهْمُ فِي دِينِهِمْ مَا كَانُوا يَفْتُرُونَ ﴿٢٤﴾

gowwoomsee karaa haqarraa isaan jallise , yookaa isaan mayse , guyyaa afurtama malee odoo cubbuu feete dalaynee hin gubannu jechuun isaanii, kijiba Rabbirraa kaayan malee, waan Rabbiin je'ee miti.

\*Jarri,akkanatti addunya'arratti kijiba Rabbirra kaayu sun,

كَيْفَ إِذَا جَمَعْتَهُمْ

\*Gaafa guyyaan qiyaama`aa kan dhufiinsa isaa keessa shakkiin hin jirre dhufee, guyyaa san keessatti hunda isaanii walitti qabnee

لِيَوْمٍ لَا رَيْبَ فِيهِ

\*namni ,hundi,waan ,dalage,argate , hamtuu tayuu, toltuu tayuu, warra kitaaba qabu tayuu, kan hin qabne tayuu ,kan namuu waan addunya'arratti dalage if duratti argu, □

وَوُفِّيَتْ كُلُّ نَفْسٍ مَّا كَسَبَتْ

25} Kan namni tokkolleen guyyaa san

وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿٢٥﴾

keessa hin miidhamne, waan gaarii inni addunya'arratti dalage duraa ir'isu'uun ,waan hamtuu inni dalage itti ida'uudhan, nam tokko hin miidhamne, kan namuu waan gaarii dalagaterratti galata argatu, kan waan hamtuu dalagerratti qixaaxamu, gaafa guyyaan akkasii sun dhufe, mee ormi yahuuda'aa kan ibiddi yaroo xiqqoo malee nun gubu je'ee dilii dalagu, akkam tayuu jiraata?.

\*Yaa waaqa mootummaan teeti,

قُلِ اللَّهُمَّ مَلِكُ الْمَلِكِ

\*Mootummaa nama feetef kennita, gabroottan keetirraa ,

تَوَدَّى الْمَلِكُ مِنْ تَشَاءٍ

\*Akkasuma nama feetarraa mootummaa fuuta , nama feete shuumteti, nama feete shaarta

وَتَنْزِعُ الْمَلِكُ مَعَن تَشَاءٍ

\*Nama feetu guddifta, mootummaa keniteefii,

وَعُرِّمَ مِنْ تَشَاءٍ

\*nama ,feete ,mootummaa ,irraa fuutee xiqqeessita,

وَتُذِلُّ مِنْ تَشَاءٍ

\*Wanni gaarin harka kee Keessa jirti, wanni takkalleen tan sii achitti taatu hin jirtu,

بِيَدِكَ الْخَيْرُ

26} \*Yaa Rabbi ati kan waa hundarratti dandayu, takkaa dandeytii guutuu qabu.

إِنَّكَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٢٦﴾

\*Ati Halkan guyyaa keessa seensifta, guyyaa

تُولِجُ اللَّيْلَ فِي النَّهَارِ وَتُؤَلِّجُ النَّهَارَ فِي اللَّيْلِ

halkan keessa seensifta, halkan guyyaa keessa seensisuun akkasu-ma guyyaa halkan keessa seensisuun waan kanarraa ir'ate kaanitti ida'u', waan saa'aa halkanirraa ir'ate saa'aa guyyatti ida'ee, waan saa'aa guy-a'arra ir'ate saa'aa halkanitti ida'ee,

\*Yaa Rabbi keenya ati waan lubbuu qabu

وَتُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ

waan lubbuun qabnerraa uumta, waan jiraadha waan du'aadharraa uumta, akka ilma namaa bishaan dhiiraa dhala'arraa uumu'uu, kan gadaameysa haadhaa keessatti foon tayerraa lubbuu itti godhee uumuudhaa, akka lukkuu kill-eedharraa uumu'uu, akka raammoo foonirraa uumu'uu,

\*Akkasuma yaa Rabbi ati waan du'aa , waan jira'arraa baafta, yookaa uumta , sun akka killee lubbuu hin qabne, lukkuu lubbuu qabdurraa uumu'uuti,

وَتُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ

27} \*yaa Rabbi ati nama feetef waan feete kennita hisaabban male'etti, yookkaa lakkooysan male'etti nama feete waan feete kennta.

وَتَرْزُقُ مَنْ تَشَاءُ بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿٢٧﴾

\*Warri Rabbiifii rasuulatti amane orma kaafiraa kan Rabbiifii rasuula isatti hin amanin aanaa hin godhatin,

لَا يَتَّخِذِ الْمُؤْمِنُونَ الْكَافِرِينَ أَوْلِيَاءَ

\*Mu'mintoota dhiisanii kaafira jaalatanii

مِنْ دُونِ الْمُؤْمِنِينَ

mu'mina jibbanii ,kaafira moosisanii jabeessanii mu'mintoota laaffisanii, wanni Rabbiin irraa nu dhoowwe islaama dhiisanii kaafira ifirratti moosisu'uu,

\*Namni kaafira ifirratti moosisu, namni mu'mina ifirraa achi qabee, kaafira ifitti as qabu,

\*Diinaa Rabbii waan qabne,

\*Yoo kan kaafirarraa sodaattanii isaan dhiy-eysitan taatan malee, yoo dirqiin isin goote malee,

\*Rabbiin qixaaxa isaatin isin sodaachisa

akka kaafira aanaa hin godhanne, akka nama Rabbitti amane dhiiftanii nama Rabbitti kafare hin jaalanne, {nafsahuu} jechuun: qixaaxa isaa, azaaba isaa jechu'

28} \*Bakkeen namni itti deebi`u gara rabb-

iiti, bakkitti irraa itti dheysitan hin jirtuu, waan qixaaxa isaa isinitti fidu ifirraa eegaa, waan Rabbiin irraa isin dhoowwe dalaydani qixaaxa isaa hin mu-datinaa.

\*Wanni orma mu'minaatin jettu yoo jaalala kuffaaraa gara'atti dhoyfattan,

\*Takkaa yoo dirree baaftanii kuffaara jaalattan,

rabbiin, waan, isin, dhoysita niifii, waan, isin mul`iftan hunda ni beekha

\*Rabbiin waan dachi'iifii samii keessatti argamu hunda beekhaa, wanni isarraa dhokhatu hin jiru,

29} \*Rabbiin waa hundarratti dandayaa waan inni dandayurraa yoo kuffaara aanaa godhattan isin qixaaxuu guyyaa boruu.

\*Guyyaa namuu waan addunya'arratti dalage if duratti argu, hamtuu taatuu toltuu taatuu

\*Guyyaa nabseen isa keessa wanni hamtuun isiin dalayde,

\*Isi'irraa fagaatuu jaalattu, hoggaa qixaaxa

nama hamtuu dalagee argitu, {tawaddu} jechuun: jaalattu, {amadan} jechuun; akkaan irra fagaatuu jechu', wanni lubbuun waan hamtuu dalaydi argu'uufii, isi'itti dhiyaatullee jibbituuf qixaaxa soda'aafi,

وَمَنْ يَفْعَلْ ذَلِكَ

فَلَيْسَ مِنَ اللَّهِ فِي شَيْءٍ

إِلَّا أَنْ تَكْفُرُوا مِنْهُمْ نَقْلًا

وَيَحذِرُكُمْ اللَّهُ نَفْسَهُ

وَإِلَى اللَّهِ الْمَصِيرُ

قَلِيلٌ تَخَفُوا مَا فِي صُدُورِكُمْ

أَوْ تُبَدُّوهُ

يَعْلَمَهُ اللَّهُ

وَيَعْلَمُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

وَاللَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ

يَوْمَ تَجِدُ كُلُّ نَفْسٍ مَا عَمِلَتْ مِنْ خَيْرٍ مُحْضَرًا

وَمَا عَمِلَتْ مِنْ سُوءٍ

تَوَدُّ لَوْ أَنَّ بَيْنَهَا وَبَيْنَهُ أَمَدًا بَعِيدًا

\*Rabbiin qixaaxa isaati isin sodaachisaa akka isinitti hin dallanne, waan dallansuu isaa fidurraa fagaadhaa

وَيُحَدِّثُكُمْ أَنَّ اللَّهَ تَجَسَّسَ

**30}** \*Rabbiin kan gabroottan isaatii rahgmata godhu, takkaayuu kan waan gaarii isaan agarsiisee isaan qajeelchu.

وَاللَّهُ رَءُوفٌ بِالْعِبَادِ ﴿٣٠﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad wanni orma mu'minaatin jettu yoo kan Rabbi jalattan taatan,

قُلْ إِنْ كُنْتُمْ تُحِبُّونَ اللَّهَ

\*Na jala deemaa, kara'an, an dhufeen qabadhaa

فَاتَّبِعُونِي

\*Gaafas Rabbiin isin jaalataa galata isinii galchaa,

يُحِبِّبْكُمْ اللَّهُ

\*dilii, teessan. hunda, isiniif, araaramaa

وَيَغْفِرْ لَكُمْ ذُنُوبَكُمْ

**31}** \*Rabbiin kan nama karaa isaa qabateef araaramu, kan ammallee rahgmata isaanif godhu.

وَاللَّهُ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿٣١﴾

\*Wanni isaanin jettu; Rabbiifii rasuula

قُلْ أَطِيعُوا اللَّهَ وَالرَّسُولَ

Rabbi dhagayaa, karaa isaa qabadhaa, waan inni itti isin ajaje dalagaa, waan inni irraa isin dhowwerraa dhoowwamaa, takkaayuu fagaadhaa, je'iiin.

\*Yoo karaa Rabbiitifii rasuula isaa qabatuu didan, isaan kuffaaraa qixaaxamu uuf taa'an

فَإِنْ تَوَلَّوْا

**32}** \*Rabbiin nama isatti kafare hin jaalatuu, duuba namni Rabbiin jibbe, nama ibidda haqa godhate, Rabbiin nagaya irraa nu haa baasuu.

فَإِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْكٰفِرِينَ ﴿٣٢﴾

\*Rabbiin aadam} uumee maraxate, kan abbaa namaa isa godhe.

﴿٣٣﴾ إِنَّ اللَّهَ اصْطَفَىٰ آدَمَ

\*Akkasuma ergamaa isaa kan {nuuhg} je'amu maraxate, kan abbaa namaa kan lammeysa'aa isa godhe,

وَنُوحًا

\*akkasuma, ergamaa, isaa {ibraahimmifii} aalii isaa {ishgaaqafii ismaakgiil} maraxate, yookaa filatee abbootii anbiyootaa isaan godhe, kan akka nabi muhammad,

وَأٰلِ اِبْرٰهِيْمَ

\*Akkasuma {aaliimraan} maraxate, kan {nabi muusa'aafii, haaruunii, iisaa} isaaniirraa godhe,

وَأٰلِ عِمْرٰنَ

33} \*Rabbiin jara dubbanne kana waan

عَلَى الْعَالَمِينَ ﴿٣٣﴾

uume hundarraa isaan caalchisee jira, takkaa jara dubbanne kana warra zamanaa isaanii jiru hundarraa isaan caalchise. Waan nama biraatii hin kenning isaanii kennu'uun.

\*Rabbiin jara dubbanne san nama gaarii

ذُرِّيَّةَ بَعْضِهَا مِنْ بَعْضٍ ۗ

nama gaari'irraa maraxate, ilmaan gaarii, waan gaarii, haala gaarii, abbootii isaanirraa dhaala'aa dhufan maraxatee, ergamoota isaa isaan godhee, nama biraa hundarraa caalchise,

\*Rabbiin kan waan gabroottan isaa je'udhagayu,

وَاللَّهُ سَمِيعٌ ۗ

34} \*Kan waan isaan dalagan beekhu, kan nama maraxatuu haqa godhatuufii kaan addaan beekhu.

عَلِيمٌ ﴿٣٤﴾

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad haala jaarti

إِذْ قَالَتِ امْرَأَتُ عِمْرَانَ

imraan tan {hannaa}je'aniin odeysi, qissaa, {odu duroo}, isi'ii dubadhu, yookaa waan jaartin imraan dur jette, ummata keetii odeessi, wanni isiin jette

\*Yaa Rabbi waanan gara'aa qabu, siif qodhe, qodhaa, qulqulluu, akka Rabbi ibaaddu malee, masjidida {beytulmaqdis} haqee, khaddamuu malee, waan biraa hin dalayne

رَبِّ إِنِّي نَذَرْتُ لَكَ مَا فِي بَطْنِي مُحَرَّرًا

\*Yaa Rabbi qodhaa tiyya narraa qeebali, yookaa narraa jaaladhu,

فَتَقَبَّلَ مِنِّي ۗ

35} \*Ati kan khadhaa namaa dhagayee, yaada namaa beekhu, wanni isiin khadhate ilma dhiiraa dhaluu.

إِنَّكَ أَنْتَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿٣٥﴾

\*Duuba {hannaa}jaartin imraan hoggaa dhala deessu qalbiin capxee,

فَلَمَّا وَضَعَتْهَا

\*Wanni isiin jette, yaa Rabbi dhalaadhan dhale,

قَالَتْ رَبِّ إِنِّي وَضَعْتُهَا أُنْثَىٰ

\*Rabbiin waan isiin dhalte ni beekhaa,

وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا وَضَعْتَ

\*Yaa Rabbi dhiirti an si khadhadhe dhaluu

وَلَيْسَ الذَّكَرُ كَالْأُنْثَىٰ ۗ

khajeele, akka dhalaan arga dheeti miti jette, maalif, wanni masjidida haa tooyatu'uuf qodhan dhiira malee dhala'aa miti, dhalaan saalaa, akka argetti dhiiratti makhamuun ni jabaata, akkasuma dhalaan baati'irraa dhiiga aadaadhaati argaa, masjidida keessa hoggaa san taa'uu hin dandayu,

\*Duuba waanin dhale san intala dhale san , maqaa isi'ii {maryamin} baasee, yookkaa moggaasee,

وَإِنِّي سَمَّيْتُهَا مَرْيَمَ

36} \*An isi'iifii ilmaan isi'illee sheyxaanarraa tiysi je`eetin sitti maganfadha jetti, {rajiim} jechuun darbamaa jechu` wanni isiin

وَإِنِّي أُعِيدُهَا بِلِقَاءِ رَبِّهَا مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ

٣٦

intala isi'iitifii ilmaan isi'idhaa sheyxaanarraa naa eegi jettee khadhatteef ,ilmoo dhalattu hunda hoggaa dhalattu sheyxaanni ni dhawaa, tanaaf jetteeti joollen hoggaa dhalattu iyyitee boochi, duuba rabbiin maryamiifii ilmaan isi'ii sheyxaanarraa tiyse.

\*Duuba, Rabbiin, haadha, maryam an ma-

فَنَقَلَهَا رَبُّهَا بِقَبُولِ حَسَنٍ

alumaafan ,ilma ,qodhaa,Rabbii ,tayu ,dhaluu oole jettee, rakkaterraan intala isi'ii maryam akka gaari'itti irraa qeebalee irraa jaalate,san dura dhalaa masjidida haa tooyatu'uuf qodhuun kara'aa miti ,wanni waan kanaaf qodhan ilmuma qofa,duuba Rabbiin qeebaliinsa gaarii isi'irraa qeebaluun bakka qodhaa isi'ii akka taatu ehamu',wanni odeeffame haati maryam hoggaa dhaltu, intala isi'ii {maryam} hucu'uun marteeti masjidida geessitee,qaallota masjidida {beytulmaqdis} eegun intalti tun qodhaa masjidida qeebalaa jetteen, isaan gaafa san nama diiddamii shanii, duuba eenyutu isii guddisaa keessatti wal doggoman, maalif isiin intala sheekha isaaniti, jara san keessa nabi zakariyya'aatu jiraa, wanni isaanin je'e; an obboleetti haadha isi'iitin if jalaa qabaa anaatu guddisa je'een, haa tayuu ormi kuun hixaadhan malee dinnaan hixaa buufatan, wanni je'an; hundi keenya bishaan laga ordonitti qalama darbinaa, namni qalamni isaa bishaan lixee eegasii gubba'atti baye isaatu maryam guddisaa je'an ,duuba qalama darbannaan,qalamni hundi kan zakariyya'aa malee bishaan keessatti hafee, ammoo kan zakariyya'aa eega lixee bishaan gubba'atti bayee, akkasitti nabi zakariyyaan guddisiinsa isiidhaa argate,

\*Akkanatti Rabbii haadha maryam hannaadharraa intala isi'ii qeebalee guddina gaarii isii guddisee,mayra gaarii isii magarsee,

وَأَنْبَتَهَا نَبَاتًا حَسَنًا

\*Akka zakariyyaan if biratti fuudhe guddisu

وَكَفَّلَهَا زَكَرِيَّا

godhe,{maryam} jechuun:tan Rabbi ibaaddu jechu', ammoo {zakariyyaa} jechuun; kan hoggaa hunda zikrii godhu jechu',duuba nabi zakariyyaan, masjidida beytulmaqdis keessatti kutaa ,yookaa girdoo maryamii jaaree, achitti kophaa isi'ii ibaadaa Rabbii gooti, kan nabi zakariyyaa malee nam tokkolleen ittin seenne,

\*Nabi zakariyyaan hogguma mihgraaba , bakka maryam teessu seenu mara,

كَلَّمَا دَخَلَ عَلَيْهَا زَكَرِيَّا الْمِحْرَابَ

\*Rizqii jannataati maryam biratti arga

وَجَدَ عِنْدَهَا رِزْقًا

midhaan jannataati isii biratti arga ,asheeta bunaati,ganna isii biratti arga ,akk-  
asuma asheeta gannaati bona isii biratti arga, waan biyya hin jirre , duuba  
hoggaa san nabi zakariyyaa ajaa'iba godhee,

\*Yaa maryam eessaayi midhaan. midhaan  
addunyaadhaa hin fakkaanne,kana waytii  
midhaan akka isaa hin argamne sii dhufu,  
kana argattaa je'een, maryam takkaa harma  
hin hoone,

قَالَ يَمْرُومُ أَنِّي لَأَبُ هَذَا

\*Jennaanin inni Rabbii biraa naa dhufaa  
jetteen,

قَالَتْ هُوَ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

37} \*Rabbiin ,nama,fedheef ,waan fedhu

إِنَّ اللَّهَ يَرْزُقُ مَنْ يَشَاءُ بِغَيْرِ حِسَابٍ ۝٣٧

kennaa Lakkoyaan male'etti jette ,akka je'anitti maryam isii daa'imaati tan  
waytii ilmoon dubbattu hin gayin dubbatte je'an. Aayatoota dabarte keessatti  
wannin dubadhe qissaa maryami, haadha nabi iisa'aa, akka isiin itti dhalattee,  
guddate ammoo amma karaa gabaaba'an yoon isinii irra deebi'ee dubbadhe  
akkana ;haati maryam isi'ii dulloomte, yaa Rabbi ilmoo naa kenni jettee kha-  
dhannaan Rabbiin kenneefii ulfooyan gammaddee waan ilma dhaltu if seetee,  
waan garaa isi'ii jiru, akka Rabbi ibaaddu malee waan biraa hin dalayne Ra-  
bbiif qodhaa goote,akka masjidada tottooyatee khaddamu, namni masjidada kha-  
damu dhiira, duuba hoggaa dhalaa dhaltu rifatteeti, yaa Rabbi dhalaadhan  
dhalee, maqaa isi'ii maryamin baasee, bakka qodhaa dhiiraa narraa qeebalii  
isi'iifii ilmaan isi'illee sheyxaanarraa tiysi jettee khadhatte, duuba Rabbiin irraa  
qeebalee, guddina gaarii isii guddisee, ormi beytul maqdis eegu,diiddamii sha-  
nan, yookaa torban ,isii guddisu'utti wal doggomee isaan keessaa nabi zakariy-  
yaan hixaa isii guddisu'uu argatee, Rabbiin akka isii guddisu isa godhe, inni  
nabiyyicha zamana saniitii, ammallee indooyee yookaa haboo maryam if jalaa  
qabaa, duuba masjidada keessatti girdoo yookaa kutaa jaarefii achitti, kan nam  
tokko, nabi zakariyyaa malee ittin seenne, ibaada Rabbii gooti, duuba nabi  
zaka-riyyaan hoggaa masjidada seenu hunda nyaata akka biratti gaari'ii kan inni  
hin fidiniif biratti arga, asheeta jannaati bona biratti arga, hoggaa san nabi za-  
kariyyaan yaa maryam eessaa nyaata kana argatta je'een, jennaan Rabbiitu naa  
kennee jetteen.

\*duuba nabi zakariyyaan hoggaa Rabbiin

هَذَا لَكَ دَعَا زَكَرِيَّا رَبَّهُ

haadha maryamiif, eega dulloomtee ilmoo kennuu argu,hoggaa Rabbiin mar-  
yamiif rizqii biyya hin jirre kennuu argu, hoggaa san takkaa bakka sanitti Ra-  
bbii ifii khadhattee,

\*Wanni je'e: yaa Rabbi ilmoo gaarii if biraa  
naa kenni,

قَالَ رَبِّ هَبْ لِي مِنْ لَدُنْكَ ذُرِّيَّةً طَيِّبَةً

38} \*Ati kan nama waa si khadhatu dhaga-

إِنَّكَ سَمِيعُ الدُّعَاءِ ﴿٣٨﴾

yuu ,kan waan inni si khadhatu kennu'uuf dandayuu,hogga feete ,akka feetetti ,akka haadha maryamiif ilmoo kennitee, maryamii asheeta biyyan jirre ken- nite.

\*Duuba malaaykan nabi zakariyya'atti lal- labdee,

فَنَادَتْهُ الْمَلَائِكَةُ

\*Isaa masjidada keessa dhaabbatee, salaatu`- utti jiru , wanni jetteen .

وَهُوَ قَائِمٌ يُصَلِّي فِي الْمِحْرَابِ

\*Rabbiin waan ati khadhatte sii qeebalee ,ilmaan sii gammachiisa,ilma maqaan isaa { yahyaa } je`amu

أَنَّ اللَّهَ يَبْشُرُكَ بِبَيْحِي

\*Kan kalimaa Rabbi dhugo`oomsu kalim-

مُصَدِّقًا بِكَلِمَةٍ مِّنَ اللَّهِ

aan Rabbi nabi iisa'aa, Wanni inni kalimaa je'ameef,isaatu kalimaa yookaa jecha {kun كُن } yookaa {tayi} jecha'aatin argama'eefi abba'aan male'etti , duuba Rabbiin ilma nabi {iisaa} dhugo'oomsu nabi zakariyya'aa kenne

\*Ilma hayyuu kan namni hundi isa jala de- emu,

وَسَيِّدًا

\*Ilma dhala'atti hin dhiyaanne,

وَحَصُورًا

39} \*Nabiyyicha tolaa,warra tolerraa taye

وَنَبِيٍّ مِّنَ الْمُرْسَلِينَ ﴿٣٩﴾

\*Nabi zakariyyaan Rabbiin ilma akkanaatin sii kenna je'ee isa gammachiifnan, wanni je'e yaa Rabbi akkamitti ilma naa kennita?

قَالَ رَبِّ إِنِّي يَكُونُ لِي عُلْمٌ

\*An nama dulloome, bakka dhuma umri'ii gayee? amata dhibbaafii diidaman {120} jiraa,

وَقَدْ بَلَغْتَ الْكِبَرُ

\*Jaartin tiyyas, masheena amata sagalta- mii saddeeti {98} geessee je'ee ,akkaattaa ilma argatu baruu barbaade,

وَأَمْرًا تِي عَاقِرٌ

\*Jennaan Rabbiin akka je'een ;siiffii jaartii teetirraayin, akkasumatti ilma isinii kenna je'een,

قَالَ كَذَلِكَ

40} \*Rabbiin,waan, fedhe dalagaa wanni

اللَّهُ يَفْعَلُ مَا يَشَاءُ ﴿٤٠﴾

isa dhoowwu hin jiru,wannummaan Rabbiin nabi zakariyyaa, waytii namni ilmoon dhalle ilmo'oo isa hawwisiisee ,akka isa khadhatu godheefuu ilmoo isaa kennee dandeytii ifii mul'isu'uuf.

\*Duuba nabi zakariyyaan, Rabbiin jaartuma

قَالَ رَبِّ اجْعَلْ لِي آيَةً

isarraa ilmoo isaa kennuu hubannaan, waan inni isaa kennu dafee arguudhaa jecha yaa Rabbi alaamaa yookaa asxaa jaartin tiyya ilma naa ulfaayu'uu naa godhi je'een

\*Jennaanin,Rabbiin akki je'een milikkanni kan kee, guyyaa Sadii ,nama ,dubisuu, da-dhabuu ,yoo, harkaan ,yookaa ijaan akheekhuu taate malee,

قَالَ آيَاتُكَ أَلا تُكَلِّمُ النَّاسَ ثَلَاثَةَ أَيَّامٍ إِلا رَمَزًا

41} ammoo maqaa rabbii keetitiin ,zakkari ,zikrii ,heddommeeysi, ganamaafii, galgala , yookaa zekkari , waan isaan hin mallerraa

وَأَذْكُرُ رَبِّكَ كَثِيرًا وَسَبِّحُ بِالْعِشِيِّ

وَإِلَّا بَكْرٍ (٤١)

isa qulqulleysi , {ashiyyi} jechuun; waan waaree boodati jechu', {ibkaar} jechuun; bariisa'arraa hanga waare'etti jechu', makgnaan kanaa guyyaa sadeen kana, ganamaa galgala, halkanii guyyaa salaatii, Rabbi faarsii zakkarii, galata isaa galchi jechu'.

\*Waan malaaykan,yookaa jibriil maryamiin je'e dubbadhu,

وَإِذْ قَالَتِ الْمَلَائِكَةُ يَا مَرْيَمُ

\*Wanni malaaykan maryamiin jette yaa maryam Rabbiin akka haadha gabricha isaa {iisaadhaa} taatu si maraxee, si filate,

إِنَّ اللَّهَ اصْطَفَاكِ

\*Ammas, waan, dhala'atti,dhufuufii,dhiirti si tuqu'urraa si qulqulleysee,

وَطَهَّرَكِ

42} Haadha ,nabi, {iisaadhaa si godhuudhan ,ammallee akka masjidada khaddamtu si qee-baluudh an,dhalaa hundarraa si caalchise, yookaa dhalaa zamana keetii hun darra si caalchise.

وَاصْطَفَاكِ عَلَى نِسَاءِ الْعَالَمِينَ (٤٢)

\*Yaa maryam Rabbii akkatti si qananiisee si guddisee gad je'ii, ibaadii, galata isaa galchi, 43} Rukuu'afii ,sujuuda godhii, warra sala-atun wajji salaati

يَا مَرْيَمُ اقْنُتِي لِرَبِّكِ

وَأَسْجُدِي وَارْكَعِي مَعَ الرَّاكِعِينَ (٤٣)

\*Wanni maryamiifii,nabi zakariyya'arraa sii odeessine sun,

ذَلِكَ

\*Oduu durirraayi tan sirraa fago'oo, tan ati hin dhaqqabin,

مِنَ أَنْبَاءِ الْغَيْبِ

\*Tan karaa wahiyiidhatiin si beysifnu tan malaaykaa sitti erginee akka isiin argamtetti sii himnu ,yaa ergamaa kiyya muhammad,

تُوجِيهِ إِلَيْكَ

\*gaafa isaan eenyutu maryam, guddisaa ,ba-  
ruudhaf, qalama bishaanitti darbatan, nama  
hixaan isaa bayu laalu'uuf,gaafas isaanin  
wajji hin jirtu,

وَمَا كُنْتَ لَدَيْهِمْ إِذْ يَقُولُ أَقْلَمَهُمْ أَيُّهُمْ  
يَكْفُلُ مَرْيَمَ

44} \* akkasuma, gaafa isaan eenyutu ma-

وَمَا كُنْتَ لَدَيْهِمْ إِذْ يَخْتَصِمُونَ ﴿٤٤﴾

ryan guddisaa keessatti wal dhaban, kan namuu anaatu guddisa je'u ,kan hixaa  
buufatu'urratti walii galan, gaafa san isaanin wajji hin jirtu, waan kana hundaa  
wanni beytin malaaykaa sitti erginee sii himu'uun akka isiin argamtetti beyte,  
{yakhtasgimuun} jechuun; wal dhaban jechu', {ladayhim} jechuun ; isaan bira  
jechu'.

\*Waan malaaykan maryamiin jette du-  
bbadhu,

إِذْ قَالَتِ الْمَلَأِكَةُ يَمْرِيْمُ

\*Wanni malaaykan, yookaa jibriil marymiin

إِنَّ اللَّهَ يُبَشِّرُكَ بِكَلِمَةٍ مِنْهُ

je'e itti hime;Rabbiin kalimaadhan si gammachiisa,{kalimaa} jechuun; ilma  
jechu', wanni kalimaa isaan je'aniif, isaatu kalimaa yookaa jecha Rabbii {kun

{jecha'aa abba'aa male'etti argame'eef, akkana jechuun, ilma Rabbiin

argami isaan je'uudhan abbaadhan male'etti argamuun si gammachiisa jechu'u,

\*Ilma ,maqaan, isaa, {iisaa} dhaa Kan, ammo  
,maqaan ,jaalalaa , {masiihg}, je'amu, {mas-  
iihg} jechuun kan barakaa qabu jechu', ta-  
kkaa amna heddommaatu,

أَسْمَهُ الْمَسِيْحِ عِيسَى ابْنِ مَرْيَمَ

\*Ilma addunya'arratti guddina argatu er-

وَجِيهًا فِي الدُّنْيَا

gamaa Rabbii tayu'uufii, mukgjizaa gurguddoo Rabbirraa argatu'uun, argatu,  
ergamaa Rabbii tayu'uufii, mukgjizaa gurguddoo Rabbirraa argatu'uun,

\*Kan guyyaa boruutis guddina Rabbi biraa  
argatu, bakka gaarii jannata keessaa isaa ke-  
nnu'uun akkasuma shafaa'aa nama fuudhu-  
'uun, takkaa nama shafa'uudhan,

وَالْآخِرَةِ

45} \*Kan warra Rabbiin ifitti dhiyeeserraa  
tokko taye

وَمِنَ الْمُقَرَّبِينَ ﴿٤٥﴾

\*Ilma xiqqeenyatti nama dubbisu odoo wa-  
ytii joollen dubbattu hin gayin,

وَيُكَلِّمُ النَّاسَ فِي الْمَهْدِ

\*Kan eega guddateeyis nama dubbisu ak-

وَكَهْلًا

kana jechuun; kan xiqqeenyatti ,akkuma isaa gudda'aati nama dubbisu ,kan  
dubbiin isaa haala xiqqeenyatiifii haala guddinatillee akkuma tokkoo jechu',

46} \*kan, warra,rabbiin tolcherraa taye ,

وَمِنَ الصَّالِحِينَ ﴿٤٦﴾

ilma haalli isaa akkanaati Rabbiin sii kennu'uu taa'a,jetteeti malaaykan maryam gammachiifte,akka san dura nabi zakariyyaa Rabbiin ilma halli isaa akkanaafii akkanaati sii kenna jattee gammachiiftetti.

\*Duuba hoggaa malaaykaan maryam ilma-an gammachiiftu, maryam akki jette; yaa Rabbi akkamittin ilma argadha?,

\*dhiirti ,nan ,tuyn'ee ,karaa,fuu dhathiifii karaa biralle'een jette,

\*Jennaan ,Rabbiin ,akki,je'een akkasumatti abba'aan male'etti ilma argatu'uu teessaa je'een,

\*Rabbiin waan fedhe, akka fedhetti uumaa,

\*Rabbiin yoo waa uumuu fedhe,

\*Wanni waan saniin je'u;

\*Tayi, yookaa argamii je'aanii,

47} \*Duuba wanni sun ni argamti , taati

takkaayuu ni akkuma Rabbiin fedhetti wanni maryam akkamittan abbaa malee ilmoo argadha jettee ajaa'iba gootee gaafatteef,yoo isi'iitii ilmoon bishaan haadhaa abbaadhaa malee,waan birarraa ,yookaa akka biratti hin uumamtu jechu', haa tayuu dubbiin akkasii miti, maalif Rabbiin haadhaa abbaa malee nama uumuu dandaya,akka nabi aadam, haadhaa abbaa malee uume ,akkasuma Rabbiin haadha malee ilmoo uuma,akka hawwaa aadam qofarraa uumetti, akkasuma ilmoo haadha qofarraa uuma , akka nabi iisaa haadha qofarraa uume ,dubbiin iisa'aa waan aadaa akkaan beekkamterraa maqe malee, waan akkaataa Rabbiin waa itti uumurraa maqee miti.

\*Rabbiin maryamiin akki je'e Rabbiin ilma sii kennu san kitaaba barsiisa ,takkaayuu waa katabuu barsiisa,

\*Hikmallee hikmaa barsiisa ,{ hikmaa } jechuun beekkomsa faaydaa qabu jechu`

\*Kitaaba nabi muusa'aa towraatis isa barsiisa,

48} \*Kitaaba injiil je'amu isarratti buusee barsiisa.

قَالَتْ رَبِّ أَنَّى يَكُونُ لِي وَلَدٌ

وَلَمْ يَمَسِّنِي بَشَرٌ

قَالَ كَذَلِكَ

اللَّهُ يَخْلُقُ مَا يَشَاءُ

إِذَا قَضَىٰ أَمْرًا

فَأِنَّمَا يَقُولُ لَهُ

كُنْ

فَيَكُونُ ﴿٤٧﴾

وَيَعْلَمُ الْكِنَبَ

وَالْحِكْمَةَ

وَالتَّوْرَةَ

وَالْإِنْجِيلَ ﴿٤٨﴾

\*Ammallee ilma sii kenne san banii israa'iil,  
yookaa yahuuda'atti isa erga, jallinarraa isa-  
an deebisu'uu jecha,

وَرَسُولًا إِلَىٰ بَنِي إِسْرَائِيلَ

\*duuba Rabbiin nabi iisa`aa yahuuda`atti

أَنِّي قَدْ جِئْتُكُمْ بِبَيِّنَاتٍ مِّن رَّبِّكُمْ

erginaan wanni je'een; Rabbiitu isinitti na ergee akka,Rabbiin keessan na erge  
,milikkataanin isarraa isinitti dhufee na dhugo'oomsa'aa ,natti amanaa je'een,

\*milikkata ,an,ergamaa,Rabbii tayu'urraa  
tokko, biyye'erraan waan akka shinbirr-  
o'oo bordodorraa isinii tolchee , yookaa  
dhawee,

أَنِّي آخَلَقْتُ لَكُمْ مِنَ الطَّيْرِ كَهَيْئَةِ الطَّيْرِ

\*Duuba hogga'an hafuura itti afuufe,

فَأَنْفُخُ فِيهِ

\*Shinbirroo ,tayee ,barara, qudraa Rabbiitin  
, akkasitti {raarattii} bordodorraa tolchee itti  
afuufee bararsiise, fedhii Rabbiitin isaanii  
laalee argu,

فَيَكُونُ طَيْرًا بِإِذْنِ اللَّهِ

\*Akkasuma nama ija malee dhalaten  
fayyisa

وَأُزَيِّتُ الْأَكْمَامَ

\*nama,dhukkuba,qaama ,na mama adde-

وَالْأَنْبِرَ صَاحِبًا

essu qabus,nan fayyisa,kan zamana san warri qoricha baaku wal'aanuu da-  
dhabe,duuba guyyaa tokko keessa nama dhukkuba kana qabu,kum shantam  
fayyise, du'aa'iidhan, sharxii Rabbitti amanu'uudhatiin,

\*Ammas milikkata an ergamaa , Rabbii

وَأُحْيِي الْمَوْتَىٰ بِإِذْنِ اللَّهِ

,tayu'urraa ,nama ,du'en ,fedhii ,Rabbiitin ,jiraachisa, duuba ka'eeti isaan irra  
barbaannan nama hedduu ,jiraachise ,kan akka{aazar} ilma dullatti'ii, intala  
{aashuur}kan eega isaan jiraachisee turanii ilmaan huranii du'an, akkasuma  
{saam} ilma {nuuhg} jiraachisee, haa tayuu hoggasuma du'e ,

\*ammas ,waan, nyaattanii, gara'aa qabdan  
isinittin odeessa,kanin hin argin,kan nam to-  
kko nattin odeessin Rabbi malee,

وَأُنَبِّئُكُمْ بِمَا تَأْكُلُونَ

\*Ammas waan hin nyaatin kan manattin ol

وَمَا تَدْخُرُونَ فِي بُيُوتِكُمْ

kaayattanis isinittin odeessa ,kanin hin argin, kan nam tokkolleen nattin ode-  
essin,duuba namuu waan inni nyaatefii,waan inni nyaatu'uu ol kaayate itti  
himuu ture,abalu ati waan kana nyaattee dhufte, waan kana nyaatu'uu teessa  
je'ee,

\*Waan dubbanne san keessa,

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ

\*milikkataatu ,isiniif ,jira ,akkan an nama  
Rabbiin erge taye,

لَايَةً لَّكُمْ

49} \*Yoo kan dhugo'oomsitan taatan.

إِنْ كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿٤٩﴾

\*Ammas nabi iisan wanni yahuuda`aan je`e, anaa waan Rabbiin na dura buuse towraat dhugo'oomsun isinitti dhufe,

وَمُصَدِّقًا لِّمَا بَيْنَ يَدَيْهِ مِنَ التَّوْرَةِ

\*Ammas wanni Rabbiin na ergeef,akkan

وَلِأَجْلِ لَكُمْ بَعْضَ الَّذِي حُرِّمَ عَلَيْكُمْ

waan garii kan towraat keessatti irraa dhoowwamtan isinii geessisu'uufi, wanni yahuudan towraat keessatti irraa dhoomte, moora, qurxummi' foon gaalaa nyaatu', guyyaa sabti'ii dalagu', duuba nabi iisan dhufnaan, waan dubbanne kana halaal isaanif godhe,

وَجِئْتُكُمْ بِآيَاتٍ مِنْ رَبِّكُمْ

\*Ammas akki je'een; Rabbii keessa nirraan mukgijzaadhan isinitti dhufee tan akkan an ergamaa isaa taye isin beysiftuu,

فَاتَّقُوا اللَّهَ وَأَطِيعُوا

50} \*Rabbi sodaadhaa itti amanaa , waa nan an isiniin je'u dhagayaa, waanin isinin je'utti ,dalagaa,wannin an itti isin yaamu ,rabbi tokkichatti amanuudhaa, tokkummaa Rabbii yaadaa.

\*rabbiin yookaa waaqni, Rabbii kiyyaafii keessanille'ee ,Rabbiin wahayyuun nu qananiisee,

إِنَّ اللَّهَ رَبُّكُمْ

\*Isaa gad je'aa, waan inni itti isin ajaju dhagayaa,

فَاعْبُدُوهُ

51} \* Wannin an itti isin yaamu kun karaa qajeelaa jannatatti nama geessuu beekaa je'een,duuba yahuudan waan nabi iisaan itti yaamu dhagayuu diddeeti isa kijibsiifti.

هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ ﴿٥١﴾

\*Nabi iisan hogгаа yahuudan iisa kijibsiiftee inuma isa ajjeessu'uu muratuu isi'ii hubatu, takkaayuu beeku,

﴿ فَلَمَّا أَحْسَسَ عِيسَى مِنْهُمْ الْكُفْرَ

\*asaabota, isaatin,eenyu , namni na gargaaree ,yookaa naa tumsee,karaa Rabbii wajji yaanu je'e,nama isatti amane, kan qalbi'iin isaan wajji jiruufii,kaan addaan baru'uu jecha

قَالَ مَنْ أَنْصَارِي إِلَى اللَّهِ

\*jennaan, hawaariyoonni { ashaabonni nabi iisa'aa} warri dura dursoo itti amane ,akki je'e ;nuutu sii tumsee si wajji dhaabbata,

قَالَ الْخَوَارِجُ نَحْنُ أَنْصَارُ اللَّهِ

\*Nuutu ,rabbii ,tokkichatti , amannee,

ءَامِنًا بِاللَّهِ

52} \*Yaa nabi iisaa akka nuti islaama taane ragaa nuu bayii je'aniin.

وَأَشْهَدُ بِأَنَّا مُسْلِمُونَ ﴿٥٢﴾

\*Ammas akki je'an : yaa Rabbii keenya nuti waan ati buufte,injiilitti amannee,

رَبَّنَا ءَامِنًا بِمَا أَنْزَلْتَ

\* Nabi iisaa jala deemnee,

وَاتَّبَعْنَا الرَّسُولَ

53} \*Warra tokkummaa kee ragaa bayee rasuula kee dhugo'oomserraa nu godhi, yookaa ,nu,katabi, je'an ,{hgawaariyuun} jechuun ;asaabota nabi iisa'aati jechu'.

فَأَكْتُمِبْنَا مَعَ الشَّاهِدِينَ ﴿٥٣﴾

\*Duuba ormi yahuuda'aa nabi iisaa ajjeesu'uuf makrii godhan,yookaa mala dhawan,

وَمَكْرُوا

\*Rabbiin mala hamaa isaan nabi iisaa ajjeesu'uu lafa kaayatan duraa balleesuudhaf if qabee jira,

وَمَكَرَ اللَّهُ

54} \*Rabbiin mala,mala warri waan hamtuu

وَاللَّهُ خَيْرٌ الْمَكْرِينَ ﴿٥٤﴾

dalagu'uu deemu baase hundarraa caalu beeka,mala mala isaanitiin balleessu beeka ,Rabbiin tanaaf mala yahuuda'aa harkaa balleyse, maalif yahuudan nama nabi iisaa ajjeesu gootee, mana inni jirutti erginaan, namichi sun nabi iisaa ajjeesu'uu mana san itti seenee, duuba nabi iisaa mana sanii dhabnaan, mana sanii baye,hoggaa inni bayu Rabbiin namicha san nabi iisaa fakkeessee, duuba ormi yahuudi'ii kan mana nabi iisan keessa jiru saniin marsee dhaabbatu, hoggaa namichi isaanitti gad bayu kan nabi iisuma fakkaatu ,nabi iisaa je'anii dhawanii ajjeesan ,ammoo nabi iisaa malaaykan sammoo namaa cabsitee mana sanii baaftte, samii geessitee,ajjeechaa yahuudi'ii jala isa baaftte, akkannatti malli Rabbii mala namarraa jaba'aa Rabbiin nu garsiisa.

Rabbiin keenya nabi iisaa abbaa malee haadha qofarraa uume,akkuma nabi aadam haadhaa abbaa malee uume,duuba Rabbiin nabi iisaa orma yahuuda'aa qajeelchi je'eeti erge, mukgijzaa inni ergamaa isaa tayuu beysiftu isaa kennee ,haa dhugo'oomsanii qajeelan jecha'aaf,haa tayuu yahuudan itti amanuu didde, inumaa ilma abbaan qabne jettee isaafii haadha isallee arrabsite, hoggaa san nabi iisan Rabbi khadhatee isaan abaare, duuba Rabbiin nama {330} yahuuda'arraa kharkaroo godhe,sanumaan wajji yahuudan hin qajeellee, maayyii keessa,wanni irratti walii galte nabi {iisaa} ajjeesuudha,tanaaf jecha jara isaa ajjeesu itti godhanii manatti marsanii isaan keessaa nama mana nabi iisan jiru san seenee, ajjeesu godhanii itti argan ,tana jiduu Rabbiin malaaykaa ergee, malaaykan sammoo mana saniitin nabi {iisaa} fuutee samii baaftte, duuba Rabbiin hamtuu yahuudan nabi iisa'aaf yaadde isaanumatti deebisu'uu jecha

,namicha nabi iisaa ajjeesu'uuf mana san seene, nabi iisaa fakkeessee, yah-  
uudan hoggaa namichi sun nabi iisaa dhabee manaa gad bayu nabi iisaa sey-  
anii, namicha san ajjeesan, namichuma ifii ergan, odoo an iisa'aa miti je'ee  
iyyuu ajjeesanii fannisan, akkanatti Rabbiin iisaa gabrichi isaa, ajjeechaa yah-  
uudi'ii jalaa baase ,akkanatti Rabbiin makrii yahuuda'aa harkatti balleesse.

\*yaa ergamaa kiyya muhammmad waan  
Rabbiin nabi iisa'aan je'e dubbadhu, wanni  
inni je'een,

إِذْ قَالَ اللَّهُ يٰعِيسَىٰ

\*Yaa iisaa an si fuudhetan yahuudaa jidetan

إِنِّي مُؤَقِّبُكَ

yahuudaa jidduudhaa si baasa, yookaa haqa kee sii kenna ,takkaayuu siifan  
guuta gaafan an guyyaa akkanaati duuta je'ee mure duuta malee yahuudan si  
ajjeesuu hin dandeessu jechu',

\*Yahuudaa jiddu'uun, gara sami'ii ol fu-  
udha , sumaa jiru

وَرَأْفَعُكَ إِلَىٰ

\*Makrii yahuuda'arraayin si xahaarsa ormi

وَمُطَهِّرُكَ مِنَ الَّذِينَ كَفَرُوا

yahuuda'aa dhiiga kee gad naqu'urraan si qulqulleysa, isaan jiddu'uu si fuudh-  
atan samii si baasee, malaaykaa keessa si geessee , hammeenya yahuudi'irraa  
si fageessa,

\*Warra sitti amanee, ati gabricha Rabbi ta-  
yuu dhugo'oomse,

وَجَاعِلُ الَّذِينَ اتَّبَعُوكَ

\*Warra sitti kafare, kan yahuuda'aatii olan  
isaan godha,

فَوْقَ الَّذِينَ كَفَرُوا إِلَىٰ

\*hanga ,guyyaa, qiyaama'atti ,humnaafii  
,malalle'een,

يَوْمَ الْقِيَامَةِ

\*Eegasii hundi keessan, eega duutanii, gama  
kiyya deebitanii,

ثُمَّ إِلَىٰ مَرْجِعِكُمْ

\*Duuba isin jiddu'uttin firdii godha,

فَأَحْكُمُ بَيْنَكُمْ

55} \*Waan irratti wal dhabdan , yookaa wal  
moromtan hunda keessatti, anaatu dubbii  
teessan mura, anaatu nama isinirraa haqar-  
ratti deemufii kaan addaan baasa , anaatu  
kaafiraafii mu'mina addaan fooya.

فِيمَا كُنْتُمْ فِيهِ تَخْلِفُونَ ﴿٥٥﴾

\*Duuba warra Rabbitti kafareefii warra erg-  
amoota moro me, qixaaxa hamaa, jabaadhan  
qixaaxa,

فَأَمَّا الَّذِينَ كَفَرُوا فَأَعَذِّبُهُمُ عَذَابًا شَدِيدًا

\*Addunya'aafii aakhira'attin isaan qixaaxa

فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ

addunya'arratti nama isaan ajjeesu ,kan isaan boojiyu, kan gibira isaan ken-  
nisiisu , isaan irratti moosisu'uun, ammoo aakhira'atti ibidda azaabaa isaan

seensisu'uun,

56} \*Nama ,isaanii ,dirmatu ,kan qixaaxa jala isaan baasu hin qaban.

﴿٥٦﴾ وَمَالَهُمْ مِّن تَنْصِرِينَ

\*Ammoo ,warra ,Rabbitti amanee, ergamoto ,isaa, mara dhugo`oomse .

وَأَمَّا الَّذِينَ ءَامَنُوا

\*Kan waan gaarii dalage waan addunya`aa aakhira`atti namaa tolu dalage .

وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

\*Rabbiin,galata,dalagaan,isaanii qabdu isaanii kenna,

فَيُوفِيهِمْ أَجْرَهُمْ

57} \*rabbiin warra waa balleessu hin jaalatu ,makgnaan kana isa qixaaxa jechu'.

﴿٥٧﴾ وَاللَّهُ لَا يُحِبُّ الظَّالِمِينَ

\*Waan dubbannee dabarsine kan qissaa yookaa odu duroo, nabi iisa'atti rarraatu, tan haadha isaa, tan nabi zakariyya'aafii ilma isaa yahgya'aa oduu san mara, yookaa waan san cufa,

ذَلِكَ

\*Nuutu malaaykaa sitti ergee sii odeessa takkaayuu si qaraasifna,waan sirra fagoodhaa kan karaa kanaan male'etti beekhuu hin dandeenye,

نَتَلَّوْهُ عَلَيْكَ

\*wanni sii odeessine sun mu'jizaa akka ati ergamaa kiyya taate ragaa sii taatu

مِنَ الْآيَاتِ

58} \*ammallee, anni ,si, barsiifnu qur`aana

﴿٥٨﴾ وَالذِّكْرُ الْحَكِيمِ

ana hikmaa qabu {wazzhikri} jechuun; qur'aana beekkomsa faayda'aa qabu kan waan hin beyne nama barsiisu ,kan , waan ,irraanfatan ,nama ,yaadachiisu jechu'.

Akka yaada islaamaa kan Rabbiin qur'aana keessatti, nabi iisa'arraa nuu odessetti: nabi {iisaa} Rabbiin abbaa malee haadharraa uume, eegasii yahuudaa qajeelchi je'ee ergee,yahuudan itti amanuu diddee, ajjeesu'uu marsitee mana inni keessa jiru sanitti nama erganii ajjeesi je'aniin, jennaan nama haa ajjeessu'uu itti ergan san Rabbiin nabi iisaa fakkeessee, duuba yahuudan saahiba isaanii kan nabi {iisaa} Rabbiin itti fakkeesse san ajjeessanii fannisan ,ammoo Rabbiin nabi {iisaa} isaan harkaa baasee,samii malaaykaa keessa geesse. Duuba nabi {iisan} hanga qiyaaman dhiyaattutti malaayka'aan wajji samii lammeysa'aa keessa taa'a, ammoo gaafa qiyaaman dhiyaatte sami'ii bu'eeeti kufrii balleessee karaa islaamatiin nama hunda ajaja,duuba eega amata yookaa bara torba taa'ee du'ee madiina'atti nabi muhammad maddi'itti qabrii ashaab umarritti aanfamee awwaalama. akka yaada islaamatti nabi iisan nama, kan Rabbiin akkuma waan biraa uumetti uume,nabi {iisan} gabricha Rabbiiti akkuma wanni

biraa hundi gabroota Rabbii taate, nabi {iisan} ergamaa Rabbiiti ,kan akkuma anbiyoonni yookaa ergamoonni biraa ergametti ergame,nabi {iisaa} yahuudan hin ajjeefnee,samiidha jiraa. bu'uudhaf jiraata, ammoo yahuudan wanni yaa-ddu iisan abbaa malee dhalatee diqaala'a je'anii inuma ajjeessu'uu itti ka'anii , inuma ajjeefnee fannifnee yaadan.

Ammoo nasaaran yookaa ormi kiristaanaa kan eega nabi iisan dabree argaman irra hedduun isaanii wanni isaan yaadan: nabi iisan abbaa malee dhalatee, Rabbi, yookaa ilma Rabbiitii,yahuudan Rabbii keenya nurra ajjeeftee ,arraafte je'aniiti,muka yahuudan , namicha Rabbiin iisaa fakkeesse ajjeeftee irra-tti rarraafte kabajanii guddisan, duuba isaanii akkasitti jiru Rabbiin nabi muhammad ergee waan haqaa kan nabi iisa'atti rarra'u qur'aanan addeesse, duuba hoggaa san ormi kiristaanaa yookaa nasaara'aa dubbii qur'aanaa fudhatuu didanii qissiisota isaanii nabi muhammaditti erganii, wanni nabi muhammad gaafatan: ati iisaadharraa waa dubbattaa, mee yaada kee, kan iisaadha-rraa qabdu nuu himi, jennaan nabi muhammad akki je'een; iisan gabricha Rabbii kan Rabbiin dandeytii isaatin maryamirraa abbaa malee uume je'een , jennaan qissiisonni akki je'anii, nabi muhammadiin moroman: iisan eega abbaa malee dhalate, inni Rabbi malee waa namaa mitii je'an, duuba Rabbiin isaanirratti deebisu'uu jecha aayata as deemtu tana nabi muhammadirratti buusee akki je'e:

\*haalli, iisaadhaa ,Rabbi, biratti uuminsa keessatti akka haala aadami kan biyye`e-rraa isa uumee .

إِنَّمَا مِثْلَ عِيسَىٰ عِنْدَ اللَّهِ كَمَا مِثْلَ آدَمَ خَلَقَهُ مِنْ

تُرَابٍ

59} \*kan,eegasii,nama,tayi jennaanin nama

ثُمَّ قَالَ لَهُ كُنْ فَيَكُونُ ﴿٥٩﴾

Taye ,duuba akkuma aadamiin,haadhaa abbaa ,malee ,dhalate, yookaa , uumame ,rabbi hin je'amne, iisan Rabbi hin je'amne, maalif ? silaa odoo abbaa malee dhalatuun ,Rabbi nama gootee,nama haadhaa abbaa malee uumameetu Rabbi taya, mee namni bakkee dhiiyni bayuun ,ollaa fincaanifii udaanitiin, akka namuu beekhutti dhalate, kan nyaatee dhugu, akkamiin Rabi taya?.

□

60} \*Waan dubbii iisa'aa keessatti ,hayn` yo-

الْحَقُّ مِنْ رَبِّكَ فَلَا تَكُنْ مِنَ الْمُمْتَرِينَ ﴿٦٠﴾

okaa, dhugaan waan Rabbiin siif odeessee, shakkii hin qabaatin, yookaa warra moromurraa hin tayin ,makgnaan kanaa ; qissaan yookaa dubbiin iisaadhaa waan nasaara'aafii yahuudan odeessituu mitii waan Rabbiin qur'aana keessatti isinii dubbatee orma yahuuda'aatifii orma kiristaanaa dubbii {iisa'aa} keessatti hin dhugo'oomsinaa jechu'.

\*duuba ,nama ,dubbii, nabi, iisa'aa keessatti siin morome,

فَمَنْ حَاجَّكَ فِيهِ

\*eeguma ,rabbiin,dubbii ,iisaa'aa, tan haqaa  
si beysisee,

\*Akki isaanin je'ttu

\*Eega,waan ,abbiin, odeesse, qeebaluu did-  
danii ,koottaa wal abaarraa akka Rabbiin  
nama haqarratti hin jirre balleysu

\*Akkaatan itti wal abaarru, ilmaan keenya  
nuti Yaammannee, isinis ilmaan keessan ya-  
mmattanii beera keenya yaammannee, isinis  
beera keessan yaammattanii nuufii isin wa-  
liin bakka takka baanee ,hundi keenya wa-  
litti qabamnee

\*Duuba Rabbi khadhane,

61} \*Abaarsa, la'nata, Rabbii nama kijib urr-  
atti buufna, yaa Rabbi nu lamaanirraa nama  
dubbii {iisa'aa} keessatti kijibu balleessi je-  
nnee, wal abaarraa koottaa je'iin.

\*yaa, ergamaa ,kiyya muhammed wannin sii  
odeesse kun dubbii haqaa tan shakkii hin  
qabnee beeki,

\*Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin  
jiru, { iisan} Rabbii mitii, wanni biraa Rabbii  
miti,

62} \*rabbiin isa, wanni isa Injifatu hin jirre,  
kan waan malu malee hin dalayne.

\*ormi kiristaanaa yoo waan qur'aanni je'u  
qeebaluu didanii, ammallee kakatuu didan,

63} \*rabbiin warra karaa badi'irra jiru ni be-  
ekhaa, isaan qixaaxu'uu taa'aa itti dhiisi

\*Wanni warra kitaaba qabu kitaaba towra-  
atifii injiil ,isaan yahuuda'aafii nasaara'aa,  
un jettu yaa warra

\*Koottaa waan nuufii isiniif wal qixaa ,kan

nu lamaanuu wal qixxeessu qabannaa, waan towraat itti isin yaamu, kan injiil  
itti isin yaamu, kan qur'aanni itti nu yaamu, kan Rabbiin isaa je'ee, ergamoota  
isaa hunda erge qabannaa koottaa ji'iin, akka nam tokkolleen diinaa Rabbii  
keessatti wal hin dhabne, wanni nuufii isiniif wal qixaa sun waa sadiyi, sun;

مِنْ بَعْدِ مَا جَاءَكَ مِنَ الْعِلْمِ

فَقُلْ

تَعَالَوْا

نَدْعُ أَبْنَاءَنَا وَأَبْنَاءَكُمْ وَنِسَاءَنَا وَنِسَاءَكُمْ  
وَأَنْفُسَنَا وَأَنْفُسَكُمْ

ثُمَّ نَبْتَهِلْ

فَنَجْعَلَ لَعْنَتَ اللَّهِ عَلَى الْكَاذِبِينَ ﴿٦١﴾

إِنَّ هَذَا لَهُوَ الْقَصَصُ الْحَقُّ

وَمَا مِنْ إِلَهٍ إِلَّا اللَّهُ

وَإِنَّ اللَّهَ لَهُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿٦٢﴾

فَإِنْ تَوَلَّوْا

فَإِنَّ اللَّهَ عَلَيْهِمُ بِالْمُفْسِدِينَ ﴿٦٣﴾

قُلْ يٰٓأَهْلَ الْكِتَابِ

تَعَالَوْا إِلَى كَلِمَةٍ سَوَاءٍ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ

\*Rabbi tokkicha malee, waan biraa ibaadduu dhabu',

أَلَا نَسْبُدُّ لِلَّهِ

\*Ammas rabbitti waa qindee ssuu dhabuu, tokkummaa isaa yaadu',

وَلَا نُشْرِكُ بِهِ شَيْئًا

\*ammas,Rabbii nu uume dhiifnee, nama

وَلَا يَتَّخِذُ بَعْضُنَا بَعْضًا أَرْبَابًا مِنْ دُونِ اللَّهِ

akka keenyaa , kan Rabbiin akka nu uumetti isa uume, Rabbi jennee qabatuu dhabu',akka Rabbi sodaatanitti sodaatu'uun, akka Rabbi kajeelanitti khajee-lu'uun, karaa Rabbii dhiifnee, karaa namaa qabatu'uun ,waan Rabbiin halaal godhe haraam godhu'uun,waan inni haraam godhe halaal godhu'uun ,karaa namaa qabatuu dhabu', yaada kanaatu wal nu qixxeessa,duuba yahuuda'aafii nasaaran yoo waan sadeen kana dhagayanii yahuudan gabricha Rabbii kan {uzeyri}je'amuun,ilma Rabbiiti jettee qabatuu dhiifte, nasaaranis gabricha Ra-bbii nabi {iisaadhan} Ra-bbi yookaa ilma Rabbiiti je'uu dhiifte, ammas yahu-uda'aafii nasaaran qissiisota isaanii warra towraatiffii injiilirraa aayata nabi muhammaditti amanaa isaanin jettu haqe yookaa dhoyses jala deemuu dhiisan, gaafana isaan qajeelan,

\*Ammoo ,yoo ,waan,ati,itti yaamtu, kana, qeebaluu, didan,yoo,tokkummaa , Rabbii, eeham uu didan,wanni isaanin jettan

فَإِنْ تَوَلَّوْا

64} \*Akka,nuti,warra,islaamaa kan karaa to-

فَقُولُوا أَشْهَدُوا بِأَنَّا مُسْلِمُونَ ﴿٦٤﴾

kkummaa Rabbii qabate taane ragaa tayaa je'aan ,duuba yahuuda'aafii nasa-aran karaa jallinarraa deebi'uu didanii ,abbaan anbiyootaa nabi ibraahiim diiaa keenya,kana,qabatuu turee je'an,yahuudan {uzeyri} ilma Rabbiiti jettu, nabi ibraahiim diinaa keenya qabatuu ture jette, nasaaran {iisan} Rabbi yookaa ilma Rabbiiti jettu ,nabi ibraahiim diinaa kenya qabatuu ture jetti, takkaa nuutu diinaa ibraahimirratti jira je'an, duuba Rabbiin waan isaan je'an harkatti ball-eessu'uu jecha akki je'e.

\*Yaa warra kitaabaa {yahuuda'aafii nasa-araa} ,

يَتَأْهَلُ الْكِتَابِ

\*Dubbi, nabi ,ibraahiim ,keessa tti maa namaan moromtan,inni yahuuda'a, yookaa nasaara'a jettanii, maa namaan falmtan

لِمَ تَحَاجُّونَ فِي أَنْزَالِهِمْ

\*Towraatin ,yahuudaa ,fideeffii ,injiilin nasa-araa fidi Eega nabi ibraahiim dabree waytii dheertuu booda malee hin buufamnee ,akk-amiin inni yahuudi'i yookaa nasaaraadha jettan,

وَمَا أَنْزَلْنَا التَّوْرَةَ وَالْإِنْجِيلَ إِلَّا مِنْ بَعْدِهِ

65} Si aylii hin qabdani? akka wanni isin

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿٦٥﴾

jettan ,mataa namaa hin seenne hin beytanii? mee akkamitti nabi ibraahiimin

odoo yahuudan hin argamin, barri kum tokko irra dabre, yahuudaa taye? mee akkamiin nabi ibraahiimin odoo nasaaran hin argamin , amanni yookaa barri kum lama irra dabre nasaaraa taye?.

\*Isin, yaa,orma, ahuuda'aati fii nasaara'aa

هَاتَانِمَّ هَتَوْلَاءِ

\*Waan ,beekkomsa ,itti qabdan keessatti

حَجَجْتُمْ فِيمَا لَكُمْ بِهِ عِلْمٌ

namaan falamtan, wanni nabi muusa'aafii, nabi iisa'atti rarra'u,waan kitaaba keenya keessa jiru jettaniiti namatti falamtan, yookaa moromtan ,duuba yoo kan diinaa muusa'aatifii iisa'arratti jirra jettanii kan namatti falamuun isiniif gayu taate,

\*maalif, waan,beekkomsa ittin qabne keess-

فَلِمَ تَحَاجُّونَ فِيمَا لَيْسَ لَكُمْ بِهِ عِلْمٌ

atti namaan moromtan, maalif nabi ibraahiimii kitaaba Keessan keessatti dubbii isaa hin dubbatamin, kan anbiyoonni waan nabi ibraahiim irratti ture isinittin odeessin, inni yahuuda', inni nasaara' jettanii namatti falamtan hin falaminaa jechu',

\*Waan nabi ibraahiim taye Rabbiitu beekha

وَاللَّهُ يَعْلَمُ

66} \*Isin yaa yahuudota, waan abi, ibraahiim taye,hin beytaniidubbii rabbii dhagayaa, Rabbiin akki je'e.

وَأَنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ ﴿٦٦﴾

\*Ibraahiim yahuudi'ii miti, ammallee nasara'aa miti, kan akka yahuuda'aafii nasaara'atti,waan Rabbi hin tayiniin, Rabbi je'uu miti,

مَا كَانَ إِبْرَاهِيمُ يَهُودِيًّا وَلَا نَصْرَانِيًّا

\*Haa tayuu inni nama karaa

وَلَكِنْ كَانَ حَنِيفًا

\*Inni, jallaa ,hunda, hiisee, ar`a diinaa qajee-la'aa ,kan tokkummaa Rabbii yaadu'uu qabate ,kan Rabbii je'ee lubbuu ifii kenne, kan waan Rabbi itti ajaje hunda dalage,

مُسْلِمًا

67} \*nabi ,braahiim , arra , Rabbitti ,waa,

وَمَا كَانَ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿٦٧﴾

qindeessurraa ,hin,taane, akka yahuudan {uzeyri} ilma Rabbiiti jettee nasaaran {iisan} Rabbi jettee, waan Rabbi uume,Rabbitti fakkeessitetti, yookaa qindeessitetti.nabi ibraahiim nama tokkummaa Rabbii isaa yaadu, kan,Rabbii isaa waan isaan hin malle hundarraa qulqulleessu.

\*Warra,karaa nabi ibraahiim qabte kan isatti aanuu irra haqa godhatu,

إِنَّ أَوْلَى النَّاسِ بِإِبْرَاهِيمَ

\*warra ,zamanaa ,isaa ,isatti ,amane, isa jala deeme,

لَّذِينَ اتَّبَعُوهُ

\*ammas ,warri, karaa,nabi, ibraahiim hima-  
tuu haqa godhatu,nabi muhammadiifii warra  
nabi muhammaditti amane isinii mitii yaa  
yahuuda'aa, nasaarota,

وَهَذَا النَّبِيُّ وَالَّذِينَ آمَنُوا

68} \*Rabbiin warra isatti amanee tokkum-  
maa isaa yaade tiyseeti gargaara.

وَاللَّهُ وَلِيُّ الْمُؤْمِنِينَ

\*warra kitaabaa yahuuda'aafii nasaara'arraa  
,warra,diinaa , kee barbaadutu ,keessanirraa  
isin jallisuu yookaa fedhuutu jira, jara isin  
kafarsiisuu yaadutu jira,

وَدَدَتْ طَافِيَةٌ مِّنْ أَهْلِ الْكِتَابِ لَوْ يُضِلُّوكُمْ

\*Warri isin jallisu yookaa isin kafarsiisuu

وَمَا يُضِلُّوكُمْ إِلَّا أَنفُسُهُمْ

suu yaadu sun,ifuma jallisa malee waa takka nama biraa hin jallisu, ifuma  
miidhan malee nama biraa hin miidhan,maalif warri islaamaa,kan Rabbiin ifaa  
islaamatiin qalbii isaanii ibsee, karaa qajeelaa agarsiise, dukkana kufri'ii kan  
yahuuda'aafii nasaaran itti isaan yaamtu san hin qeebalan, ammoo yahuuda'a-  
afii nasaaran waa lamarratti qixaaxamu'uu jiraa-tan, waan lamaanirraa:-

**Tokko :** nabi muhammadii Rabbiin towraatafii injiil keessatti dubbatee, gaafa  
inni dhufe itti amanaa je'eenitti, amanuu didanii, Rabbitti kafaru'.

**Lammeysan:** nama islaamayu'uu deemu islaamarraa dhoowwu',takkaa orna  
islaamaa kafarsiisuu yaadu',waan lamaan kanarratti gubatu'uu taa'an , akkanatti  
warri nama kafarsiisu'uu deemu ifuma malee nama biraa hin miine,

69} \*Isaantu akka balaan dalagaa isaanii

وَمَا يَشْعُرُونَ

tun, isaanitti deebitu hin beyne malee, silaa odoo beekanii dalagaa nama jall-  
isu'uu tanatti hin dhiyaatan,{waddat}jechuun ;jaalatte jechu', {xaa'ifatun}  
jechuun: tuuta jechu',{wamaa yudgilluun} jechuun; hin jallisan jechu'.

\*Yaa warra kitaabaa ,maalif qur`aana

يَا أَهْلَ الْكِتَابِ لِمَ تَكْفُرُونَ بِآيَاتِ اللَّهِ

qur'aana Rabbitti kafartan ,maalif nabi muhammad dhugo'oomsuu diddan ,  
qur'aana Rabbiin milikkata nabi muhammad ergamaa isaa tayu'uu godhe,  
ammas yaa yahuudotaafii nasaarota maalif towraatiffii injiilitti kafartan, tow-  
raatiffii injiilitti kafaruun isaanii, aayata nabi muhammaditti amanaa jettu, tan  
Rabbiin towraatiffii injiil keessatti dubbate qeebaluu, yookaa ehamuu didu',

70} \*Isin akka wannii Rabbiin itti isin yaame  
haqa qeebaluun isaa dirqi'ii taye ni beytanii  
,maalif aayata Rabbitti kafartan.

وَأَنْتُمْ تَشْهَدُونَ

\*Yaa,warra ,kitaabaa ,isaan , yahuudadhafii

يَا أَهْلَ الْكِتَابِ لِمَ تَلْسُونَهُ الْحَقَّ بِأَبْطِلِ

nasaara`aa, maalif dhugaa kijibaan dhoysitan, maalif dhugaa Rabbiin towra-atifii injiil keessatti dubbate kijiba isin towraatifii injiilitti idaatanitti makhtan ,lachuu Rabbiitu dubbate jettanii ,namatti wal fakkeessu'uuf,

\*Maalif haqa Rabbiin towraat keessatti dubbate,bifa nabi muhammad tan kitaabban keessan keessa jirtu dhoysitan,

71} \*Odoos isin akka inni haqa taye beytanuu , odoo isa dhoysuun haraamii beytanuu ,{talbisuuna} jechuun;makhtan jechu'

وَتَكْفُرُونَ بِالْحَقِّ

وَأَنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٧١﴾

\*Warra kitaabarraa tuutti takka zamana nabi muhammad islaama dura dhaabbatu'uu jecha ,ammallee nama islaamaye kafarsiisu'uu jecha, akki waliin jette,

وَقَالَتْ طَافِيَةٌ مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ

\*Waan, takkaa qur'aana wa rra amanerratti buufametti amanaa,yookaa isa dhugo'oomsaa

ءَامِنُوا بِاللَّهِ أَنْزَلَ عَلَى الَّذِينَ ءَامَنُوا

\*Jalqaba guyya'aa,takkaa ganama, akkana jechuun;ganama qur'aana ormi islaamaa itti amnetti amanuu keessan mul'isaa jechu',

وَجَهَ النَّهَارِ

\*Ammoo galgala qur'aanatti kafaraa, islaamarraa deebi'aa,

وَأَكْفُرُوا ءَاخِرَهُ

72} \*akka ormi islaamaa isinirratti laallatee

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٧٢﴾

amantiidharraa islaamarraa deebi'anii,kafaraniif jecha, maalif wanni yahuudan seetu, yoo akkana dalayne ormi islaamaa wanni je'u; yahuudan waa beytu, wanni eega islaamoytee irraa deebiteef, takkaa kafarteef, akka islaamni karaa gaarii hin tayin agartee je'anii, isaanis islaamarraa deebi'an jechu', haa tayuu wanni yahuudan seete kun,ormi islaamaa biratti waan qeebalamuu miti , maalif ormi islaamaa akka yahuudan dalagaa tanaan Rabbitti balleessite beekhanii, namni isaanirraa badii yahuudi'ii tana jala deemuu hin jiru, ammas ormi yahuuda'aa wanni je'ee wal gorse.

\*Nama diinaa keessan jala deeme malee

وَلَا تَوْمِنُوا إِلَّا لِمَنْ تَبِعَ دِينَكُمْ

kaan hin amaninaa,hoggaa waa dubbattan nama diinaa keessan qabu malee nama biraa biratti akka ormi islaamaa haqarra jiru hin mul'isinaa, nama diinaa yahuudi'ii qabu malee nama biraa hin dhugo'oomsinaa,

\*wanni orma yahuudi'ii kanaan jettu karaan qajeelan karaa Rabbiiti, sun karaa islaamati malee karaa biraati miti je'iin,

قُلْ إِنْ أَلْهَدَىٰ هَدَىٰ اللَّهُ

\*Ormi yahuuda'aa wanni je'e namni tokko-

أَنْ يُؤَفَّقَ أَحَدٌ مِّثْلَ مَا أُوَفِّقْتُمْ

Ileen waan akka isin argattanii Rabbirra ni argataa nama yahuuda'aa malee nama biratti hin himina'aa, dhuysaa, waan towraat keessa jiru, kan muhammad ergamaa Rabbii tayuu himu orma islaamatti hin odeessinaa akka iimaanni isaanii hin jabaanne, ormi kuffaarattis hin odeessinaa akka hin islaamoyne,

\*Ammas yahuudan wanni waliin jette ormi

أَوْ بِحَاجَتِكُمْ عِنْدَ رَبِّكُمْ

islaamaa guyyaa boruu Rabbi biratti nu injifataa namattin odeessinaa, makgnaan kanaa; ormi islaama guyyaa boruu yahuudan odoo kitaaba isaanii keessatti nabi muhammaditti amanuun dirqii argatuuti diddee kafarte je'aniiti, Rabbi biratti ragaa nutti bayanii ratta'amna jettanii nam tokkotti hin himinaa waliin je'an, duuba yahuudan waan nuti arganne namni biraa hin argatu ergamaa Rabbii hin tayu kitaabni irratti hin bu'u jennaan, Rabbiin nabi muhammadiin akki je'e,

\*Wanni isaanin jettu kennaan hundi harka Rabbiiti jirti,

قُلْ إِنْ أَلْفُ ضَلَّ بِإِذْنِ اللَّهِ

\*Rabbiin abbaa fedheef waan fedhe kennaa ,duuba mee eessaa fudhattaniiti waan nuti arganne namni biraa hin argatu jettan ji'in,

يُؤْتِيهِ مِنْ يَشَاءُ

73} \*rabbiin, ennaan isaa bal'oodhaa ,nama kennaa isaa haqa godhatu ni beekha

وَاللَّهُ وَاسِعٌ عَلِيمٌ ﴿٧٣﴾

\*Rabbiin abbaa fedhe, yookaa nama fedhe gabroottan isarraa maraxee waan fedhe kennaaaf

يَخْتَصُ بِرَحْمَتِهِ مَنْ يَشَاءُ

74} \*Rabbiin kan kennaan isaa guddo`ooti, tan hin dhumne, tan hin ir'anne, tanaaf jecha wanni yahuudan waan nuti arganne namni biraa hin argatu jettu kijiba.

وَاللَّهُ ذُو الْفَضْلِ الْعَظِيمِ ﴿٧٤﴾

\*Warra nasaara'aatifii yahuuda'arraa nama yoo horii guddaa bira kaayatte siif galchuutu jira, nama amanamaa tayuu isaatif jecha.

﴿ وَمِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ مَنْ إِنْ تَأْمَنَهُ بِقِنطَارٍ يُؤَدُّهُ

إِلَيْكَ

\*Ammas isaanirraa nama yoo horii xiqqaa bira kaayatte siif hin galchineetu Jira, yookaa si ganuutu jira, nama, nama ganu tayuu isaatii jecha,

وَمِنْهُمْ مَنْ إِنْ تَأْمَنَهُ بِدِينَارٍ لَا يُؤَدُّهُ إِلَّا بِكَ

\*Yoo hoggaa hunda irra dhaabbate malee

إِلَّا مَا دَمَّتْ عَلَيْهِ قَائِمًا

eega zamana hedduu si cinqee malee sii hin kennu. Zamana nabi muhammad nageenyi isaanirratti haa jiraatuu, namni tokko ziqiya uuqiyaa kum tokkoofii dhibba lama nama yahuudi'ii tokko bira kaayannaan kan waa takka irraan ballaysin kenneef, ammoo namni tokko qureyshi'irraa maallaqa diinaara je'aniin

tokkicha nama yahuudi'ii tokko bira kaayannaan, homaa na biran kaayanne je'ee, ganee dhoowate,

\*wanni ormi yahuuda'aa amaanaa galchuu diduuf yookaa nama qureyshi'ii ganuuf

\*Sababaa ormi arabaa haqa nurraan qabu jechaa yaadaniifi, waan yahuudan horii ara-

baa nyaatun ni gayaa yaaddufii takkaa araba ganuun dili'ii mitii yaadduf, yookaa akkana je'aniif jecha ,maalif yahuudan wanni jettu; nama yahuudii hin tayin Rabbiitu isa miidhuu nuuf baqqaasise,yookaa geessise jetti, duuba Rabbiin akki je'e,

\*Ormi yahuuda'aa kan nanama yahuudaa hin tayin miidhuu Rabbiitu nuuf geessise je'u ,kun waan Rabbiin hin je'in kijiba irra kaayan,

75} \*Odo beekhanuu, yahuudan nama yahuudaa hin tayin haqa isaa nyaatun dili'ii miti jennaan, Rabbiin akka je'e.

\*Nama miidhun,haqa nama nyaatun, abbaa fedhee haa tayuu,amaanaa ganuun dili'i yookaa cubbu'i, yahuudan ni kijibdi malee,

\*Namni baallama,yookaa wa'ada guute ,kan amaanaa hin balleessine, amaanaa Rabbii taatuu, kan namaa taatuu,

\*Kan Rabbii sodaatee, waan gaarii dalagee ,hamtuu hundarraa fagaate, isa namni dilii hin qabne, isaatu jaalala Rabbii argatee milkaaya,

76} \*rabbiin namaisa sodaatee, waan gaarii dalagee,waan hamtu'urraa fagaatu jaalata, dalagaa isaatin jannata seensisa.

\*Warri addunyaa hin jirre tanaa je'ee, ahdii Rabbii diigu,waan Rabbiif ballama seene guutuu dhiise, ammas warri horii addunya'aa xiqqaa kanaa je'ee kijibaan kakatee ,waan haqa isaa hin tayin nyaatu,

\*warri akkasii sun,warra aakhira'atti qananii Rabbii isarraa qooda hin qabne , isaan warra hoongaye,

\*Rabbiin guyyaa boruu isaan hin dubbisu , itti dallanuu keessa,

ذَلِكَ

بِأَنَّهُمْ قَالُوا لَيْسَ عَلَيْنَا فِي الْأُمِّينَ سَكِينٌ

وَيَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ

وَهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿٧٥﴾

بَلَىٰ

مَنْ أَوْفَىٰ بِعَهْدِهِ

وَأَتَّقَىٰ

فَإِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ الْمُتَّقِينَ ﴿٧٦﴾

إِنَّ الَّذِينَ يَشْتَرُونَ بِعَهْدِ اللَّهِ وَأَيْمَانِهِمْ ثَمَنًا قَلِيلًا

أُولَٰئِكَ لَا خَلْقَ لَهُمْ فِي الْأٰخِرَةِ

وَلَا يُكَلِّمُهُمُ اللَّهُ

\*Ammas Rabbiin guyyaa boruu laalcha rahgmataa isaan hin laalu,akkana jechuun, rahgmata isaanif hin godhu jechu',

\*Ammas dili'irraa isaan hin qulqulleysu,

77} \*Jara saniif ibidda azaabaa kan isaan

laalessuutu qophaayee jira,warri Rabbiin akkanatti,kakateef ,orma ,yahuuda'atiffii, orma,nasaara'aati, kan kitaaba isaanii keessatti, Rabbiin nabi muhammad ergamu'uu jiraatu itti amanaa je'ee irra barbaannan tole je'anii, baallama seenanii,duuba odoo itti amanu'uu eegannu, nabi muhammad akkuma kitaaba isaanii keessatti dubbatametti ergamnaa ,matummaa yahuuda'aati ,yookaa nasaara'aati dhabna'aaf baallama Rabbii diiganii, addunyaa hin jirre tana maraxatanii, nabi muhammaditti kafaran ammas Rabbiin warra addunyaa barbaadaf ,kijibaan maqaa Rabbiitin khakhatuufis, azaaba akka azaaba yahuuda'aafii nasaara'aa qopheese qopheysfii jira.

\*Yahuuda'aafii nasaara'arraa jara towraatiffii injiil hoggaa qara`u waan Rabbiin dubbate kan nabi muhammaditti rarra'u dhiisee, waan biraa kan ifii allafe qara'uutu jira,

\*Akka isin waan isaan dubbii jirjiiranii qara'an san m dubbii Rabbiin buuse seetan jecha'aaf,

\*Inni kitaaba Rabbiin buuseraayii miti,

\*Ammas waan ifii allafanii towraatiffii injiilitti ida'an san ,waan Rabbi biraa dhufe je'aniiti, yahuuda'aafii nasaara'arratti qara'an,

\*Inni waan Rabbi biraa dhufee mitii, wan kabiirota isaanii biraa dhufe,

\*Isaan waan ifii je'an Rabbi tu je'e jechuun kijiba Rabbirra kaayan,

78} \*Isaan odoo wanni isaan je'an waan Rabbiin hin je'in tayuu beekanuu, Rabbiitu je'e je'anii kijiba Rabbirraa kaayan.

\*nam,tokkorralle'ee,argamuun waan maluu miti,

\*Rabbiin kitaaba isaa kennee,

\*Beekkomsa sharii'aadhaa isaa kennee,

وَلَا يَنْظُرُ إِلَيْهِمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

وَلَا يُزَكِّيهِمْ

وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٧٧﴾

وَإِنَّ مِنْهُمْ لَفَرِيقًا يَلْوَنَ أَسْنَتَهُمْ بِالْكَذِبِ

لِيَحْسَبُوهُ مِنَ الْكِتَابِ

وَمَا هُمْ مِنَ الْكِتَابِ

وَيَقُولُونَ هُوَ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

وَمَا هُوَ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

وَيَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ الْكُذِبَ

وَهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿٧٨﴾

مَا كَانَ لِشَرِّ

أَنْ يُؤْتِيَهُ اللَّهُ الْكِتَابَ

وَالْحُكْمَ

\*Ammallee ergamaa isaa isa godhee akka gabroottan Rabbii karaa Rabbii qajeelu'uuf,

وَالنُّبُوَّةَ

\*Eegasii Rabbi dhiisa'aa na gabbaraa, gabroota naaf tayaa jechuun, waan ayliin qeebatuu miti maalif? wanni Rabbiin namatti, isaan ergee kitaaba kenneefii, beekkomsa faaydaa qabu kenneef, akka gabroottan Rabbii gara Rabbii isaanii yamu'uufii, tanaaf jecha Rabbii keessan dhiisa'aa, Rabbi na godhadhaa jechuun waan ergamoota Rabbiitin maluu mitii, akkana namaan hin je'u,

ثُمَّ يَقُولُ لِلنَّاسِ كُونُوا عِبَادًا لِي مِنْ دُونِ اللَّهِ

\*Wanni inni namaan je'u ;karaa Rabbii qabadhaa nama Rabbii taya,

وَلَكِنْ كُونُوا رَبَّيْنَ

\*Waan kitaaba Rabbii barsiiftaniif,

بِمَا كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ الْكِتَابِ

79} \*Ammallee waan kitaaba Rabbii barattaniif karaa Rabii qabadhaa namaan je'an {rabbaaniyyiin} jechuun; warra haqa Rabbii beekhu, kan waan beekhutti dalagu jechu'.

وَبِمَا كُنْتُمْ تَدْرُسُونَ ﴿٧٩﴾

\*Namni, Rabbiin, erge ,malaayka'aafii anbiyoota , Rabbi godhatu`utti isin hin ammaru, yookaa hin ajaju , akka ormi {saa'ibaa} je'amu malaaykaa Rabbi je'ee qabatetti ,akka yahuudan nama {uzeyr} je'amu ilma Rabbii jettee qabatetti, akka nasaaran {iisaa} Rabbi jettee qabatetti, akkasitti rasuulli yookaa ergamaan Rabbii, waan Rabbi uume , Rabbi godhadhaa je'ee isin hin ammaru jechu',

وَلَا يَأْمُرُكُمْ أَنْ تَتَّخِذُوا الْمَلَائِكَةَ وَالنَّبِيِّينَ أَوْلِيَاءَ

80} \*Si eega amantii Rabbitti isin yaamee ,isin islaamoytanii ,Rabbii isin uume beeytaniyi , kufri`itti isin yaamaa ? kun waan ergamaa Rabbiitin maluu miti, dalagaan ergamaa Rabbii nama qajeelchu'u malee, nama jallisu'uu miti, Wanni Rabbiin aayata tana buusef ,ormi nasaara'aa nabi {iisa'aatitu} Rabbi na godhaa nuun je'e je'aniin ,akkasuma gariin orma islaamaa nabi muhammadirraa barbaannan ,Rabbiin aayata dabarsine buusee, waan isaan je'an harkatti balleyse.

أَيُّكُمْ يَأْكُفِرْ بَعْدَ إِذْ أَنْتُمْ مُسْلِمُونَ ﴿٨٠﴾

Makgnaan kanaa: namni Rabbiin ergee kitaaba irratti buusee, beekkomsa qajeelaa kenneef Rabbi dhiisa'aa, naan Rabbi je'aa namaan hin je'u, sun waan aylii seenuu miti, wanni inni namaan je'u karaa Rabbii isin uumee qabadhaa ,beekkomsa kitaaba qaraatanii, qaraasiftanii argatanitti dalagaa, namaan je'a, tanaaf jecha wanni orma kiristaanaa nabi iisan waaqa naan je'aa nuun je'e, je'u kijiba.

\*Gaafa Rabbiin baallama anbi yootarraa fuudhe dubbadhu, wanni je'een;

وَإِذْ أَخَذَ اللَّهُ مِيثَاقَ النَّبِيِّينَ

\*Waanin kitaabafii, hikmaa isinii kenneef,

لَمَّا آتَيْتُكُمْ مِنْ كِتَابِي وَحِكْمَةٍ

\*Duuba yoo ergamaan kiyya, kan kitaabannan isinii kenne dhugo'oomsu isinitti dhufe

ثُمَّ جَاءَكُمْ رَسُولٌ مُصَدِّقٌ لِمَا مَعَكُمْ

, yoo dhaqqabdan,

\*Itti amantanii dhugo'oomsitanii beekhaa,

لَتُؤْمِنَنَّ بِهِ

\*Ammallee isaaf tumsitanii beekhaa je'een,  
ergamaan sun nabi muhammadi,

وَلَتَنْصُرَنَّهُ

\*Rabbiin anbiyootan akki je'e,

قَالَ

\*Ehamtanii?,

ءَأَقْرَرْتُمْ

\*Baallaman isin seensise kana qeebaltanii?

وَأَخَذْتُمْ عَلَىٰ ذٰلِكُمْ إِصْرِي

\*Ehamnee qeeballee je'an,

قَالُوا أَقْرَرْنَا

81} \*Duuba Rabbiin akki anbiyootan je'e

قَالَ فَاشْهَدُوا وَأَنَا مَعَكُمْ مِنَ الشَّاهِدِينَ ﴿٨١﴾

; akka qee baltan ragaa walitti bayaa anis warra akka isin qeebaltan ragaa bay-urraayii, Rabbiin anbiyoota ergu hunda hoggaa ergu, nabiyyicha maqaan isaa muhammad, yookaa ahmad, je'amuutu dhufaa, yoo dhaqqabdi itti amani, ummata keetille'eef akka itti amanana dhaami, tanaaf jecha ergamoonni Rabbii hundi kan akka nabi muusa'aa, nabi iisa'aa ummata isaanii, akka nabi muhammaditti amanana baallama seensisan.

\*Nama baallama kana Diige yookaa irraa gara gale ,nabiyyicha itti amanu'uu baallama seenetti amanuu dhabee,

فَمَنْ تَوَلَّىٰ بَعْدَ ذٰلِكَ

82} \*Jarri sun faasiqoota, warra karaa Rabbi-

فَأُولَٰئِكَ هُمُ الْفٰسِقُونَ ﴿٨٢﴾

rraa baye yahuudan, akkasuma nasaaran, eega Rabbiin anbiyoota isaanii kitaaba isaanirratti buuse keessatti, akka nabi muhammaditti amanana baallama seensisee, duuba anbiyoonni isaanitis akka yoo nabi muhammad ergame itti amanana baallama irraa fuudhanii, eeguma qeebalanii, nabi muhammad ergamnaan itti amanuu didanii, karaa Rabbiitifii karaa anbiyoota isaanirraa bayan.

\*Ormi kuffaaraa sun, diinaa Rabbii dhiisaaniiti , diinaa biraa barbaadanii?

أَفَغَيْرَ دِينِ اللَّهِ يَبْغُونَ

\*Kan isaa je'ee namni sami'ii dachii, keessa jiru , malaayka'aafii namaa, jinniin , islaam-ayee isaaf gad je'u,

وَلَهُ ۥٓ أَسْلَمَ ۖ مَن فِي السَّمٰوٰتِ وَالْاَرْضِ

\*Tolaa, dirqi'iin , tolaan Rabbiif gad je`uun

طَوَعًا وَكَرْهًا

un, waan Rabbiin uume laalanii itti amanu' ammoo dirqi'iin isaa gad je'uun hoggaa inni waan islaamatti nama dirqu namatti fide amanu', akka hoggaa warana argan islaamayu'uu akka hoggaa balaa argan amanu'uu , akka firkgawna baharri itti jiynaan amanetti, kan duraan amanuu dide, akka yahuudan Rabbiin

gaara buqqisee irra jiyisu'uu kaanan amantetti, kan duraan amanuu didde za-  
mana nabi muusa'aa,

**83}**\*Wanni dachi'ii samii keessa jiru hundi  
du`aan gara Rabbii deebi'u'uu teessi ,duuba  
mee akkamiin orma kuffaaraa diinaa isaa  
dhiisanii, diinaa biraa qabatan

وَإِلَيْهِ يُرْجَعُونَ ﴿٨٣﴾

\*Yahuuda'aafii, nasaaran ,yoo kan Rabbitti  
amanuu didan taate, wanni isaanin jettu,

\*Nuti Rabbitti amanne,

قُلْ

ءَاْمَنَّا بِاللّٰهِ

\*Waan Rabbiin nurratti buuse ,qur'aan-  
atti amanne,

وَمَا اَنْزَلَ عَلَيْنَا

\*Waan nabi ibraahiimirratti buufamettis  
amanne,

وَمَا اَنْزَلَ عَلٰى اِبْرٰهِيْمَ

\*Waan nabi ismaakgiiliifii ishgaaqirratti  
buufamettis amanne,

وَاسْمٰعِيْلَ وَاِسْحٰقَ

\*Waan nabi yakgquubifii ilma isaa kanneen  
{asbaax} je'amurratti buufamettis amanne,

وَيَعْقُوْبَ وَالْاَسْبٰطَ

\*Wanni nabi muusa'aafii nabi iisa'aaf ken-  
name ,waan isaanirrattis buufametti amanne

وَمَا اَوْقٰى مُوسٰى وَعِيسٰى

\*Waan anbiyoonni biraa hundi Rabbii isaa-  
nirraa argatanitti amanne,

وَالنَّبِيّٰوْنَ مِنْ رَبِّهِمْ

\*Anbiyoota Rabbii tokkoo isaanii kaanin

لَا نَفْرَقُ بَيْنَ اَحَدٍ مِنْهُمْ

addan baafnuu ,hunda isaanii itti amanna,garii isaanitti amannee dhugo'oom-  
sinee kaanitti kafarree kijibsiifnee adda isaan hin baafnu,akka yahuuda'aafii  
nasaaran garii anbiyootaa,kan akka nabi muusa'aatifii iisa'atti amananii,garii  
isaanii kan akka nabi muhammaditti kafaranii , anbiyoota Rabbii adda baasa-  
nitti, nuti ormi islaamaa addaan isaan hin baafnu, hundi isaanii ergamoota  
Rabbiitii, gabroottan isaatii, karaa qajeelaa tokkummaa Rabbii yaadu'utti nama  
yaamu'uu ergaman jechaa yaanna, je'iin,

**84}**\*Nutu Rabbi tokkicha gabbarra, isaaf  
gad jenna, isa malee waan biraatin Rabbi  
hin jennu, islaama jechuun akkana

وَنَحْنُ لَهُ مُسْلِمُونَ ﴿٨٤﴾

\*Namni diinaa islaamaa dhiisee diinaa biraa  
barbaadu ,namni eega nabi muhammad erg-  
amee diinaa islaamaa dhiisee diinaa biraa  
qabatu,

وَمَنْ يَبْتَغِ غَيْرَ الْاِسْلَامِ دِيْنًا

\*Irraa hin qeebalamu ,Rabbiin irraa hin  
jaalatu

فَلَنْ يَقْبَلَ مِنْهُ

85} \*Namni diinaa islaamaa dhiisee diinaa

وَهُوَ فِي الْآخِرَةِ مِنَ الْخَيْرِينَ ﴿٨٥﴾

biraa qabtu diinaa kiristaanaa tayuu,kan yahuuda'aa tayuu,inni guyyaa boruu warra khasaaraa zalaalami'ii khasaaramerraayi,waan ibiddi zalaalami'ii isa eeggatuuf.

\*Akkamitti Rabbiin warra eega amanee ka-fare, karaa jannataa qajeelcha?,

كَيْفَ يَهْدِي اللَّهُ قَوْمًا كَفَرُوا بَعْدَ إِيمَانِهِمْ

\*Kan eega rasuulli Rabbii haqaa beekhan kafaran,

وَشَهِدُوا أَنَّ الرَّسُولَ حَقٌّ

\*Kan wanni akka nabi Muhammad ergamaa Rabbii taye ragaa isaanif tayu ,isaanif dhufe,odoo arganuu kafaran ,akkamitti Rabbiin isaan qajeelcha? hin qajeelchu jechu',

وَجَاءَهُمُ الْبَيِّنَاتُ

86} \*Rabbiin warra eega islaamayee kafaree

وَاللَّهُ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الظَّالِمِينَ ﴿٨٦﴾

if miidhe karaa gaarii hin qajeelchu, waan isaan beekka'aa jallina marxataniif jecha, yookaa makgnaan isaa karaa jannataa isaan hin qajeelchu jechu' yoo akkuma kafaraniin du'an.

\*Warra eega islaamayee kafaree du'e, jazaan isaanii,

أُولَئِكَ جَزَاءُهُمْ

87} \*Abaarsa Rabbiitifii, kan malaayka'aa-tifii, kan namaa hundi irratti bu'u.

أَنَّ عَلَيْهِمْ لَعْنَةَ اللَّهِ وَالْمَلَكِ وَالنَّاسِ

أَجْمَعِينَ ﴿٨٧﴾

\*Isaan ibidda keessa, yookaa abaarsa keessa zalaalamii taa'an,

خَالِدِينَ فِيهَا

\*Azaabni yookaa qixaaxni isaanirraa hin laaffifamu,

لَا يُخَفَّفُ عَنْهُمْ الْعَذَابُ

88} \*Ammallee,qaaxaroon isaa nif hin godhamtu, akka araara barbaadan.

وَلَا هُمْ يُنظَرُونَ ﴿٨٨﴾

\*Warra eega sanii odoo jiruu jallinarraa de-ebi'e yoo taate malee,

إِلَّا الَّذِينَ تَابُوا مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ

\*Kanneen waan balleessan tolchan,

وَأَصْلَحُوا

\*Rabbiin balleessaa isaanii isaanif araarama,

فَإِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ

89} \*rahgmata isaanif godha,towbaa irraa qeebalu'uun,ammallee jannata isaan seensisu'uun.

رَحِيمٌ ﴿٨٩﴾

\*Warri nabi iisa'atti kafare, sun yahuuda'aa,

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Eega nabi muusa'atti amananii,

بَعْدَ إِيمَانِهِمْ

\*Ammas nabi muhammaditti kafaru'uun kufrii ida'atan,

ثُمَّ أَزْدَادُوا كُفْرًا

\*Jara san towban isaanii irraa hin qeebala-

لَنْ نُقْبَلَ تَوْبَتَهُمْ

mtu, maalif ? jarri akkanaa kun gaafni isaan amanana gaafa lubbuun keessaa bayu'uu kaatee azaaba Rabbii argan, gaafas iimaanafii tawballeen hin naffaatu, akkuma Rabbii aayata biraa keessatti {falam yaku yanfakguhum iimaanuhum lammaa ra'aw ba'sanaa} je'e,

90} \*Jarri sun warra jallate, jallina zalaalami'ii kan azaaba zalaalami'ii isaan dhaalchisu.

وَأُولَئِكَ هُمُ الضَّالُّونَ ﴿٩٠﴾

\*Warri Rabbitti kafare,

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Kan kufrumma'arratti du'an, warri kafare

وَمَا تَوْأَمَهُمْ كُفَّارٌ

kan odoo nabi muhammadittin amanin du'e,

\*Odo horii kenninee azaaba Rabbii jalaa if baafna je'anii irraa hin qeebalamu odoo ziqiya waan dachii guutu kennanii if bituu barbaadanii isaanirraa hin qeebalamu,

فَلَنْ يُقْبَلَ مِنْ أَحَدِهِمْ مِلءُ الْأَرْضِ ذَهَبًا

وَلَوْ أَقْتَدَىٰ بِهِ ۚ

\*Jarri sun warra azaabni yookaa qixaan'i isaan laalessu isaanif qopheeffame,

أُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ

91} \*Warra azaaba isaanirraa deebisu, nama isaanii dirmatu hin qaban.

وَمَا لَهُمْ مِنْ نَصِيرِينَ ﴿٩١﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane, hanga waan ifii

لَنْ نَنالُوا الرِّحْتَىٰ تَنْفِقُوا مِمَّا حُبِبُوا

jaalattan nama itti haajamuu kennitan ,sawaaba Rabbirraan argattanii beekaa, hanga waan Rabbi isinii kenne,odoo lubbuun jaalattuu irra buutanii, nama hin qabnee dabarsitanitti jannaa Rabbii akka feetanitti hin argattan,

92} \* waan ,isin , kennattan,sadaqattan, xiq-

وَمَا تُنْفِقُوا مِنْ شَيْءٍ فَإِنَّ اللَّهَ بِهِ عَلِيمٌ ﴿٩٢﴾

qaattuu guddattuu, bareedduu fukkattuu ,Rabbiin ,ni, eekaa galata isinii galachaa ,waa kennatu'urraa hin taa'inaa. Yahuudan nabi muhammadiin kharaan islaamaa kharaa nabi ibraahiimi j echa'aa, akkamitti foon gaalaa nyaattanii, aanan isaa dhuydan, shari'aa nabi ibraahiimitti wanni kun haraamii, jennaan Rabbiin yahuudaa kijibsiisee akki je'e,

\*Nyaanni hundi,wanni isin haraam jettan

كُلُّ الْأَطْعَامِ كَانَ حِلًّا لِنَبِيِّ إِسْرَائِيلَ

kun hundi nabi ibraahiim dhiisii,ilmaan israa'iilifuu,halaal tayuu ture ,israa'iil

ilma ilma nabi ibraahiimif, nyaanni cufti isaaf gayuu yookaa baqa'uu ture,  
\*waan abbaan isaanii israa'iilirraa if dhoo-

إِلَّا مَا حَرَّمَ إِسْرَائِيلُ عَلَى نَفْسِهِ

wwe malee, waan inni ifirratti haraam godhe malee israa'il maqaa nabi yakg-quub ,ilma ishgaag ilma nabi ibraahiimi, waan inni irraa if dhoowwe kan namni isa duraa hundi nyaatuu ture, foonifii, aanan gaalati ,inni waan kana akkaan jaalatu turee ,haa tayuu dhukkubsannaan, akka yoo Rabbiin isa fayyise, waan kana nyaatuu dhiisu, qodhaa seene, yookaa if qabsiise,

\*Sun odoo towraat nabi muusa`arratti hin

مِنْ قَبْلِ أَنْ تَنْزَلَ التَّوْرَةُ

bu'in dura, makgnaan kanaa; nyaanni hundi odoo towraat hin bu'in dura ilmaan israa'iilif {yakgquubif} halaal tayu ture waan abbaan isaanii israa'il yookaa yakgquub, ifirratti haraam godhe malee, ammoo eega towraat nabi muusarratti buutee, ilmaan israa'il yahuuda'arratti foonifii aanan gaalaa haraam godhame, akkuma nyaanni biraa, kan duraan isaanif halaalii isaanirratti haraam godhame. sababaa dilaayaniif jecha,

\*Mee towraat fida'aa aayata shari'aan nabi ibraahiim, foon gaalatiifii, aanan isaa harameysiti je'u nurratti qara'aa isaanin je'i.

قُلْ فَأْتُوا بِالتَّوْرَةِ فَاتْلُوهَا

93} \*Yoo wanni isin jettan dhugaa taate yookaa kan dhugaa dubbattan taatan ji'in , dduuba towraat keessaa waan je'an dhabanii afaanii qabamanii, qaanawan.

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٩٣﴾

\*Duuba namni eegasii beekha'aa kijiba Rabbiirra kaaye, kan waan Rabbiin hin je'in Rabbiitu je'e je'u ,

فَمَنْ أَفْتَرَى عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ

94} \*Isaan warra if balleessu, kan Rabbi isaanitti balleessu kan haqa dhiisee cubbuu qabatu.

فَأُولَئِكَ هُمُ الظَّالِمُونَ ﴿٩٤﴾

\*Orma yahuuda'aatin Rabbiin dhugaa du-

قُلْ صَدَقَ اللَّهُ

bbate, yookaa dhugaan waan Rabbiin dubbate je'iin, sun foon gaalatafii, aanan isaa waan nabi yakgquub ilma nabi ibraahiim haraamesse malee ,waan shari'an nabi ibraahiim haraameysitee miti,

\*Shari'aa ,nabi, ibraahiim qabadhaa ,isa jala deemaa ,karaan isaa karaa an irra jiru kanaa ,karaa nabi ibraahiim deemaa je'iin

فَاتَّبِعُوا مِلَّةَ إِبْرَاهِيمَ

\*kan karaa jallinaa hunda dhiisee ,karaa qajeelaa qabate,

حَنِيفًا

95} \*nabi, ibraahiim, warra Rabbitti waa qix-

وَمَا كَانَ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿٩٥﴾

xeeyssuu mitiinni nama tokkummaa rabbii yaadu Yahuudan qiblaa keenyatu qiblaa keessan dura kabajame jettee orma islaamatti fokkorraan, Rabbiin aay-ata as deemtu tana buusee akki je'e:

\*Manni dura dursoo Rabbiin bakka itti isa

إِنَّ أَوَّلَ بَيْتٍ وُضِعَ لِلنَّاسِ لَلَّذِي بِبَكَّةَ

ibaadan bakka itti gara galanii salaatan ,dachi'irratti namaaf godhe, mana ma-kka keessa jiru, sun kagbaadha, {bakkata} jechuun; makka jechu', kagbaan beytul maqdis dura, amata yookaa bara, afurtamatti jaaramte,

\*kagbaan bakka barakaa qabdu, bakka riz-qiin itti yaatu,

مُبَارَكًا

96} \*Bakka qajeelloo namaaf qabdu, hajji'ifii itti gara galanii salaatu'uun.

وَهَدَىٰ لِلْعَالَمِينَ ﴿١٦﴾

\*Bakka san keessa milikkata mul'ataa, ulfina , yookaa kabajaa qabuutu jira sanirraa tokko,

فِيهِ آيَاتٌ بَيِّنَاتٌ

\*dhagaan nabi ibraahiim hoggaa kagbaa jaaru irra dhaabbate, kan faanti isaa , dhagaa gurraacha tayu'uun wajji keessa seentee, hanga ammaa jirtu,

مَقَامُ بَرَكَاتٍ

\*ammas darajaa masjinni makkaa qaburraa tokko namni isa seene, magantaa argatee, namni itti gamu, yookaa cunqursu hin jiru,

وَمَنْ دَخَلَهُ كَانَ آمِنًا

\*Ammas kabajaa makka qabdurraa ,namni dandayu dhaqee hajjii godhuun waajiba, ookaa waan Rabbiin itti nama gidde, yookaa dirqe

وَلِلَّهِ عَلَى النَّاسِ حُجُّ الْبَيْتِ مَنِ اسْتَطَاعَ إِلَيْهِ

سَبِيلًا

\*Namni odo dandayuu hajjii godhuu di-dee kaafare sumaatu khasarame , yookaa bade,ifuma darare malee,Rabbin dararre,

وَمَنْ كَفَرَ

97} \*Maalif Rabbiin dureessa kan wahittin

فَإِنَّ اللَّهَ عَنِّي عَنِ الْعَالَمِينَ ﴿١٧﴾

hin haajamne, tanaaf jecha waaqni ,yookaa Rabbiin waan {kgaalamiin} je'amu , namaafii jinni'iifii malaayka'arraa ammallee ibaadaa isaanirraa dureysa.

\*Yaa warra towraatifii injiil, isaan ,yahuuda-a'afii,nasaara'aa,maalif qur'aana Rabbitti kafartan je'iin,

قُلْ يَا أَهْلَ الْكِتَابِ لِمَ تَكْفُرُونَ بِآيَاتِ اللَّهِ

98} \*Rabbiin waan isin dalaydan ni argaa , ni beekhaa isin qixaaxaa .

وَاللَّهُ شَهِيدٌ عَلَىٰ مَا تَعْمَلُونَ ﴿١٨﴾

\*Yaa ,warra ,kitaabaa ,yaa yahuuda'aafii,  
nasaarota,

قُلْ يَا أَهْلَ الْكِتَابِ

\*maalif ,karaa,Rabbirraa,nama dhowwitan ,  
maalif ,nama ,islaamayuu ,deemu ,dura  
dhaabbattan? {tasgudduun} jechuun; dhoo-  
wwitan, yookaa maysitan jechu'

لَمْ تَصُدُّوهُ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

\*nama karaan Rabbii dhugaa tayuu ,argee,  
amane ,maalif iimanarraa yaaddan

مَنْ آمَنَ

\*Karaa Rabbii namatti jalliftanii, karaan isl-  
aamaa haqaa miti jettanii kijiba namatti  
mul'iftanii,

تَبِعُوا نَهْجَ عِيسَى

\*Odo akka islaamni diinaa Rabbiin namu-

وَأَنْتُمْ شُهَدَاءُ

ufuu jaalate,diinaa qajeelaa taye beytanuu, wanni yahuuda'aafii nasaaran,nama islaamayuu deemu islaamarraa dhoowwiteen, qissiisonni isaanii ifii nabi muhammaditti amanuu didanii, ammas warra yahuuda'aatifii nasaara'aa kan nabi muhammadii,milikkata isaa, Rabbiin towraatifii injiil keessatti dubbate kan yoo inni ergame itti amanu'uu taa'anitti amanuu isaan dhoowwu',aayata nabi muhammad dubbattee itti amanaa jettu, towraatifii injiilirraa haqu'uun, garii jirjiiru'uun, garii akka malee fassaru'uun, nabi muhammadiin towraatifii injiil keessatti dubbatame, kanaa mitii,kan biraatitu, dhufu'uu taa'a je'anii, nabi muhammaditti amanuu dhoowwan, ormi qeessotaa odoo milikkata kitaabban isaanii keessa jiru nabi muhammadirratti arganuu kana dalagan,

99} \*Yaa ,warra kitaabaa, Rabbiin waan isin

وَمَا اللَّهُ بِغَفِيلٍ عَمَّا تَعْمَلُونَ ﴿٩٩﴾

dalaydan kana, kan dagatuu miti guyyaa isin qixaaxutu dhufu'uu taa'a,waan ifii kafartanii namallee jalliftanii, aayata nabi muhammad dubbattu towraatifii injiilirra jirjiirtaniif. zamana nabi muhammad dura, gosa araba lamaatu madiinaa taa'a, tan ammaa amma wal loltu, tan yahuudan madiinaa teessu, wal diddaa gosa lamaan ,{owsifii khazraj} je'aniinirraa, faaydaa guddoo qabdu, duuba islaamni dhufnaan, gosti arabaa lamaan islaamoytee, wal diddaa dhiiftee, obboleeyyan taate, duuba ormi yahuudi'ii wal tayiinsa owsifii khazraj, kanarraa hammaatee, waan dur gosa lamaan, tana jiddu'utti argame isaan yaadachiisee, walitti isaan dire , hanga gosti owsifii khazraj tun wal waraanu'uu walitti orri-tetti, haa tayuu nabi muhammad isaan jidduu seenee walitti araarsee, akkasitti ibidda yahuudan jiddu'utti qabsiifte, dhaamse, tanaaf jecha Rabbiin aayata as deemtu tana buusee akki je'e.

\*Yaa warra Rabbitti amane , yoo dubbii jara  
yahuuda'aatifii nasaara'aa dhageesan,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِن تَطِيعُوا فِرْقَانًا مِنَ الَّذِينَ

أُوتُوا الْكِتَابَ

100} \*Eega amantanii, kufri'itti isin deebisan

يُرِدُّوْكُمْ بَعْدَ اِيْمَانِكُمْ كَافِرِيْنَ ﴿١٠٠﴾

\*Mee akkamitti kafartan,

وَكَيْفَ تَكْفُرُوْنَ

\*kan,qur'aanni,Rabbii,isinirratti qara'amu,

وَاَنْتُمْ تُتْلٰى عَلَيْكُمْ آيٰتُ اللّٰهِ

\*Kan rasuulli isaa isin keessa jiru,

وَفِيْكُمْ رَسُوْلُهُٗ

\*namni Rabbitti irkatee, karaa isaa qabate,

وَمَنْ يَّعْتَصِمِ بِاللّٰهِ

101} dhugumaan karaa diriiraa qajeelee, yookaa qajeelchifamee milkaaye.

فَقَدْ هٰدٰى اِلَى صِرَاطٍ مُّسْتَقِيْمٍ ﴿١٠١﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane,

يٰٓاَيُّهَا الَّذِيْنَ ءَامَنُوْا

\*sodaa dhugaadhaa Rabbi sodaadhaa,soda

اَتَّقُوا اللّٰهَ حَقَّ تَقَاتِهِٗ

haqaa, yookaa dhuga'aa, Rabbi sodaatun waan itti nama kaaseitti nama ammare dalaganii, waan inni irraa dhoowverraa fagaatu',isa irraanfatu dhabanii ,yaadatu', waan inni kennerratti galata isaa galchu',

102} Karaa islaamarratti malee hin du`inaa, irra caa lan, waan namni addunyaa tanarratti dalagatu, iimaanarratti du'u', karaa islaamarratti du'u'.

وَلَا تَمُوْنُ اِلَّا وَاَنْتُمْ مُّسْلِمُوْنَ ﴿١٠٢﴾

\*walii gala'aa, diinaa Rabbii qabadhaa ,

وَاعْتَصِمُوْا بِحَبْلِ اللّٰهِ جَمِيْعًا

\*Addaan hin bayinaa, waan addaan isin baabaasu hin dalaginaa, eega Rabbiin karaa islaamaa isin qajeelchee tokko isin godhee,

وَلَا تَفْرُقُوْا

\*waan Rabbiin sababaa islaamatiin, isinii kenne yaadadhaa ,

وَاذْكُرُوْا نِعْمَتَ اللّٰهِ عَلَيْكُمْ

\*Kan islaama dura,gamaa gamana baatanii ,wal dhayuu turtan, kan Rabbiin sababaa islaamatiin, xilaatummaa isin jiddu'uu deemsi-see , qalbii teessan takka godhe,

اِذْ كُنْتُمْ اَعْدَاءَ فَاَلْفَ بَيْنَ قُلُوْبِكُمْ

\*duuba, sababaa islaamatiin, obboleeyyan taatan,

فَاَصْبَحْتُمْ بِنِعْمَتِهِٗ اِخْوَانًا

\*Kan sababaa kufri'iitin, boo lla ibiddaa keessa bu'uuf ,qarqara isi'irra geessanii turtan,

وَكُنْتُمْ عَلٰى شَفَا حُفْرٍ مِّنَ النَّارِ

\*duuba, sababaa, islaamatiin sababaa isin

فَاَنْقَذَكُمْ مِنْهَا

islaamayu'utin ,Rabbiin boolla ibiddarraa nagaya isin baase,namni Rabbitti kafare, qarqara boolla ibiddarraa dhaabbata, wanni boolla ibiddatti kufu'uuf

isaa hafe du'a, yoo kufrumma'aan du'e boolla sanitti dhaqe, yoommoo islaa-  
maye, boolla ibiddaa sanitti dhaqu'urra nagaya baya, kun qananii guddoo. Tan-  
aaf Rabbiin qananii tana yaadadhaa, diinaa keessan qabadhaa je'e,

**103** } \*akkasitti ,Rabbiin,aayata isaa ,yookaa كذالك يبين الله لكم آياته لعلكم تهتدون ﴿١٠٣﴾  
karaa diinaa isaa diinaa isaa isinii ibsa , akka  
qajeeltaniif { wakgtasgimuu} jechuun; qabadhaa jechu', {hgablillaahi} jechuun  
;diinaa Rabbii jechu' , {allafa} jechuun;walitti qabe, wal taasise jechu', {shafaa}  
jechuun qarqara jechu', {hgufraa} jechuun; boolla jechuu.

\*Yaa warra Rabbitti amane, isinirraa jarri  
islaama, nama barsiisu haa jiraatuu,

وَلَتَكُنَّ مِنْكُمْ أُمَّةٌ يَدْعُونَ إِلَى الْخَيْرِ

\*Kan waan gaari'itti nama gorsan,

وَيَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ

\*Kan waan hamtuu hundarraa nama dho-  
owwan,

وَيَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ

**104** } \*Jarri waan gaari'itti nama gorsee, wa-  
an hamtu'urraa nama dhoowwuu sun, warra  
milkaaye.

وَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿١٠٤﴾

\*yaa warra amane, karaa tokkumma'arratti  
wal ittisaa, wal eega akka warra isin dura  
dabree, kan addaan babaye hin tayinaa,

وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ تَفَرَّقُوا

\*Warra ,isin dura dabre,dhadhaban ,eeguma

وَأَخْتَلَفُوا مِنْ بَعْدِ مَا جَاءَهُمُ الْبَيِّنَاتُ

wanni karaa haqaa isaan agarsiikan diinaa isaanii keessatti waliftu isaanii dhu-  
ftee ,ragaa karaa haqaa arganiiyi, didanii, karaa tokkumma'aa dhiisanii, diinaa  
isaanii keessatti wal dhaban, isaan kun orma yahuuda'aatifii orma nasaara'aati  
yookaa kiristaanati,

**105** } \*Jara,saniif yahuu da`aafii,orma kirist-  
aanatiif, azaaba, yookaa qixaaxa gudda'aatu  
qophaayee taa'a.

وَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿١٠٥﴾

□

\*Guyyaa qiyaama'aa kan isa keessa fuulli  
mu'minaa ifee, fuulli kaafiraa golgolaayu  
,yookaa gurraachomuu , rifachuu keessa,

يَوْمَ تَبْيَضُّ وُجُوهٌ وَتَسْوَدُّ وُجُوهٌ

\*Duuba jarri fuulli isaanii gurraachome,  
isaan kaafiraa akki gaafa san je'aniin,

فَأَمَّا الَّذِينَ أَسْوَدَّتْ وُجُوهُهُمْ

\*Si eega amantanii kafartanii?

أَكْفَرْتُمْ بَعْدَ إِيمَانِكُمْ

\*Hayaa, azaaba dhandhamaa,

فَذُوقُوا الْعَذَابَ

**106** } waan,Rabbitti kafartaniif jecha je`aniin

بِمَا كُنْتُمْ تَكْفُرُونَ ﴿١٠٦﴾

namni kaafre hundi,eeguma Rabbitti amanee deebi'ee kafare, maalif Rabbiin

waan lubbuu taye hunda uumeti, dudda aadamirratti walitti qabee ,an Rabbii keessanii mitii ? je'ee gaafate; duuba lubbuun hundi, ee, ati Rabbii keenya jettee amante,guyyaan sun guyyaa baallamaati je'ama, akkasuma yahuuda'aafii nasaaran, warra eega islaamayee yookaa amanee kafare, waan nabi muhammad kitaaba isaanii keessatti arganii itti amananii eegasii hisdi'ii jecha inni ergamnaani itti kafaraniif.

\*Ammoo warri guyyaa qiyaama'aa yookaa guyyaa boruu fuulli isaanii ife, yookaa ad-daate, isaan orma mu'minaatii,  
\*jannata,rabbii,keessa,qubatan,

وَأَمَّا الَّذِينَ أَبْضَتُوا وُجُوهَهُمْ

فِي رَحْمَةِ اللَّهِ

107} \*Isaan Jannata san keessa zalaalamii jiraatan.

هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿١٠٧﴾

\*dubbiin dubbanne sun, tan warri hamtuu dalage hamtuu argata, warri gaarii dalage galata argata jettu sun, aayata Rabbiiti kan Rabbiin uuse,

تِلْكَ آيَاتُ اللَّهِ

\*Haqaan sirratti qaraana,

تَتْلُوهَا عَلَيْكَ بِالْحَقِّ

108} \*Rabbiin gabroottan isaa miidhuu hin

وَمَا اللَّهُ يُرِيدُ ظُلْمًا لِّلْعَالَمِينَ ﴿١٠٨﴾

fedhu, naama hamtuun dalagin qixaaxee, kan waan gaarii dalage, sawaaba duraa ir'isee, maalif namuu Rabbi biratti waanuma dalage argata.

\*Wanni dachi'ii samii keessa jiru hundi kan Rabbiiti, isaatu uumee isaatu qaba hundi gabroottan isaati,

وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمٰوٰتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

109} \*Amriin hundi gara Rabbiiti deebiti wahayyuu gara waaqati deebiti,duuba namaan gaarii dalage jannata seensisee , kan waan hamtuu dalage azaaba seensisa .

وَإِلَى اللَّهِ تُرْجَعُ الْأُمُورُ ﴿١٠٩﴾

\*Yaa ummata nabi muhammad isin irra caalaa ummataa,

كُنْتُمْ خَيْرَ أُمَّةٍ

\*Kan namaa tolu'uuf argame {isin ummata hundarraa caaltan} jechu, wannu ummata birarraa caaltaniin,

أَخْرَجَتِ لِلنَّاسِ

\*waan,gaarii,dalagu'uutti,nama gorsitan,

تَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ

\*waan ,hamtuu ,dalagu'urraa ,nama dho-owwitan,

وَتَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ

\*Rabbitti amantan,yookaa akkaan diinaa  
Rabbii jabeessitan, waan kanaan umm-ata  
biraa hundarra caaltan,

وَتُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ

\*Warri kitaabaa yahuuda'aafii nasaaran  
odoo akka isin amantanitti amananii,

وَلَوْءَآءَ أَهْلِ الْكِتَابِ

\*Silaa santu isaanif irra caala darajaa kufri`i-

لَكَانَ خَيْرًا لَهُمْ

rratti hafu'uun argatanirra ,darajaa odoo islaamayanii argataniitu irra faaydaa isaanif qaba, maalif ? darajaan odoo kufri'irratti hafanii argatan matuma'aafii, hori'i , warri waan beyne, kan kiristaanatiifii, kan yahuuda'aa isaan kabajanii horii gaarii isaanii kennu',kun waan zalaalamii hin turre ,kan du'aan dhumu, ammoo yoo islaamayan jannata zalaalami'iiti argatan,waan nabi muusa'aafii nabi iisa'atti amananii,eegasii nabi muhammaditti amananiif,sawaab harka lama argatan akkanatti yahuuda'aafii nasaaran islaamayuun faaydaa guddoo Rabbi biratti isaanif qabdi,

\*Nasaara'aafii yahuuda'arraa warra islaama-

مَنْهُمْ الْمُؤْمِنُونَ

yeetu jira, kan akka abdullaahii ibnu salaam, kabiirticha yahuudi'ii, kan akkuma nabi muhammad towraat keessatti dubbii isaa argetti, hoggaa inni ergamu agarraan, beekhee itti amane,

**110}** \*Haa tayuu irra hedduun isaan nasaara-  
'aafii yahuudi'ii faasiqoota,warra karaa Rab-  
birraa baye, kaafiroota.

وَكَثُرَ لَهُمُ الْفَاسِقُونَ ﴿١١٠﴾

\*Yaa warra islaamaa,ormi kuffaaraa isin  
dararuu, yookaa miidhuu hin dandayu, afa-  
anumaan isin arrabsuu taate malee,

لَنْ يَضُرُّكُمْ إِلَّا آذَىٰ

\*yoo isiniin lolan,dudda isinitti gatan isin  
dheeyisan,

وَإِنْ يَفْتَلُوكُمْ يُولُوكُمُ الْأَذْيَارَ

**111}** \*Abaduma isin hin injifatan, namni  
mooyatu isini,waan karaa Rabbii qabattanii  
toltu'utti nama gorsitanii hamtu'urraa nama  
dhoowwitaniif.

ثُمَّ لَا يَنْصُرُونَ ﴿١١١﴾

\*Orma yahuuda'aa kana xiqqeenya Rabbiin  
isaanirra kaaye,

ضُرِبَتْ عَلَيْهِمُ الذَّلِيلَةُ

\*Bakkuma argaman hundatti, guddina hin  
argatan,tikhallee hin argatan,

أَيْنَ مَا تُقِفُوا

\*Yoo ahdi Rabbiitifii ahdi namaatin taate

إِلَّا بِحَبْلِ مِنَ اللَّهِ وَحَبْلِ مِنَ الْنَّاسِ

malee, yoo namni ahdi Rabbi isaanii seenee tikha argatan malee, takkaayuu ahdi Rabbi qabatanii,saniin tikha argatan malee tikha hin argatan, {thuqifuu} jechuun; argaman jechu', {hgabli} jechuun; baallama , ahdi jechu',

\*Isaan dallansuu rabbiitin galatan,

وَبَاءُ وَيُغَضِبُ مِنَ اللَّهِ

\*Miskiinummaan yookaa hiyyummaan qal-

وَضُرِبَتْ عَلَيْهِمُ الْمَسْكَنَةُ

bii isaa nirra kaayamtee jirti, ormi kuffaaraa kun odoo hangamuu horii qaba-  
atanille'ee, qalbiin isaanii hori'iifii, bololuu, hin dhiiftu, gara'aan quufan, ijan  
hin quufan,

\*Wanni Rabbiin orma yahuuda'aa bakka  
hundatti xiqqeessee, bolola addunya'aa irratti  
fe'ee, akkasuma dallansuu haqa godhataniif

ذَلِكَ

\*Sababaa isaan aayata Rabbitti kafaraniifi,  
aayata Rabbii, an nabi muhammad ergamaa  
Rabbii tayuu isaanii addeessiti, tan kitaaba  
isaanii keessa jirtu,

بِأَنَّهُمْ كَانُوا يَكْفُرُونَ بِآيَاتِ اللَّهِ

\*ammallee sababaa isaan anbiyoota, Rabbii  
ajjeessaniifi,

وَيَقْتُلُونَ الْأَنْبِيَاءَ بِغَيْرِ حَقِّ

112} \*Wanni isaan kafaranii anbiyoota ajje-  
essaniif waan Rabbitti yakkanii, seera Rab-  
bii cabsanii dilaayaniifi ,haraam halaal go-  
dhatanii.

ذَلِكَ بِمَا عَصَوْا وَكَانُوا يَعْتَدُونَ ﴿١١٢﴾

\*yahuuda'aafii ,nasaaran, hundi? Isaanii ,  
akka, tokkoo ,miti, maalif

﴿لَيْسُوا سَوَاءً﴾

\*warra kitaabaa, yahuuda`aafii nasaara'arraa  
warra qajeela'aatu jira, kan akka abdullaahii  
binu salaamifii asaabota isaa,

مِنَ أَهْلِ الْكِتَابِ أُمَّةٌ قَائِمَةٌ

\*Kan halkan hunda qur'aana qara'aadhaa  
bulan,

يَتْلُونَ آيَاتِ اللَّهِ آنَاءَ اللَّيْلِ

113} \*Isaanii salaatu, yookaa sujuudu.

وَهُمْ يَسْجُدُونَ ﴿١١٣﴾

\*Isaan rabbii tokkichatti amanan,

يَوْمِنُوبٍ بِاللَّهِ

\*Guyyaa orutti ni amanan guyyaan qiyaa-  
ma'aa ni dhufaa dhugo'oomsan,

وَالْيَوْمِ الْآخِرِ

\*Isaan waan gaari'itti nama gorsanii waan

وَيَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ وَيَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ

hamtu`urraa nama ,dhoowwan ,orma yahuuda'aa yookaa nasaara'aa nabi mu-  
hammaditti amanu'utti gorsanii isatti kafaru'urraa dhoowwan,

\*Isaan dalagaa kheyri'ii itti jarjaraniiti  
dalagan

وَيُسْرِعُونَ فِي الْخَيْرَاتِ

\*Jarri, warra ,kitaabaa ,kan haalli isaanii  
akanaa sun,

وَأُولَئِكَ

114} warra ,gaarii, tola'arraayi ammoo jarri warra kitaabarraa, yahuuda'aafii nasaara'arraa , haalli isaanii akkana hin tayin, warra badaa jallaterraayi.

\*Wanni isaan kheyri'irraa dalagan, wanni warri kitaabaa kan islaamayi,waan gaari'irraa dalagu xiqqaattuu guddattuu,

\*Sawaaba isi'ii hin dhaban dalagaan isaanii duran baddu, galata isi'ii argatu'uuf jiraatan,

115} \* Rabbiin warra isa soda`aaf waan gaarii dalagee,waan hamtuu dhiisu ni beekha, galata isaanii galcha ,kan waa takka irraa hin ir'ifne.

\*Warri ,Rabbitti ,kafare qixaaxamu'uuf jiraata ,horiin isaanitiifii ilmaan isaanii azaaba Rabbii isaanirraa guyyaa boruu hin deebisu

116} \*Isaan warra ibiddaa ,kan zalaalamii keessa taa'an.

\*Haalli waan ormi kuffaaraa addunyaa tana

keessatti,ken natuu ,sadaqaan, isaan,baafatan wanni gaarin isaan dalagan aakhira'atti faaydaa dhabuu keessatti wanni fakkaattu

\*Akka qilleensa oow'i isaa jaba'aati, yookaa qabbanti akkaan jabaattu keessa jirtu , qilleensa amadaya qabu,

\*Kan midhaan warra Rabbitti kafaree if

miidhee dhawee Balleessee ,faaydaa,irraa ,dhaban ,akkasuma ,waan kuffaarri kennatu Rabbiin guyyaa qiyaama'aa duraa balleessa,

\*Rabbiin waan isaan kennatan irraa qeebaluu dhabu'uun,sawaaba waan isaan kennatanii,isaanii kennuu dhabu'uun isaan hin miinee,

117} \*Haa tayuu ,isaanumaatu if miidhe

Rabbitti kafaru'uun,dilii dalagu'uun,wanni dalagaan gaarin Rabbi biratti qeebalamtuun yoo Rabbitti amanan,yoo tokkummaa isaa dhugo'oomsanii yaadan ,ormi kuffaaraa Rabbi hin dhugo'oomsinee,namaan Rabbi je'anii ,mukaan Rabbi je'anii ,gama tokkorralle'ee sawaaba hin argatan, tanaaf jecha namni

مِنَ الصَّالِحِينَ ﴿١١٤﴾

وَمَا يَفْعَلُوا مِنْ خَيْرٍ

فَلَنْ يُكْفَرُوهُ

وَاللَّهُ عَلِيمٌ بِالْمُتَّقِينَ ﴿١١٥﴾

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا لَنْ تُغْنِيَ عَنْهُمْ أَمْوَالُهُمْ وَلَا أَوْلَادُهُمْ مِنَ اللَّهِ شَيْئًا

وَأُولَئِكَ أَصْحَابُ النَّارِ هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿١١٦﴾

مَثَلُ مَا يُنْفِقُونَ فِي هَذِهِ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

كَمَثَلِ رِيحٍ فِيهَا صِرٌّ

أَصَابَتْ حَرَّتٌ قَوْمًا ظَلَمُوا أَنْفُسَهُمْ فَأَهْلَكَتَهُ

وَمَا ظَلَمَهُمُ اللَّهُ

وَلَكِنْ أَنْفُسُهُمْ يَظْلِمُونَ ﴿١١٧﴾

nama beelaye nyaachisee ,kan daare daara baasee ,yookaa owwisee haajamu haajaa baase,sawaaba yookaa galata isaa, yoo kan Rabbii tokkichatti amane taye guyyaa boruu argata, yoo kan Rabbii tokkichatti hin amanin waanuma gaarii hunda dalage, galata isi'ii guyyaa boruu Rabbirraa hin argatu, maalif? isaatu akka malee, karaa malee dalagee, karaan dalagaan qeebalamtuun,Rabbii tokkichatti amanee ,eegasii dalagu'u, dubbii isaa dhagayu'uu jecha, namni akka kanarraa maqe ifumaaf if miidhee, Rabbiin isa hin miine.

\*Yaa warra Rabbitti amane nama isin hin tayin jaala hin godhatinaa ,waan ,gara`aa qabdan Ittin ,odeessinaa, yahuuda'aafii, nasaara'aafii, munaafiqa, jaala hin godhatinaa, garaa keessan hin agarsiisinaa,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لَا تَتَّخِذُوا بِطَانَةَ مِّنْ دُونِكُمْ

\*Isaan, isin, balleessu'urraa gad, hin taa`an

لَا يَأْتُونَكُم بِخَبَرٍ

yahuuda'aafii, kiristaanni ,ammallee munaafiqoonni, waan isin balleysuf jaat-anii godhuu hin dhiisan {bixanaa} jechuun; jaala jechu', {laa ya'luunakum} jechuun; hin hifatan jechu', {khabaalan} jechuun; badii jechu'u,

\*Isaan sin miidhuu jaalatan, yookaa miidhaa teessan argu`uuf hawwan

وَدُّوا مَا عَنِتُّمْ

\*hameenyi, isaan ,isiniif, qaban afaan isaaniirraa isinii mul'atee jira ,kan waan hamtu'un isin dubbatan,

قَدْ بَدَتِ الْبَغْضَاءُ مِنْ أَفْوَاهِهِمْ

\*hammeenya, isaan gara'aa isinii qabantu, kan afaan, isaanirraa, dhageessanirra gudda`aa

وَمَا تُخْفِي صُدُورُهُمْ أَكْبَرُ

**118}** \*Milikkata, alaamaa, hammeenya isaan

قَدْ بَيَّنَّا لَكُمُ الْآيَاتِ إِن كُنْتُمْ تَعْقِلُونَ ﴿١١٨﴾

isiniif qaban Isin agarsiifnee , isinii dubbannee, addeessine, yoo aylii qabaattan, nama isin hin tayin jaala hin godhatinaa.

\*Isin yaa warra islaamaa,

هَٰؤُلَاءِ

\*Orma yahuuda'aa kan kiristaanaa kan munaafiqa ni jaalattan, firumma'aaf, yookaa ollumma'aaf ,yookaa jaalummaa walirraa qabaatu'uuf jecha,

مُحِبُّوهُمْ

\*Ammoo ormi kuffaaraa sun isin hin jaalatu,

وَلَا يُحِبُّونَكُم

\*Ammas isin , kitaabban Rabbiin buuse hu-

وَتُؤْمِنُونَ بِالْكِتَابِ كُلِّهِ

ndatti amantan, kan akka towraatiffii injiil faa, ammoo isaan kitaaba keessanitti hin amanan, qur'aana Rabbiitu buusee hin dhugo'oomsan, akka isin towraatiffii injiil, yahuuda'aafii nasaara'aatu jirjiire malee duraan Rabbumaatu buusee

yaaddan,

\*Ormi munaafiqootaa sun hoggaa isin argan nuti islaama Rabbitti amanne je'an , isin sossobu'uu jecha,

\*hoggaa,isinirraa ,khophaa ,bayan,

\*isin jibbuu keessa,akkumaan teessan garaa isaan gubuu keessa,quba if ciniinan ,

\*Aaran du'aa je'iin,waan jaalattan nurraa

hin agartanii, makgnaan kanaa yoo aartan ni bukkaatan malee, yoo jibbatan ni duutan malee, wanni mu'mina godhuu dandeessan hin jiru jecha,

**119}** \*Rabbiin waan garaa namaa keessa jiru beekhaa, isin qixaaxa ji'iin.

\*yoo wanni gaarin isin tuyxe, waan isin gammachiisu isin argatuun, isaan rifachiifti,

\*Balaan yoo isin tuyxe,yoo wanni isin rifaachiisu isinitti argamte,

\*Ni ,gammadan ,makgnaan ka naa,ormi kuffaaraa sun xilaatummaa jabduu isiniif qabanii, irraa fagaadhaa jechu',

\*Yoo ,obsitanii ,Rabbi, sodaattanii ,kuffaara jaala godhatu'urraa fagaattan

\*Hamtuun ,isaanii ,yookaa malli hamaan isaan isin miidhu'uu mala dhawan, waa takka isin miidhuu hin dandayu, Rabbiitu isin wajji jiraa,

**120}** \*Rabbiin waan isaan dalagan hunda beekhaa hamtuu isaan isinitti yaadan jalaa isin baasee ammoo isaan qixaaxu'uu taa'a.

\*Yaa ,ergamaa , kiyya Muhammad oduu

ganama tokkoo,kan ganamaan madiina'aa kaatee,ashkara kuma tokko ,yoo-kaa dhibba sagaliifii shantama gayu fudhattee, bakka {uhgud} je'amtu dha-yxe, dubbadhu,

\*Kan akka ashkarri mu'minaa taa`ee kuffaara qureyshi'ii kan kuma sadii gayu, kan madiina'atti duulu'uu dhufaniin lolu qopheesitu ,takkaa achi {geesutu} dubbadhu,

**121}** \*Rabbiin waan isin jettan ni dhagayaa, waan isin dalaydan ni beekka.

وَإِذَا لَقُوكُمْ قَالُوا آمَنَّا

وَإِذَا حَلَوْنَا

عَضُوا عَلَيْنَا مِنَ الْغَيْظِ

قُلْ مَوْتُوا بِغَيْظِكُمْ

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ﴿١١٩﴾

إِنْ تَسَسَّكُمُ حَسَنَةٌ تَسُوهُمْ

وَإِنْ تُصِبْكُمْ سَيِّئَةٌ

يَفْرَحُوا بِهَا

وَإِنْ تَصِرُوا وَتَتَفُؤا

لَا يَضُرُّكُمْ كَيْدُهُمْ شَيْئًا

إِنَّ اللَّهَ بِمَا يَعْمَلُونَ مُحِيطٌ ﴿١٢٠﴾

وَإِذْ عَدَوْتَ مِنْ أَهْلِكَ

تُبَوِّئُ الْمُؤْمِنِينَ مَقْعَدًا لِلْقِتَالِ

وَاللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ ﴿١٢١﴾

\*kan ashkara islaamarraa tuutti lama soda-  
tee isin jalaa deebi'u'uu kaate, dubbii muna-  
afiqaa dhageessee,

\*duuba ,Rabbiin ,isaanif, dirma taa, isaan  
dhaqqabee, waan ka'anii firraa oolanii, jay-  
noomanii waliin lolatti qajeeltan,

122} \*Warri Rabbitti amane, isumatti haa  
irkatuu, isumaatu isaan gargaaraa.

\*Gaafa lola {badrii} Rabbiin isinii, tumsee,  
jiraa ,yaadadhaa dhugumaan isin gargaaree,

\*Isinii humna hin qabne ,isinii laafo'oo,

123} \*Rabbi sodaadha'aa, wanni inni isinii  
kenerratti galata isaa ga lchaa, waan Rabbi  
isinii kennerraa tokko gaafa lola badrii isinii  
tumsu'.

\*gaafa, ashkara, mu'minaatin, jettu

124} Si ,Rabbiin ,malaaykaa ,kuma ,sadii ,  
buusee ,kuffaararratti isin gargaarun isiniif  
hin gayuu jattu.

\*Kan ,dhugaa ,isiniif ,gaya, jettuun,

\*yoo ,lolarratti ,sabbartanii ,yoo kaa obsit-  
anii, Rabbi sodaattanii, waan ergamaan Ra-  
bbii isiniin je'u dhageessanii,

\*Isinii akkanatti jiru dafee kuffaari isinitti  
dhufe,

\*Rabbiin keessan malaaykaa kum shan isi-  
nii ergee isin gargaara,

125} \*malaaykaa alaamaa qabdu , duuba ak-

kasitti isaan lolarratti sabbaraan, gaafa lola badrii Rabbiin malaaykaa fardo'oon  
loltu, tan imaamata daalacha qacceen isaa duddarraan gad rarraatu uffattu  
ergeefii isaanin wajji loltee kuffaara cabsan.

\*Rabbiin, malaaykaa ,akkatti ,isinii ,erguun  
,isiniin, gammachiisu' uufi malee, waan bir-  
aatifii miti,

\*akka waan kanaan qalbiin teessan jaba-

إِذْ هَمَّتْ طَائِفَتَانِ مِنْكُمْ أَنْ تَفْشَلَا

وَاللَّهُ وَلِيُّهُمَا

وَعَلَى اللَّهِ فَلْيَتَوَكَّلِ الْمُؤْمِنُونَ ﴿١٢٢﴾

وَلَقَدْ نَصَرَكُمُ اللَّهُ بِبَدْرِ

وَأَنْتُمْ أَذِلَّةٌ

فَاتَّقُوا اللَّهَ لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿١٢٣﴾

إِذْ تَقُولُ لِلْمُؤْمِنِينَ

أَلَنْ يَكْفِيَكُمْ أَنْ يُمَدِّدَ رَبُّكُمْ بِثَلَاثَةِ آفَافٍ مِنَ

الْمَلَائِكَةِ مُزْلِينَ ﴿١٢٤﴾

بَلَىٰ

إِنْ تَصْبِرُوا وَتَتَّقُوا

وَيَأْتِيَكُم مِّن فَوْرِهِمْ هَذَا

يُمَدِّدْكُمْ رَبُّكُمْ بِخَمْسَةِ آفَافٍ مِنَ الْمَلَائِكَةِ

مُسَوِّمِينَ ﴿١٢٥﴾

وَمَا جَعَلَهُ اللَّهُ إِلَّا بُشْرَىٰ لَكُمْ

وَلِنُظْمِيقِ قُلُوبِكُمْ بِهِ

attu'uufi, akka heddommini kuffaaraa isin hin sodaachifneefi malee, malaayka'aatu injifanaa namaa argamsiisa'aafii miti, maalifi ?

\*Injifanaan Rabbirrayi, Rabbiin malaaykaa ergu'uun male'etti isin gargaaruu dandaya ,akka kuffaara injifattan isin godhuu dandaya,

126} \*Rabbiin kan waa hunda injifatu, kan waan malu malee hin dalayne.

\*Wanni Rabbiin isin gargaaref, warra , kuffaaraa ,kaan, ajjeesee, kaan boojiyu'uufi

\*Takkaa akka caban isaan godhee, isaan xiqqeessu'uufi ,

127} \*Akka waan deemaniif dhabanii hoo-

ngayaniif jecha irra isin aanse, lola uhgud keessatti, nabi muhammad dhawamee, dhiyni fuula isarra yaanan, akki je'an: ummanni fuula nabiyyicha isaanii {dhiigan} halle abaduma hin milkaayu je'an duuba Rabbiin aayata as deemu buuse akka je'e.

\*dubbii kuffaara kanaa ati harkaan qabdu ,namni dubbii isaanii harkaa qabu Rabbi tokkichaa, miidhaa isaanirratti obsi,

\*Hanga, isaan ,islaamayanii, Rabbiin ,isaanif ,araaramutti, obsi, yookaa, hanga, isaan, qixaa xutti obsi.

128} \*Sababaa isaan kafaranii, if miidhaniif

\*Wanni dachi'ii samii keessa jiru hundi waan Rabbiiti, uuma'aafii gabrumma fa'aan ,

\*Rabbiin nama fedheef araarameti, nama fedhe qixaaxa,

129} \*Rabbiin nama isatti amaneef ,araarameti ,rahgmata ,godhaaf.

\*Yaa warra Rabbitti amane

\*Ribaa, yookaa dhalaan ,horii namaa haqa

,keessanirra ,dabarsitanii hin nyaatinaa, wanni aayanni tun buutef ,karaa badaa horii namaatin nyaatanirraa nama dhoowwu'uufi, sun qarshii takka faa namaa

وَمَا لَنَا مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

أَلَمْ نَكْفُرْ بِالْحَكِيمِ (١٢٦)

لَيَقَطَعَنَّ لَكُمْ أَرْجُلَكُمْ

أَوْ يَكْتُمُهُمْ

فَيَنْقَلِبُوا خَائِبِينَ (١٢٧)

لَيْسَ لَكَ مِنَ الْأَمْرِ شَيْءٌ

أَوْ يَتُوبَ عَلَيْهِمْ أَوْ يُعَذِّبَهُمْ

فَإِنَّهُمْ ظَالِمُونَ (١٢٨)

وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

يَغْفِرُ لِمَن يَشَاءُ وَيُعَذِّبُ مَن يَشَاءُ

وَاللَّهُ غَفُورٌ رَّحِيمٌ (١٢٩)

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

لَا تَأْكُلُوا أَمْوَالَكُم مِّنْ بَيْنِكُمْ

liqeesanii hanganarra ida'ii naa galchi jechu', akkasuma liqii namarra jirtu isar-ratti wal horsiisu',hanga qarshiin yookaa wanni nama sanirra jiru takkittin wal hortee, dachaa dachaa taatutti ,wanni kuffaarri dalaguu ture, yoo liqii namarraa qabaatan,wanni nama saniin je'an gaafa waytiin galchan geesse waan lamarraa takka maraxadhu: takkaa horii amma naa galchuu,takkaa idaatee gaafa biraa naa galchuu ,akkasuma midhaan jooniyaa takka namaa kennee lama nama-rraa deeffatu', kun hundinuu haqaa malee,horii namaa nyaatuudha, waan kana hundarraa Rabbiin orma islaamaa dhoowwe,  
\*abbi, sodaadha'aa ,horii ,dhalaa nyaatuu dhiisaa,

وَاتَّقُوا اللَّهَ

**130}** \*Akka qixaaxa rabbii jalaa baatanii milkooytaniif jecha.

لَعَلَّكُمْ تَفْلِحُونَ ﴿١٣٠﴾

**131}** \*Ibidda,warra ,Rabbitti ,kafaree qoph-aaye sodaadhaa.

وَاتَّقُوا النَّارَ الَّتِي أُعِدَّتْ لِلْكَافِرِينَ ﴿١٣١﴾

\*rabiifii , rasuula ,isaa , ergamaa isaa dhagayaa waan itti yaamamtan dalagaa, waan irraa dhoowwamtan irraa fagaadhaa,

وَأَطِيعُوا اللَّهَ وَالرَّسُولَ

**132}** \*Akka rahgmata Rabbii keessanii argattan maa isaa dhagayaa,.

لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ ﴿١٣٢﴾

\*Gara araarama abbi kee ssanii ori'aa, waan gaarii dalagu'uun,

❖ وَسَارِعُوا إِلَىٰ مَغْفِرَةٍ مِّن رَّبِّكُمْ

\*Ammallee gara jannataa ori'aa, jannata bal'inni isaa bal'ina dachi'ii sami'ii gayu, odoo walitti qaxxalanii,

وَجَنَّةٍ عَرْضُهَا السَّمَاوَاتُ وَالْأَرْضُ

**133}** \*Jannanni ,sun,warra,Rabbi sodaatuf qopheefame .

أُعِدَّتْ لِلْمُتَّقِينَ ﴿١٣٣﴾

\*Warra Rabbii je'ee hoggaa mara horii ifii

الَّذِينَ يُنْفِقُونَ فِي السَّرَّاءِ وَالضَّرَّاءِ

kennee,nama haajame gargaaru , waytii laaftu'uufii, waytii jabdu'ullee, akkana jechuun; warra hoggaa unda Rabbii je'ee horii kennu jechu'u,

\*Warra yoo aare, nama itti arerraa biiluu bayu'urraa if dhoowwu, takkaa if qabu,

وَالْكُتَّامِينَ الْغَيْظِ

\*Warra nama itti balleesef dhiifama godhu, yookaa qixaaxuu dhiisu, oduma qixaaxuu dandayuu,

وَالْعَافِينَ عَنِ النَّاسِ

**134}** \*Rabbiin nama aan gaarii dalagu jaalata , nama tola oolu jaalata.

وَاللَّهُ يُحِبُّ الْمُحْسِنِينَ ﴿١٣٤﴾

\*warra ,hoggaa ,dilii, fokkattuu dalage, kan akka zina'aan beeratti ida'amu'uu,

وَالَّذِينَ إِذَا فَعَلُوا فَجَسَةً

\*Yookaa dilii sanii gadii, takkaa beera alaga'aa dhangatu'uufaa dalagan,

أَوْ ظَلَمُوا أَنْفُسَهُمْ

\*Rabbi ,yaadatani, qixaaxa, isaa sodatani, maalumaaf Rabbitti balleessine je'anii sheenayani,

ذَكُرُوا اللَّهَ

\*duuba dilii isaanii tana, isaa nif araaramu Rabbirraa barbaadan,

فَأَسْتَغْفِرُوا الذُّنُوبَ بِهِمْ

\*Eenyu namni dilii namaaf araaramu Rabbi malee? isa malee hin jiru jechu',

وَمَنْ يَغْفِرِ الذُّنُوبَ إِلَّا اللَّهُ

135} \*Kan warri dilii dalage,sun dilii dalaga-

وَلَمْ يُصِرُّوا عَلَىٰ مَا فَعَلُوا وَهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿١٣٥﴾

nirratti hin hafin, beekka'aan,maalif? sharxiin araarama Rabbirraa barbaadu'uu dilii dalagan dhiisu', ammallee sheenayu', amma eegu dilii san dalagu'utti hin deebi'uu muratu', ammoo namni harkaan dilii dalaga'aa, araara Rabbirraa barbaadu, inni dhuga'aan gara Rabbi isaa deebi'ee, araara waan barbaanne.

\*jarri dubbanne sun kan sadaqaa baafatu

أَوْلِيَّكَ

kan aaru aara bayu'urraa if qabu,kan nama itti,balleessef araaramu kan yoon diliin irraa argamte dafee gara Rabbii isaa deebi'ee araara irra barbaadu,

\*Jazaan isaanii,

جَزَاءُهم

\*Araarama Rabbii isaanirraa argatu',

مَغْفِرَةٌ مِنْ رَبِّهِمْ

\*Ammallee jazaan isaanii jannata yookaa masnoo jannataa tan laggeen olii gad keessa yaa'u argatu',

وَجَنَّاتٌ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

\*Kan zalaalamii keessa taa'an,

خَالِدِينَ فِيهَا

136} \*Jazaan warra waan gaarii dalagee , Rabbi biratti waa tolee guyyaa boruu.

وَنِعَمَ أَجْرَ الْعَمَلِينَ ﴿١٣٦﴾

\*karaan, Rabbiin ,orma ,kuffaaraa itti qixaaxu isin dura dabree jira, akkaatan inni itti isaan qixaaxu,hoggaa isaan hamtuu dalagan itti dhiiseti eegasii qixaaxa jabaa isaan qixaaxa,

فَدَخَلَتْ مِنْ قَبْلِكُمْ سُنَنٌ

\*Mee ,biyya ,keessa ,deema'aa,

فَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ

137} \*akka ,orma , kuffaaraa kan anbiyoota Rabbi, Kijibiise taye laalaa akka Rabbiin

فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُكْذِبِينَ ﴿١٣٧﴾

hanga duraa itti dhiisee ,boda keessa isaan balleesse gartanii,tanaaf jecha isin orni mu'minaa yoo kuffaarri ar'a mirga argatee mooye hin yaadawinaa, hin rifatinaa,guyyaa isaan mooyamaniitu dhufaa, wanni Rabbiin aayata tana buu-

sef gaafa lola uhgud kuffaari orma islaamarra nama hedduu fin'aani.

**138}** \*Wanni ,Rabbiin, qur'aana keessa tti dubbate kan waan akka ataa jiru'uu nama hundaa ibsee, karaa gaarii isaan qajeelchee ,haala gaari'irratti warra amane gorsu

هَذَا بَيَانٌ لِلنَّاسِ وَهُدًى وَمَوْعِظَةٌ لِّلْمُتَّقِينَ

١٣٨

\*Isin ormi islaamaa lola uhgud keessatti capne jettanii kuffaaran lolu'urraa hin laafatinaa,

وَلَا تَهِنُوا

\*Balaalola uhgud keessatti kuffaararraa sin tuyxeef jettanii hin rifatinaa nama achitti isinirraa du'ee jettannii hin rifatinaa, akkamitti kaafirri islaama mooya jettanii, hin yaadawinaa,

وَلَا تَحْزَنُوا

\*isintu, karaa, hundaan,kuffaararraa caalaa

وَأَنْتُمْ أَعْلَوْنَ

takkaa kuffaaraa olii,Rabbiin isaanirratti isin moosisu'uu jiraataa ,wanni isin isaanirra caaltaniin waan isaan lola uhgud keessatti isin miidhanirra isin lola badrii keessatti isaan miitan,ammass wanni isin isaanirraa caaltaniin isin karaa Rabbii jabeessu'uuf loltanii,isaan karaa sheyxaanaa jabeessu'uuf lolan,ammass wanni kuffaararra caaltaniin namni lola keessatti isinirraa ajjeefame jannata seena ,kan kuffaararraa ajjeefame ibidda azaabati seena ,karaa kana hundaan kuffaararraa caaltanii hin laafatina'aa lolaa,

**139}** \*Yoo ,dhugumaan ,Rabbitti amantanii, waan , inni ,je'u ,dalaydan,isintu injifataa.

إِنْ كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ

\*Yoo lola uhgud keessatti kan balaan yookaa cingii agartan taatan ,ajjeefamtanii ,yookaa madooytanii,

إِنْ يَمْسَسْكُمْ قَرْحٌ

\*dhugumaan orma kuffaaratis tuyxee jirti , lola badrii keessatti kan isaanirraa namni hedduun dhume kuun madaayee kuun boojiyame,

فَقَدِمَسَّ الْقَوْمَ قَرْحٌ مِّثْلَهُ

\*qanani'iifii ,balaa ,guyyoonni addunya'aa qabu nama jidduu olii gad oofna yoo ar'a jarri kun mooye,boru kaantu moya, akka gofamaniif jecha,

وَتِلْكَ الْآيَاتُ نَدَاؤِ لِهَآبَيْنِ النَّاسِ

\*Wanni Rabbiin gaafin hamtuu namatti fid-

وَلِيَعْلَمَ اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا

uuf lola keessatti injifamaniifaa,nama waytii toltu'uuffii waytii hamtu'ullee iimaanni isaa jaba'aa mul'isuufi, warra wahayyuu harka Rabbiiti jirtii yaadufii, warra kaan adda baasu'uufi,

\*Ammas wanni kuffaarri isin injifateef ,warra ,isinirraa ,Rabbii je'ee du'u, marxatu'uufi, sawaaba nama Rabbii je'ee du'ee guddisu'uun, isa guddisu'uu jecha,

وَيَتَّخِذَ مِنْكُمْ شُرَكَاءَ

140} Rabbiin warra nama miidhu hin jalatu ,akkana jechuun, isaan qixaaxa jechu', qananiin Rabbiin orma kuffaaratii kennu isaan jaalalaafii mitii, qixaaxa isaanitti guddisu'uufi.

وَاللَّهُ لَا يُحِبُّ الظَّالِمِينَ ﴿١٤٠﴾

\*Akka ammallee warra amane dili'irraa xaliilchu'uuf, sababaa cinqii karaa Rabbii keessatti argu'uutin kun yoo kuffaarri, mooye,

وَلِيُمَجِّصَ اللَّهُ الَّذِينَ ءَامَنُوا

141} \*ammallee, ormakuffaaraa ,fixu'uufi ,yoo ,islaamni mooye

وَيَمَحِّقَ الْكٰفِرِينَ ﴿١٤١﴾

\*Si isin ormi mu'minaa odoo jihaada hin godhin jannata seennaa ,yaaddanii ,yookaa seetanii,

أَمْ حَسِبْتُمْ أَنْ تَدْخُلُوا الْجَنَّةَ

142} \*Odo Rabbiin nama jihaada godhee cinqii jihaadarratti obsu, isinirraa hin mul'ifne ,jannata gallaa seetanii? hin siyinaa, yookaa hin yaadinaa jechu'.

وَلَمَّا يَعْلَمِ اللَّهُ الَّذِينَ جَاهَدُوا مِنْكُمْ وَيَعْلَمَ

الصَّابِرِينَ ﴿١٤٢﴾

\*Isin ormi islaamaa tanaan dura jihaada ke-

وَلَقَدْ كُنْتُمْ تَمَنَّوْنَ الْمَوْتَ مِنْ قَبْلِ أَنْ تَلْقَوْهُ

essatti du'uu barbaaddanii jirtan, yookaa hawwitani jirtan, odoo cinqii jihaanni qabu hin argin ,asaabota nabirraa warra lola badrii hin dhaqintu, odoo lolli biraa dhufee lolleeti jihaada keessatti duuna je'ee hawweetu jira, odoo waan lolli taye hin argin,

\*Duuba hunoo waan lolli taye agartanii , maalif dhaysitan?

فَقَدْ رَأَيْتُمْوَهُ

143} \*Odo akka obboleeyyan keessan fuula keessan duratti itti ajjeefaman ijaan laaltanii gartanuu, sun gaafa lola uhgudii .

وَأَنْتُمْ تُنظَرُونَ ﴿١٤٣﴾

\*aafa lola uhgud, kuffaarafii ormi islaa-

وَمَا مُحَمَّدٌ إِلَّا رَسُولٌ قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِهِ الرُّسُلُ

maa walitti Jigee namichi ,tokko ,nabi Muhammad ajjeesse je'ee lallabnaan ormi islaamaa gariin dheyse, duuba hoggaa san ,ormi munaafiqaa eega muhammad du'e, diinaa isaa maal itti gootan je'ee ,nama garii jallisu'uu ka'e ,haa tayuu ormi islaamaa nabi muhammad hin duunee hubatanii ,if duuba deebi'anii kuffaara cabsan ,duuba Rabbiin qur'aana buusee akki je'e; ergamaan kiyya

muhammad akkuma ergamoota isa dura dabreeti malee ,nama karaa isaanirraa maquu mitii ,akkuma isaan dabranitti dabru'uu taa'aa, akkuma ummanni isaanii eega isaan dabranii diinaa isaanirratti jabaatanii, qabatanitti isinis eega muhammadii diinaa isaa qabatuun isinirra jiraa,

\*Si ,yoo, inni, du'e ,takkaa ,ajjeefame ,islaamarraa ,if, duuba ,deebitanii ni kafartanii?

\*Namni eega nabi Muhammad dabree, muhammad du'e je'ee islaamarraa deebi'u ,waa takka waan Rabbi miidhu hin qabu, inni ifuma miidhe,

144} \*Rabbiin warra diinaa isarratti jabaate

nama qananii yookaa waan Rabbi isaa kennerratti galata isaa galchu jannata seensisa, akkuma nama diinaa isarraa deebi'e kan waan Rabbiin isaaf kenne morome qixaaxu.

\*lubbuun, takkalleen , fedhii Rabbiitin male'etti hin duutu,

\*Sun waan Rabbiin waytii yookaa yaroo

isiin keessa duutu godheefii, katabee ol kaaye,kan waytii san dura hin dabarre,kan irraa boodan aanne, tanaaf jecha lolarraa dheysuun,du'arraa nama hin oolchituu, joynummaan du'a keessa naman buuftuu, maalif jihaadarraa yookaa qabsoo haqarraa dheysitan?

\*ama,qananii, addunya'aa argatu'uuf ,jecha, dalagu,kan, waa boojiyu'uuf jihaada godhu,

\*Addunya'arraa waan saaf qoodame ni

kenninaaf,waan inni fedhee mitii,waan Rabbiin isaaf kennuu fedhe ni argata ,namni addunyaa qofaaf dalagu,aakhira'atti waan qananii taye waa takkan argatu,

\*Nama sawaaba aakhira`aa barbaadu`uuf dalagu ,nama qananii aakhira'aa barbaadaf dalagu, yookaa jihaada godhu ,sawaaba aakhira'aa ni kenninaaf, jannata isa seensifna,

145} \*Warra waan Rabbi isaanii kennerratti galata isaa galchu, kan waan inni je'u dhagayee dalaguuf, galata galchinee jannata seen sifna.

\*Anbiyoonni Rabbii meeqaatamiitu jira ,

أَفَايُن مَاتَ أَوْ قُتِلَ انْقَلَبْتُمْ عَلَىٰ أَعْقَابِكُمْ

وَمَنْ يَنْقَلِبْ عَلَىٰ عَقْبَيْهِ فَلَنْ يَصُرَ اللَّهُ شَيْئًا

وَسَيَجْزِي اللَّهُ الشَّاكِرِينَ ﴿١٤٤﴾

وَمَا كَانَ لِنَفْسٍ أَنْ تَمُوتَ إِلَّا بِإِذْنِ اللَّهِ

كِنْدَبًا مُّوَجَّلًا

وَمَنْ يُرِدْ ثَوَابَ الدُّنْيَا

نُؤْتِهِ مِنْهَا

وَمَنْ يُرِدْ ثَوَابَ الْآخِرَةِ نُؤْتِهِ مِنْهَا

وَسَيَجْزِي الشَّاكِرِينَ ﴿١٤٥﴾

وَكَايُن مِّنْ نَّبِيِّ

\*Kan ashaabonni isaa hedduun isaan wajji kuffaaran lolan,

\*Isaan takkaa luynoomanii lolarraan deebine,

\*wanni jihaada keessatti isaanitti argame

isaan hin luynooine, nabiyiin isaanii lola keessatti du'uun yookaa mamsdayun, akkasuma asaabonni isaanii lola keessatti du'uun,yookaa madaayun qalbii isaan cabsitee isaan hin luynoomsine,

\*Ammas jihaadarraa hin laafanne,

\*Ammas xilaata isaanitiif gad hin jenne , akka isin gaafa lola uhgud taatan, isaan hin taane,

**146}**rabbiin, warra, bala'arratti jihaadarratti ,obsu, jaalata ,jannata isaan seensisa.

\*Isaan ,gaafa ,nabiyyichi isaanii ,ammallee ashaabonni isaanii lola keessatti du'e takkaa ajjeefame ,lolarratti obsu'uun wajji waan biraan hin jenne,

\*Yaa Rabbi keenya dilii teenya nuu araarami,

\*dalagaa teenya keessatti wasana,dabruu , yookaa, seera cabsuu keenyas nuu araarami,

\*Faana teenya gad nuu dhaabii, lolarratti nu jabeessi,

**147}**\*Warra kafareerratti nu gargaari, isaanirraa nu aansii je'aniiti Rabbi khadhatan malee, waan biraa hin jenne.

\*Duuba Rabbiin sawaaba ad dunya'aa isaanif kennee ,ari'anna'aafii horii xilaataa argatanii

\*Akkasuma Rabbiin sawaaba aakhira'aa gaarii isaanif kenne, jannata isaan seensisee,

**148}**\*rabbiin warra waan gaarii, dalagu, jaalata ,sawaaba,isaanii heddommeysa.

\*Yaa warra Rabbitti amane

\*Yoo warra kafare dhageessanii, isaan jala deemtanii, waan isaan isiniin je'an dalaydan

قَتَلَ مَعَهُمْ يَتِيمُونَ كَثِيرٌ

فَمَا وَهَنُوا

لِمَا أَصَابَهُمْ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

وَمَا ضَعُفُوا

وَمَا اسْتَكَانُوا

وَاللَّهُ يُحِبُّ الصَّادِقِينَ ﴿١٤٦﴾

وَمَا كَانَ قَوْلُهُمْ

إِلَّا أَنْ قَالُوا رَبَّنَا آعِزَّنَا ذُنُوبَنَا

وَإِسْرَافَنَا فِي أَمْرِنَا

وَتَبَّتْ أَقْدَامَنَا

وَأَنْصُرْنَا عَلَى الْقَوْمِ الْكَافِرِينَ ﴿١٤٧﴾

فَتَأْتِيهِمْ مِنَ اللَّهِ نَوَابٌ الدُّنْيَا

وَحَسَنَ نَوَابِ الْآخِرَةِ

وَاللَّهُ يُحِبُّ الْمُحْسِنِينَ ﴿١٤٨﴾

يَتَّبِعُهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا

إِنْ تُطِيعُوا الَّذِينَ كَفَرُوا

\*If duuba isin deebisan, kufri'Itti isin deebisan,  
149 } \*duuba ,addunya'aa ,aakhiraa khasaaramtanii beekhaa.

يَرُدُّوكُمْ عَلَىٰ آعْقَابِكُمْ

فَتَنقَلِبُوا خَاسِرِينَ ﴿١٤٩﴾

\*Tanaaf jecha kuffaara hin dhagayina'aa, Rabbii keessan, kan amriin teessan harka isaa jirtu, kan bakkaayyuttuu isinii dirmatu dhagayaa,

بَلِ اللَّهِ مَوْلَاكُمْ

150 } \*Rabbiin irra caalaa nama namaa dirmatee, nama gargaarutii, isumatti irkadhaa, kuffaara hin sodaatinaa.

وَهُوَ خَيْرُ النَّاصِرِينَ ﴿١٥٠﴾

\*Qalbii warra kafaretti luynummaa darbinaa ,akka isin sodaatan goonaa,

سَنُلْقِي فِي قُلُوبِ الَّذِينَ كَفَرُوا الرُّعْبَ

\*Waan Rabbitti kafaranii, isatti waa qind-eessaniif,

بِمَا أَشْرَكُوا بِاللَّهِ

\*Sababaa isaan waan Rabbiin ibaadaa je'ee hin ammarin, yookaa ragaan buusin, ibaadanii, Rabbitti kafaraniif jecha, sodaa qalbii kuffaaraa guunnaa,

مَا لَمْ يَنْزَلْ بِهِ سُلْطَانًا

\*Guyyaa boruu bakkeen kuffaarri qubatu ibidda azaabati,

وَمَا لَهُمْ آلَتَاءُ

151 } \*Yaa hammeenya bakka kuffaarri guyyaa boruu qubatuu.

وَيَسَسَ مَتَوَى الظَّالِمِينَ ﴿١٥١﴾

\*Rabbiin dhugumaan wakgada ,yookaa baallama, isinin gargaara je'ee, isiniif seene dhugo'oomsee jira, kuffaararratti isin gargaaree jechu',

وَلَقَدْ صَدَقَكُمُ اللَّهُ وَعْدَهُ

\*Kan kuffaaraa gattan yookaa a`ajjeeffitan

إِذْ تَحْسُونَهُم بِإِذْنِهِ

fedhii Rabbiitin ,sun gaafa lola uhgudii, gaafa san ashkarri islaamaa akka nabi muhammad lolaaf isaan qopheyyetti lola kuffaaratti seennan kuffaara cabsan, gaafa san nabi muhammad ashkara islaamaa dudda isaanii gama gaara uhguditti gara galchaniiti, kuffaara qureyshi'ii kan raaree keessa isaanitti dhufu'uu taa'un lolu'uu qophaayan, ammas waan gaara uhgud keessa khaarriti jirtuuf jechu, kuffaarri khaarra saniin ashkara islaamatti jigu hin beynu je'ee, nabi muhammad ashkararraa nama jajjabaa maraxee khaarra sanirraa taa'aadhaa, kuffaara nurra eegaa yoo nuu kuffaara cabse gartan achirraa hin sosso'inaa, yoo kuffaara nu cabse gartanis khaarra sanirraa hin sosso'inaa je'een, akkasitti hoggaa lolli jalqabamu ,warri khaarra sanirra taa'u kuffaara karaa saniin ashkara islaamatti dabruu kutee, ashkarri islaama ashkara kuffaaraa kan isaan fuula

dura jiru cabsanii ari'anii mooyatan, hoggaa san ormi islaamaa kan khaarra eegaa je'aniin islaamni mooyatee gaararraa buuneti waan agarre wajji boojiy-anna je'anii gaara sanirraa bu'an, nama hanga xiqqaa malee, kan waan nabi muhammad nuun je'e guunna je'ee gaara sanirratti hafe malee ,duuba kuffaari hoggaa orma gaararra taa'ee dudda ashkara islaamaa eegu gaara sanirraa bu'uu argu ,karaa saniin orma islaamatti duulanii ,jara hanga gaararratti hafe ajjeesanii ashkara islaamaa kan ifirraa quban qabne dudda duuban gaararraa itti jigee orma islaamaa cabse,tanaaf Rabbiin akka je'u,

\*Duuba hoggaa isin lolarraa luynoomtan

حَتَّىٰ إِذَا فُشِلْتُمْ

\*Amrii nabi muhammad keessatti wal dhabdan ,kuun gaararratti hafee kuun gaararraa bu'ee,

وَتَنَزَعْتُمْ فِي الْأَمْرِ

\*Amrii isaa dhiiftanii bakka inni irraa hin ka'inaa isiniin je'erraa khaatanii, akkasitti cabxan,

وَعَصَيْتُمْ

\*Eega Rabbiin waan jaalattan isin agarsii-see, kuffaara cabsitanii deebitanii cabxan,

مِّنْ بَعْدِ مَا أَرْسَلْنَاكُمْ مَّا تُحِبُّونَ

\*isinirraa, nama,addunyaa,barbaadaf bakka nabi muhammad irraan kha'inaa je'ee kaayyeraa ka'eetu jira,

مِنْكُمْ مَّنْ يُرِيدُ الدُّنْيَا

\*Isinirraa nama aakhiraa fedheetu jira, kan gaararraa ka'uu didee, achitti du'e, akka abdullaahii ibnu jubayriitifii ashaabota isaa,

وَمِنْكُمْ مَّنْ يُرِيدُ الْآخِرَةَ

\*Eegasii Rabbiin kuffaaran loluu isin hanqisee cabxan,

ثُمَّ صَرَفَكُمْ عَنْهُمْ

\*Wanni kun isinitti bu'eef, isin mokkoru'ufi ,nama dhuga'aan loluufii kaan addaan baasu'uu jecha,

لِيَبْتَلِيَكُمْ

\*rabbiin ,balleessaa ,isin, dalaydan isinii irra dabre,

وَلَقَدْ عَفَا عَنْكُمْ

**152}** \*Rabbiin kan mu'minaaf dilii dhiisu, kan waan gaarii isaanif ida'u.

وَاللَّهُ ذُو فَضْلٍ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٥٢﴾

\*Gaafa lola uhgud, kan bakka lolarraa dhoysitanii ,fagaatan yaadadhaa,

﴿١٥٣﴾ إِذْ تَصْعَدُونَ

\*Kan nam tokkotti hin mayn'e, yookaa nam tokko hin mil'anne ,dheefa ,jabeessuu , keessa,

وَلَا تَكُلُّونَ عَلَىٰ أَحَدٍ

\*kan, rasuulli rabbi, isin, duuba isin yaamu

وَالرُّسُولَ يَدْعُوكُمْ فِي أَخْرَابِكُمْ

yaa gabroottan Rabbii koottaa deebi'aa ,lolaa,an ,ergamaa ,Rabbiitii ,dirma-  
chuun, Rabbii ,karaa jirtii, hin dhoysina'aa, deebi'aadhaa ,kuffaaran lolaa, na-  
mni ar'a lolatti deemu malee irraan deebine hin dheysine jannata seena je'ee,  
isin yaamu,

\*Duuba sababaa isin lolarraa dhoysitaniif

فَأْتَبِكُمْ عَمَّا بَعْرٍ

Rabbiin, rifachuu, rifachu'urraan, isinitti buuse ,rifachuun ,takka ,tan ,hogгаа  
,nabi, muhammad ajjeefame jechaa dhagayan rifatan,tuun, tan hogгаа kuff-  
aari mooyate jechaa dhagayan waan boojinu dhabne je'anii rifatan, yookaa  
yaaddawan , sababaa isin rasuula waan inni je'e dhiiftanii, rifachiiftaniif Rab-  
biin isin rifachiise,

\*Wanni,wanni kun isinitti argameef, akka  
waan dhabdaniif rifatuu dhabuu barataniid-  
dhafi, kan akka boojiyu'uufaa,

لِكَيْلَا تَحْزَنُوا عَلَىٰ مَا فَاتَكُمْ

\*Akka ammallee waan hamtuu isin tuyxeef  
rifatuu dhabuu barattaniifi,

وَلَا مَا أَصَابَكُمْ

**153}**\*Rabbiin waan isin dalaydan hunda  
beekha, dalagaa teessanirraa wanni isarraa  
dhokhatu hin jiru.

وَاللَّهُ خَيْرٌ بِمَا تَعْمَلُونَ ﴿١٥٣﴾

\*Duuba eega akkasitti rifattaniiyi, Rabbiin  
rifanaa isinirraa deemsisee, sodaa dhabuu,  
qalbi teessan buuse,

ثُمَّ أَنْزَلَ عَلَيْكُم مِّن بَعْدِ الْغَمِّ أَمَنَةً

\*Mugaatii,

نُعَاسًا

\*Mugaatii garii eessan qabdu, takkaa itti

يَغْشَىٰ طَائِفَةٌ مِّنْكُمْ

dhufu, sodaan isaanirraa deemuu keessa, jarri akkatti mugaatin itti dhufte sun  
,orma mu'minaati, jarri mu'minaa kun sodaan irraa deemtee mugaatin isaan  
qabuu keessa, habaleen harkaa bubuute, lola keessatti muguun, akkeekkaa yo-  
okaa asxaa dirmachuun Rabbii dhufu'uuti,

\*Ammoo jara garii isinirraa nafsuma

وَطَائِفَةٌ قَدْ أَهَمَّتْهُمْ أَنفُسُهُمْ

isaanitiitu isaan yaachise,akkamitti lubbuu teenyan baanaa malee,wanni biraa  
isaan hin yaachiftu, rasuulli Rabbii maalitti jiraan isaan hin yaachiftu ,ormi isl-  
aamaa kuun maalitti jiraan isaan hin yaachiftu,isaan haalli isaanii akkanaa kun  
,orma munaafiqaati, kan na baasii, ka feeta albaasi je'u,isaan kun sodaan itti  
jabeessuu keessa mugaatin akka orma mu'minatti ittin dhufne,

\*Ormi munaafiqaata sun yaadinsa, haqan

يَظُنُّونَ بِاللَّهِ غَيْرَ الْحَقِّ ظَنَّ الْجَاهِلِيَّةِ

tayin, Rabbitti, yaadan takkaayuu seyan,seyiinsa akka warra waan beynee, siy-  
iinsa ormi Rabbin beyne munaafiqoonni seyu, takkaa wanni isaan yaadan:  
nabi muhammad ajjeefame, Rabbiin rasuula isaatii hin dirmatu jechu',

\*Wanni isaan orma islaama tiin je'an; gargaarsa Rabbirraa qooda ni qabnaa, akkana jechuun isaanii hin qabnu jechu,

\*Ormi munaafiqaa kanaan amriin hundi harka Rabbiiti jirtii inni waan fedhe dalagaa je'iin,

\*Ormi munaafiqaa sun, waan sitti hin mul'ifne gara`atti qabatan, yookaa garaa isaanii keessatti dhoyfatan, wanni isaan dhoyfatan sun,

\*Odoos dubbiin harka keenya keesa jiraattee,

\*Silaa mana keenyaa baanee as dhufnee

asitti hin ajjeefamnu, odoos malli keenya tayee, madiina'aa baanee bakka lolli itti taye, {uhgud} dhufnee asitti hin dhumnu je'an, kana wanni isaan gara'atti qabatan,

\*Duba akki jettuun; odoos mana keessan keessatti haftanii ,namni ,rabbiin ,ajjeeffamuu isaa dabarse isin keessa jiraatee,

\*Warra ajjeeffamuun isarratti katabamte

,yookaa ajjeeffamuu isaa rabbiin dabarse mana isaanitii bayaniiti bakka itti ajjeeffaman dhaqanii, mana taa'un du'arraa isin hin oolchitu ji'iin, {baraza} jechuun; baya jechu, {madgaajikg} jechuun; ciisa jechu',

\*wanni, rabbiin ,waan, lola, uhgud keessatti isinitti argame dalageef, waan garaa keessan keessa jiru, tolumma'aafii hammeenya laalu'uufi yookaa mul'isu'uufi,

\*Ammas akka waan qalbii teessan kessa jiru addaan fooyu'uufi,

**154** } \*rabbiin waan garaa namaa keessa jiru hunda beekha'.

\*Warri isinirraa gaafa lola uhgud, kan,

kuffaarafii, islaamni wal dura dhaabbatan lolarra dheeyse kan nabi muhammad gaarraa dhaabadha'aa lolaa je'ee gaara {uhgud} gubbaa kaaye bakka sanirraa bu'an,

\*Jara san sheyxaanatu, isaan jallisee, kara'arraa mayse,

\*Sababaa ,waan ,nabi , Muhammad je'e

يَقُولُونَ هَلْ لَنَا مِنَ الْأَمْرِ مِنْ شَيْءٍ

قُلْ إِنْ الْأَمْرُ كَانَ لِلَّهِ

يُخْفُونَ فِي أَنْفُسِهِمْ مَا لَا يُبْدُونَ لَكَ

يَقُولُونَ لَوْ كَانَ لَنَا مِنَ الْأَمْرِ شَيْءٌ

مَا قَاتَلْنَا هَهُنَا

قُلْ لَوْ كُنْتُمْ فِي بُيُوتِكُمْ

لَبَرَزَ الَّذِينَ كُتِبَ عَلَيْهِمُ الْقَتْلُ إِلَى مَضَاجِعِهِمْ

وَلِيَبْتَلِيَ اللَّهُ مَا فِي صُدُورِكُمْ

وَلِيُمَحِّصَ مَا فِي قُلُوبِكُمْ

وَاللَّهُ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ﴿١٥٤﴾

إِنَّ الَّذِينَ تَوَلَّوْا مِنْكُمْ يَوْمَ الْتَقَى الْجَمْعَانِ

إِنَّمَا أَسْتَرْتَهُمُ الشَّيْطَانُ

بِبَعْضِ مَا كَسَبُوا

enitti dalaguu,dhabaniif jecha,gaafa lola uhgud dura, islaamatu mooyate ,akka nabi muhammad je'etti lollaana, duuba ormi islaamaa kan kaarra eegu gaarraa buunan kuffaarri karaa argatee islaamatti jigea, ormi islaamaa ,dheyse, nabi ,muhammadiifii ,nama, xiqqaa, malee, ashkararraa namni nabi muhammadiin wajji lola keessatti hafee lole nama 13 qofa warri kuun ni dheyse, keessattuu hoggaa nabi muhammad ajjeefame jechaa seyan, haa tayuu ormi islaamaa hoggaa ni jiraa hubatan deebi'aniiti lolanii kuffaara cabsan, takkaayuu ari'atan, \*warra ,dheysee, eegasii, dee bi'ee loleef

وَلَقَدْ عَفَا اللَّهُ عَنْهُمْ

Rabbiin balleessaa isaanii irra dabreef,  
155} \*Rabbiin kan dilii namaaf araaramu ,kan obsa qabu, kan dafee balleessa'arratti nama hin qixaan'e.

إِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ حَلِيمٌ ﴿١٥٥﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا

\*akka warra kafaree hin tayinaa,

لَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ كَفَرُوا

\*Orma kuffaaraa kan obboleeyyan isaaniitiin, hoggaa isaan naggadaaf, yookaa waan biraatif diida deemanii, achitti du'aniin,

وَقَالُوا لِإِخْوَانِهِمْ إِذَا ضَرَبُوا فِي الْأَرْضِ

\*Takkaa duulaa bayanii achitti ajjeefamaniin,

أَوْ كَانُوا غُرَىٰ

\*Odoon wajjiin jiraatanii hin du'an, yookaa hin ajjeefaman waliin je'an, duuba isin ormi islaamaa akkas hin tayinaa, waan ormi kuffaaraa yaadu yaaddanii waan isaan je'an hin je'inaa,

لَوْ كَانُوا عِنْدَنَا مَا مَاتُوا وَمَاقَتَلُوا

\*akka, sheenan ,qalbii ,kuffaaraa ,qofarratti, gabaa, battuu, {dgarabuu} jechuun; safara bayan jechuu , {hgasratan} jechuun : sheenaa jechuu,

لِيَجْعَلَ اللَّهُ ذَٰلِكَ حَسْرَةً فِي قُلُوبِهِمْ

\*Rabbiin kan waa jiraachisu kan ajjeesu

وَاللَّهُ يَخْتَارُ وَيُمِيتُ

,waytii fedhe, akka fedhetti, bakka fedhetti, tanaaf jecha, diida yookaa imaltuu bayuun, akkasuma jihaada godhuun naman ajjeefuu, jihaadarraa teesumte du'arraa namaan oolchitu,

156} \*Rabbiin waan isin dalaydan hunda ni arga jaza'a isiniif galcha.

وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿١٥٦﴾

\*Yoo jihaada keessatti, ajjeefamtan, yookaa jihaada keessatti duuti isinitti dhufte,

وَلَيْنَ قِتْلَتُمْ فِي سَبِيلِ اللَّهِ أَوْ مُتُّمْ

\*araarama, rabbirraa, argattantu,

لَمَغْفِرَةٍ مِّنَ اللَّهِ

\*Rahgmata inni isinii godhuutu,

وَرَحْمَةً

157} waan kuffaarri addunya'arraa walitti qabatu hundarra caala.

حَيْرِمًا مَّا يَجْمَعُونَ ﴿١٥٧﴾

\*Yoo jihaada keessatti takkaa Bakka biratti duutan , yookaa ajjeefamtan,

وَلَيْنَ مَتَمِّمًا أَوْ قَاتِلًا

158} gara,rabbitti,walitti qabamtan ,guyyaa boruu gara Rabbitti walitti deebitan, duuba jazaa isinii galcha.

لِأَلَى اللَّهِ تُحْشَرُونَ ﴿١٥٨﴾

\*sababaa Rabbiin rahgmata sii godhu'uutif, ammallee ashaabota keetille'ee rahgmata godhu'uutif,

فِيمَا رَحِمَهُ مِنَ اللَّهِ

\*Ashaabota keetii gad jettee takkaayuu qalbii laaftee, afaanifii garaa isaanitti toltee, balleessaa isaanirratti isaan qixaxuu dhabde

لَيْتَ لَهُمْ

\*Odoon nama badaa taatee,

وَلَوْ كُنْتَ فَظًا

\*Odoon nama qalbii jabaatuu taatee, odoon nama afaan hammaatee, garaa hammaatu taatee,

غَلِيظَ الْقَلْبِ

\*Silaa ashaabonni kee hundi isaanii sirraa dheysan ,haa tayuu ati haala tolu'uu jecha, ashaabonni kee si jaalata,

لَا تَنْفُضُوا مِنْ حَوْلِكَ

\*yoo, balleysan, isaanirraa, argamte ,takkaa gaafa lola uhgud irra dabriif, araarama barbaadif du'aa'ii godhiif,

فَاعْفُ عَنْهُمْ وَاسْتَغْفِرْ لَهُمْ

\*waan alagu'uu deemtu keessatti, ashaabota keetin mariyadhu yoo waan mari'itti haajamu taate,

وَشَاوِرْهُمْ فِي الْأَمْرِ

\*Yoo mariyatteenii, dalagu'uu muratte,

فَإِذَا عَزَمْتَ

\*Rabbitti irkadhuu, dalaga'atti seeni,

فَتَوَكَّلْ عَلَى اللَّهِ

159} \*Rabbiin nama isatti irkatee dalagu jalataa.

إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ الْمُتَوَكِّلِينَ ﴿١٥٩﴾

\*Yoo,Rabbiin isin gargaare,akka gaafa lola badrii isin gargaaretti,

إِنَّ يَنْصُرْكُمْ اللَّهُ

\*Namni isin injifatu hin jiru ,

فَلَا غَالِبَ لَكُمْ

\*Yoo,Rabbiin isin hin gargaarin,akka gaafa lola uhgud ,

وَإِنْ يَخْذُلْكُمْ

\*Eenyu namni Rabbii achitti isinii dirmatee isin gargaaru? wanni hundi harka Rabbiiti jirtii,  
**160}** \*warri,amane,Rabbitti haa irkatuu.

فَمَنْ ذَا الَّذِي يَنْصُرُكُمْ مِنْ بَعْدِهِ

وَعَلَى اللَّهِ فَلْيَتَوَكَّلِ الْمُؤْمِنُونَ ﴿١٦٠﴾

\*rasuulli ,Rabbi , waan duulanii boojiyani-rraa ashkara isaa dhoysee waan fudhату. inni ashkara ganeeti, waan boojiyan fudh-ataa hin yaadinaa kun haala anbiyoota Rabbiiti mitii,

وَمَا كَانَ لِنَبِيِّ أَنْ يُغْلَ

\*Namni waan boojiyame ashkara isaa dhoysee, nyaate, yookaa fudhate,

وَمَنْ يُغْلَلْ

\*waan ganee fudhate san guyyaa qiyaama-a'aa duddarratti ba'atee dhufa, yoo gaangee dhoyfate isii ba'ateeti dhufa, wanni biraaatis akkasi,

يَأْتِ بِمَا غَلَّ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

\*duuba,namuu, yookaa ,lubbuun hundi, waan dalayde mudatti, takkaayuu argatti,

ثُمَّ تَوَفَّى كُلُّ نَفْسٍ مَا كَسَبَتْ

**161}** \* Isaan hin miidhaman ,. dilii isaan hin dalagin irra kaayu'uun, gaarii isaan dalagan duraa ir'isu'uun

وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿١٦١﴾

\*Si namni nama waan Rabbi jaalatu jala deemee ,waan Rabbi je'u dalage,

أَفَمَنْ اتَّبَعَ رِضْوَانًا لِلَّهِ

\*Inni akka nama dallansuun Rabbii itti buutee ,dallansu'uun galateetii?

كَمْ أَبَاءٍ بَاءَ بِسَخَطٍ مِنَ اللَّهِ

**162}** \*Kan manni isaa ibidda jahannam

وَمَا وَنَهُ جَهَنَّمَ وَيَسَّرَ الْمَصِيرَ ﴿١٦٢﴾

kan bakka hamtu`utti booda aanu ,namni akkanaatifii ,namni karaa Rabbii deemee bakka gaari'itti bayu'uu taa'u, wal tayaa? wal hin tayu, akka tokkoo miti.

\*Isaan warra darajaan isaanii Rabbi biratti

هُمْ دَرَجَاتٌ عِنْدَ اللَّهِ

addaati,darajaan nama karaa Rabbi jaalatu deemuu jannata, ammoo darajaan nama karaa Rabbirraa maqee,dallansuun Rabbii itti buutee ibidda azaabatti darbamu',

**163}** rabbiin waan namni hundi dalagu ,ni, argaa, namuufuu akka malutti jazaa galcha.

وَاللَّهُ بِصَيْرٍ بِمَا يَعْمَلُونَ ﴿١٦٣﴾

\*Rabbiin ,mu'mintoota ,badhaasee ,jira, isaan qananiisee jira,

لَقَدْ مَنَّ اللَّهُ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ

\*Ergamaan isaa isaanumarraa isaanitti ergu'uun,

\*kan,qur'aana,isaanirratti,qara'u,

\*Rasuula najisa kufri'irraa kan dili'irraa isaan qulqulleessu,

\*Kan qur'aana isaan barsiisu,

\*Kan hikmaa isaan barsiisu,hikmaan , ha-diisa, beekkomsa, aaydaa qabu,

164} \*Ormi mu'minaa odoo nabi Muhammad isaanitti Hin ergamin dura,badii mul'attuu keessa turan, dukkana wallaalaa kan kufri'ii keessa turanii, eegasii ifaa islaamaa kan beekkomsatti bayan.

\*Si hoggaa balaan lola uhgud keessatti isin tuyxe, namni torbaatamni isinirraa ajjee-famee,

\*kan kuffaaratti balaan akkasii ta harka lama geessu buutee lola badrii keessatti nama torbaatama irraa ajjeeftanii torbaatama irraa boojitan,

\*Eessaa balaan lola uhguditti nutti argamte

tun,nutti buute odoo nuti orma islaamaa taanuu, odoo rasuulli Rabbii nu keessa jiruu, eessaa balaan tun nutti buutee kuffaarri nu fixe jettanii, ajaa'iba gootanii?

\*Sababaan balaa tana isini, je`een isinuma

biraa kaatee je'iin, maalif? duraan nabi Muhammad mandara madiina'aa keessatti kuffaara eeggannee, rakko'otti naqanee lafarraa fixuu kajeete, haa tayuu ormi islaamaa irra hedduun isaanii alatti afaan baanaa murannaan, nabi muhammad ashkara fudhatee gaara uhguditti baye, akkanatti madiina'aa bayuu keessatti sababaa tayan, ammas nabi muhammad kuffaaraa nurraa eegaa je'eeti bakka takka gaararraa isaan kaayee duuba achirraa warri karaa eegaa karaa kanaan kuffaarri nuttin dhufin je'aniin, bakka sanirraa ka'ee duuba kuffaarri karaa argatee islaama cabse,

165} \*Rabbiin kan waa hundarratti dandeytii guutuu qabu,kan abbaa fedhe gargaaree ,abbaa fedhu gargaaruu dhiisu, wanni isin hin gargaariniif isintu nabi muhammad khilaafe'eefi.

إِذْ بَعَثَ فِيهِمْ رَسُولًا مِّنْ أَنفُسِهِمْ

يَتْلُوا عَلَيْهِمْ آيَاتِهِ

وَيُزَكِّيهِمْ

وَيُعَلِّمُهُمُ الْكِتَابَ

وَالْحِكْمَةَ

وَإِن كَانُوا مِن قَبْلُ لَفِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿١٦٤﴾

أَوْ لَمَّا أَصَبْتِكُمْ مُصِيبَةً

قَدْ أَصَبْتُمْ مِثْلَهَا

قُلْتُمْ أَنَّى هَذَا

قُلْ هُوَ مِنْ عِنْدِ أَنفُسِكُمْ

إِنَّ اللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٦٥﴾

\*Wanni guyyaa duulli lamaan uhguditti wal dura dhufe isin tuqe,balaan achitti isinitti buute,

\*Fedhii Rabbiitin sun waan inni azalitti dabarse,

**166** } wanni Rabbiin balaa tana isinitti buusef, akka nama dhuga'aan amane mul'isee

\*warra,munaafiqaa,mul'isu'uufi,

\*orma munaafiqootaa kana, hoggaa ka raa Rabbiitii Je`aadhaa koottaa kuffaaran lolaa, yookaa xilaata, keenya ifirraa deebifnaa, nu wajjiin dhaabbadhaa, nurraan dheysinaa je'aniin,

\*Silaa odoo lola beynee isin wajji deemnaa je'anii, ashkara islaamaa jalaa hafan, duuba Rabbiin isaan kijibsiisu'uu jecha akka je'e,

\*munaafiqoonni sun guyyaa akkas je'an san iimanarra ku fri'itti dhiyaatan , waan islaamaaf tumsuu dhabuu, isaanii mul'i'isaniif jecha

\*orma munaafiqaa sun waan qalbii isaanii keessan jirre afaanin je'an:lolan beynuu tanaaf isin jalaa hafne jechu'uun isaan sobu'uufi je'an malee, odoo lola beekanille'ee isaanin wajjin lolan,

**167** } \*Rabbiin waan isaan gara'atti dhuyfatan ni beekhaa dirree baasu'uu taa'a.

\*Ormi munaafiqaa sun, warra obboleeyyan isaanii Kan lola uhgud seenee, ajjeefameen ,odoo dubbii teenya dhagayanii lolarraa ta'aanii, silaa hin du'anii je'u,

**168** } \*Akki isaanin jettu yoo kan namni jih-aadan dhaqin hin du'uu kaa yaad taatan, mee hoggaa duuti isinitti dhufte ifirraa deebisaa yoo kan dhugaa dubbattan taatan ji'iin.

\*Warra diinaa Rabbiitii je'ee jihaada godhee ,jihaada, kuffaaraa keessatti ajjeefamu ,du'a isaanii, akka du'a nama biraa hin seyin,

وَمَا أَصَابَكُمْ يَوْمَ التَّقِي الْجَمْعَانِ

فِي إِذْنِ اللَّهِ

وَلْيَعْلَمَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٦٦﴾

وَلْيَعْلَمَ الَّذِينَ نَافَقُوا

وَقِيلَ لَهُمْ تَعَالَوْا فَنُتَلِّقُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ أَوْ ادْفَعُوا

قَالُوا لَوْ نَعْلَمُ قِتَالًا لَا تَتَّبِعَنَّكُمْ

هُمْ لِلْكَافِرِينَ يَوْمِئِذٍ أَقْرَبُ مِنْهُمْ لِلْإِيمَانِ

يَقُولُونَ يَا فَوَهِهِمْ مَا لَيْسَ فِي قُلُوبِهِمْ

وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا يَكْتُمُونَ ﴿١٦٧﴾

الَّذِينَ قَالُوا لِأَخْوَانِهِمْ وَقَعَدُوا لَوْ أَطَاعُونَا مَا قُتِلُوا

قُلْ قَادِرَةٌ عَلَى أَنْفُسِكُمْ الْمَوْتَ إِنْ كُنْتُمْ

صَادِقِينَ ﴿١٦٨﴾

وَلَا تَحْسَبَنَّ الَّذِينَ قُتِلُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ أَمْواتًا

isaan du'an jechaa hin yaadin,

169} \*Isaan warra jiru, kan Rabbi isaanii

بَلْ أَحْيَاءٌ عِنْدَ رَبِّهِمْ يُرْزَقُونَ ﴿١٦٩﴾

biratti dhiyeeffamanii,rizqii jannataa nyaatan, shinbirroon magarroon lubbuun isaanii jannata geessitee, lagoota jannata keessa olii gad barartee, lubbuun isaanii midhaan jannataa nyaattee, eegasii lubbuun isaanii tun deebitee bakka Rabbiin qopheysef keessa, arshii Rabbii jala galti ,isaan jiruu akkanaatifii rizqii akkanaati Rabbi biraa qaban, isaan malee namni odoo guyyaan qiyaama'aa hin dhufne jannata seenee rizqii jannataa nyaatu hin jiru.

\*Isaanii waan Rabbiin isaanii kenneen ga-

فَرِحِينَ بِمَا آتَاهُمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ

mmadu,wanni Rabbiin isaanii kennekan isaan gammachiise qabsoo jihaada, diinaa Rabbii guddisu'uu je'anii godhan keessatti du'uu isaan qunnamsiisee isaan dhiyeessee, rizqii jannataa isaan nyaachisu', arjummaa isaatin,

\*Ammallee ,isaan,obboleeyyan isaanii kan isaan duuba hafeef gammadan,

وَيَسْتَبْشِرُونَ بِالَّذِينَ لَمْ يَلْحَقُوا بِهِمْ مِنْ خَلْفِهِمْ

170} \*Sodaa dhabuu isaanitiif,ammallee ya-

أَلَّا خَوْفٌ عَلَيْهِمْ وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿١٧٠﴾

addayuu dhabuun usaanitiif gammadan, maalif Rabbiitu akka obboleeyyan isaanii guyyaa boruu, soda'aan male'etti ,qalbii capu'uun male'etti, jannata nagayaan seenan isaan beysisee, tanaaf gammadan.

\*Sawaaba Rabbiin isaanii kenneen waan Rabbiin isaan badhaasen gammadan,

﴿١٧١﴾ يَسْتَبْشِرُونَ بِنِعْمَةِ اللَّهِ وَفَضْلِ

171} \*Rabbiin galata mu'minaa hin, balleessuu, guutuu, kennaafi.

وَأَنَّ اللَّهَ لَا يُضِيعُ أَجْرَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٧١﴾

\*Warra yaaminsa Rabbiitifii,kan rasuula isaa owwatee,waan inni itti yaame dalagu,

الَّذِينَ اسْتَجَابُوا لِلَّهِ وَالرَّسُولِ

\*Eega, madaayanii, cinqii guddoo lola uhgud keessatti arganii,

مِنْ بَعْدِ مَا أَصَابَهُمُ الْقَرْحُ

\*Isaanirraa warri tolee ,Rabbi sodaate ,waan inni je'u dhagayee dalagu'uun,

لِلَّذِينَ أَحْسَنُوا مِنْهُمْ وَاتَّقُوا

172} \*galata guddaa Rabbi biraa qaban

﴿١٧٢﴾ أَجْرٌ عَظِيمٌ

sun jannataa gaafa lola uhgud, dura ashkara islaamatiitu kuffaara qureyshi'ii cabse,ammoo lammada kuffaaratu orma islaama cabse,sadeessaa kuffaaratu cabe,Rabbiin sodaa qalbii isaanii guutee,akkasitti kuffarri odoo orma islaamarra humna qabanuu lola dhiisanii deeman, haa tayuu ormi kuffaaraa hoggaa waa xiqqo madiina'arraa fagaatu sheenayaniiti madiina'atti deebinee, orma islaamaa haa dhabamsiifnuu je'anii wal tayan, nabi muhammad hoggaa waan isaan mariyatan karaa basaasatiin hubatu ashkara islaamaa warra kaleessa lola

uhgud keessatti dhawame hundaan ashkara kuffaarati faana dhoynaa bayaa je'ee, lallabee, bayan, mada'aan wajji, duuba hoggaa san kuffaari qureyshi'ii ormi islaamaa hin cabnee humna qaba je'ee, sodaatee, waan ka'eefirraa dhaabbate, haa tayuu wanni isaan nabi muhammadiin je'an; amata as deemu badritti nu eeggadhu jennaan, nabi muhammad yoo Rabbi je'e je'een, akkasitti qureyshin makkatti deebite, duuba hoggaa amanni gayu kuffaari queryshi'ii lolaaf badri dhufuu sodaatee, sodaa mul'isuu didda'aaf heelaa takka godhe; sun qureyshin nama tokko kan {nukgaymi} je'aniin yaamteti, akka namuu islaamatu lola sodaatee badrirraa hafe je'uuf, madiinaa dhaqii, ormi islaamatiin duulli qureyshi'ii kan isiniin lolu'uu qophaaye asii asii mitii, lolarraa oolaa ji'in, gaala kudhan sii kenninaa je'aniin, duuba namichi sun madiinaa dhufee, nabi muhammaditti himnaan ormi islaamaa bakka silaa sodaatuu irraa eegan, jeynoomanii, badri dhaqanii achitti kuffaara eeggatan, duuba kuffaari makkaa sodaateti, lola badrii kanarra hafe, ammoo ormi islaama kan badri dhufe kun, magaalaa badritti waa bitatanii gurguratanii, tiffii guddo'oon madiinatti galatan, duuba Rabbiin oduu jara kanaa nuu dubbatee akka je'e.

\*Warra namichi {nukgaym} je'aniin isaanin je'e,

الَّذِينَ قَالَ لَهُمُ النَّاسُ

\*duulli, qureyshi'ii, hedduun isiniif qophaayee sodaadhaa, ittin dhufinaa jennaanin,

إِنَّ النَّاسَ قَدْ جَمَعُوا لَكُمْ فَاخْشَوْهُمْ

\*Jecha ,namichi ,sun ,je'e ,iimaana isaanii ida'ee

فَزَادَهُمْ إِيمَانًا

173} rabbi qabnaa, isatti irkan nee kuffaara .cabsina je'anii duulaf bayanii , { badri } dhaqanii, achitti kuffaara eeganii dhabnaan

وَقَالُوا حَسْبُنَا اللَّهُ وَنِعْمَ الْوَكِيلُ ﴿١٧٣﴾

\*Nagayaafii tiffii deebi'an,

فَانْقَلَبُوا بِنِعْمَةٍ مِّنَ اللَّهِ وَفَضِيلٍ

\*wanni, hamtuun, akka, mada'aafii, ajjeecha'aa isaan hin tuyn'ee,

لَمْ يَمَسَّهُمْ سُوءٌ

\*Ormi islaamaa sun araa jaalala Rabbiiti ya'a'an, nama jihaada haqarraa isaan sodachisu dhagayuu dhabanii duulu'uun, tanaaf jecha milkaayan,

وَاتَّبَعُوا رِضْوَانَ اللَّهِ

174} \*Rabbiin kan kennaa guddaatu.

وَاللَّهُ ذُو فَضْلٍ عَظِيمٍ ﴿١٧٤﴾

\*namichi qureyshin ergite kan orma islaamaa lolarraa dhoowwu'uuf kuffaari humna guddoo qabaa sodaadhaa isiniin je'u sun, sheyxaanaa,

إِنَّمَا ذَلِكُمُ الشَّيْطَانُ

\*Aanaa isaa, kuffaaran isin sodaachisaa,

يَخَوْفُ أَوْلِيَاءَهُ

\*Isaan hin sodaatinaa. Kuffaara hin sodaatina'aa,

فَلَا تَخَافُوهُمْ

175} \*ana sodaadhaa, waanin itti isin amm-are dalagaa yoo kan dhuga'aan amantan taatan, anaatu isiniif jiraa.

وَخَافُونَ إِنْ كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿١٧٥﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad sin yaachisin,

وَلَا يَحْزَنُكَ

\*Warri jarjaree kufrii keessa bu'u ,kan ,moromaa ,Rabbitti, daddafu, sin, yaachisin, na, miidhan jettee hin sodaatin,

الَّذِينَ يُسْرِعُونَ فِي الْكُفْرِ

\*Isaan waa takka Rabbin miidhanii, dalagaa isaanii tanaan ifuma miidhanii,

إِنَّهُمْ لَنْ يَضُرُّوا اللَّهَ شَيْئًا

\*Rabbiin akka warra kafareef guyyaa boru ,qooda Jannataa hin goonne fefe dhaa ,akka sababaa isaan kafaraniif, jannatarraa qooda dhabanii hoongayan,

يُرِيدُ اللَّهُ أَلَّا يَجْعَلَ لَهُمْ حِطًّا فِي الْآخِرَةِ

176 } Warri, kafare, sun jannatarraa hoongayuu wajji, ibidda azaabaa gudda'aatu isaanif qophaayee jira ,duuba akkanatti warri kafare ifuma miidhe.

وَلَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿١٧٦﴾

\*arri iimanan kufrii bitate, kan iimaana dhiisee, kufrii maraxate,

إِنَّ الَّذِينَ اشْتَرُوا الْكُفْرَ بِالْإِيمَانِ

\*Kufrii isaanii kanaan ifuma miidhan malee , Rabbi hin miidhan,

لَنْ يَضُرُّوا اللَّهَ شَيْئًا

177} \*Ibidda isaan laallessuutu isaanii qophaayee taa'a .

وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿١٧٧﴾

\*warri abbitti kafare hin seyin,

وَلَا يَحْسِبَنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*daddafnee isaan qixaaxuu dhabnee, booda isaan aansun umrii isaan dheeressuun waan isaanif kheyrii, toltuu, qabu, yookaa faaydaa qabu hin seyin,

أَنَّمَانُحِلِّي لَهُمْ حَيْرٌ لَّا أَنفُسِهِمْ

\*wanni umrii isaan dheeressineef ,wanni amma isaan qixaaxuu dhiifnuf,

إِنَّمَانُحِلِّي لَهُمْ

\*Akka dilii ida'atani'iifi, if irraanfatanii ,cub- buu heddommeysanii,

لِيَزِدَادُوا إِثْمًا

178} \*aakhira'atti jara kanaaf azaaba isaan xiqqeessutu qophaayee jira.

وَلَهُمْ عَذَابٌ مُّهِينٌ ﴿١٧٨﴾

\*Rabbiin akka amma isin itti jirtan ka natti kan orma Mu`minaa dhiisu hin taane , akka mu'minni xaliillifii munaafiqni walitti makamee jiru kanatti Rabbiin isin hin dhiisu,

\*Hanga nama badaa,nama gaari`irraa fooy-

utti,hanga dalagaa jajjabdu'utti isaan ajajee, yookaa ammaree ,mu'mina waan Rabbiin je'u dhagayuufii, munaafiqa waan Rabbiin je'u hin dhageenye, adda baasutti hin dhiisu, akka lola uhgud keessatti munaafiqaafii, kaan addaa baasetti, yookaa hanga Rabbiin nabi muhammadiif, abalu munaafiqa, abalu munaafiqa miti je'ee odeessee addaan baasutti akkanatti isin hin dhiisu jechu.

\*rabbiin,beekkomsa,waan ,isinirraa fago`oo

isin hundaaf hin kennu, beekkomsa waan akka qalbii nama keessa jiruu, kan akka waan ganaa dhufaa jiruu, nama hundaaf hin kennu, akka hundi keessan abalu munaafiqa, abalu munaafiqa mitii, beekhuu dandayu isin hin godhu,

\*Haa tayuu Rabbiin ergamoota isarraa nama

fedhu maraxateeti beekkomsa waan dhufaa jiruu isaa kenna, karaa saniin isin hundi waan dhufaa jiru beytan, akka Rabbiin nabi muhammad haala munaafiqootaa beysisee,inni isinitti odeessee munaafiqootafii kaan addaan baruu dandeessanitti.

\*rabbiifii,ergamoota,isatti,amanaa

\*Yoo ,Rabbitti,amantanii nifaaqumma'arraa afaain qajeeltanii gara'aan jallatu'urraa if eeydan,

179} \*Sawaaba guddaa Rabbi biraa qabdan , nifaaqni afaanin islaamayanii gara'aan didu'u.

\*Warri waan Rabbiin arjamaa isaatin isaanii kenneen doyn`oomu, warri, waan Rabbi,isaanii kennerraa zakaan baafanne yookaa waan qaburraa,sadaqaa baafatee nama haajamaa haajaa hin baafne, hin seyin,

\*Duyn'ummaan , un, waan isaanif toltu hin siyin,waan Rabbi isaanii kennerraa sadaqaa baafatuu dhabuun, waan isaanii tolu hin seyin,

\*waa kennuu dhabuun sun,balaa isaanitti taati, maalif?

مَا كَانَ اللَّهُ لِيُذِرَ الْمُؤْمِنِينَ عَلَى مَا أَنْتُمْ عَلَيْهِ

حَتَّى يَمِيرَ الْجَنَّةَ مِنَ الطَّيِّبِ

وَمَا كَانَ اللَّهُ لِيُطْلِعَكُمْ عَلَى الْغَيْبِ

وَلَكِنَّ اللَّهَ يُجْتَبَىٰ مِنْ رُسُلِهِۦ مَنْ يَشَاءُ

فَتَأْمِنُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِۦ

وَإِنْ تَوَلَّوْا وَتَقَفُوا

فَلَكُمْ أَجْرٌ عَظِيمٌ ﴿١٧٩﴾

وَلَا يَحْسَبَنَّ الَّذِينَ يَبْخُلُونَ بِمَا آتَاهُمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِۦ

فَضْلِهِۦ

هُوَ خَيْرٌ لَّهُمْ

بَلْ هُوَ شَرٌّ لَّهُمْ

\*Wanni ar'a isaan kennuu didanii, hiyyeessa

سَيَطُوفُونَ مَا بِحُلُوبِهِمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

agabsan, Kun guyyaa boruu bufa tayeeti, mormatti isaan maramee isan ciniina, yookaa isaan idda, akkanatti warri waan Rabbi isaanii kenneen bakkiil-omu yookaa doyn'oomu, cinqii argu'uu taa'a,

\*Dachi'ii samiin, wanni Isaan lamaan keessa jiru, dhaala Rabbiiti, eega warri dachi'ii samii keessa jiru hundi dabree takkaayuu dhume, **180** } \*Rabbiin waan isin dalaydan hunda ni beekha, jazaa isinii galcha namuu waanumaa inni dalageen.

وَاللَّهُ مِيرَاتُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرٌ ﴿١٨٠﴾

\*Rabbiin jecha, warra Rabbiin hiyyeessaa nuti dureeyyii je'u, dhagayee, jira, warri, akkana, je'e, yahuuda'a,

لَقَدْ سَمِعَ اللَّهُ قَوْلَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ فَقِيرٌ

وَنَحْنُ أَغْنِيَاءُ

\*Waan isaan je'an katabneeti ol keenya, kitaaba dalagaan namaa itti katabamtee ol kaayamtu keessatti,

سَتَكُتُبُ مَا قَالُوا

\*Ammas ajjeechaa isaan anbiyoota haqa male'etti ajjeesanis katabneeti ol keenya, malaaykan dalagaa namaa katabdu katabdee,

وَقَتْلَهُمُ الْأَنْبِيَاءَ بِغَيْرِ حَقِّ

**181** } \*Ibidda azaabaa kan nama gubu seenisifneeti, dhandhamaa isaanin jenna, guyyaa boruu.

وَنَقُولُ ذُوقُوا عَذَابَ الْحَرِيقِ ﴿١٨١﴾

\*Qixaan'I nuti isaan qixaan'u sun,

ذَلِكَ

\*Sababaa waan isin dalayda niitifi, waan harra keessaniin dalaydani dabsarsitantu, sababaa isinitti taye

بِمَا قَدَّمْتُمْ أَيْدِيكُمْ

**182** } Rabbiin gabroota isaa hin miidhu, waan isaan hin dalaginiif nam tokkollee hin qixaaxu.

وَأَنَّ اللَّهَ لَيْسَ بِظَلَّامٍ لِّلْعَبِيدِ ﴿١٨٢﴾

\*Isaan, yakkaman, sun, warra, nabi muhammadiin Rabbiin tow raat keessatti rasuula tokkottillee hin amaninaa nuun je'ee, ballama nurraa fuudhee je'aniin

الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ عٰهَدَ إِلَيْنَا لَآ نُؤْمِنُ

لِرَسُولٍ

\*Hanga rasuulli sun, qodhaa Rabbiif dhiyeessee,

حَتَّىٰ يَأْتِينَا بِقُرْبَانٍ تَأْكُلُهُ النَّارُ

bakka takka kaayee, Duuba ibiddi sami'ii bu'ee, sadaqa isaa san gubutti, gaafa san akka inni nama Rabbiin erge taye hubannee itti amanna, tanaaf jecha

yoo waan akkasii hin fidin sitti hin amannu, nabi muhammadiin je'an, duuba Rabbiin nabi muhammadiin akki je'e,

\*Wanni jettuun;ergamoonni Rabbii hedd-uun mukgjiza`aan isinitti dhufanii jiranii ,waan isaan ergamoota Rabbii tayuu jeebesun isinitti dhufanii jiranii,

\*waan isin ettan kanaan, qodhaa isin jettan kanaan isinitti dhufanii jiranii,

**183}** maalif ergamoota san ajjeefan? yoo

قُلْ قَدْ جَاءَكُمْ رَسُولٌ مِّن قَبْلِ يَابِسْتِ

وَالَّذِي قُلْتُمْ

فَلِمَ قَتَلْتُمُوهُمْ إِن كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿١٨٣﴾

kan dhugga'aa deemtan taatan,yoo nama mukhjiza'aan dhufetti ni amanna kan jettan taatan maalif ajjeefan ji'iin? kan akka nabi zakariyaatifii, nabi yahgya'aa, warri ajjeesse, abbootii yahuuda'aati, haa tayuu warri yahuuda'aa,kan zamana nabi muhammad jiru, waan abbootin isaanii dalayde jaalannaan, akkuma waan isaan dalaganii isaan godhee, maalif anbiyoota ajjeefan je'ee, isaan dubbise.

\*Yoo kan si kijibsiisan taate yoo kan waan ati dhufteen sirraa qeebaluu didan taate, sun sin yaachisin, kun waan si qofatti argamee mitii,

\*ergamoonni, si, dura dabre, meeqaat-  
amtu ,kijibsiifmee ,kuffaarri isaan dura  
dhaabbatee,

\*Kan anbiyoonni sun mukgjiza'aan itti dhufan,

\*Kan kitaabbaniin itti dhufan,

**184}** \*Kan kitaaba karaa isaan ibsuun itti dhufan duuba sanumaan wajji itti amanuu didan, tanaaf jecha akkuma ergamoonni Rabbii kan si duraa obsetti atis obsi .

\*lubbuun ,hundinuu tan tolteefii tan hammaatelleen du'aaf jiraatti, du'a dhandham-u'uuf jiraatti,

\*gaafni isin sawaaba waan dalaydani ar-gattan,

\*Addunya'arratti mitii, guyyaa qiyaama'aati ,eega ,duutanii,kaatan,

\*Duuba namni guyyaa boruu ibiddarraa fa-geeffamee,

\*Jannata seensifame,

فَإِنْ كَذَّبُوكَ

فَقَدْ كَذَّبَ رَسُولٌ مِّن قَبْلِكَ

جَاءُوا بِالْبَيِّنَاتِ

وَالزُّبُرِ

وَالْكِتَابِ الْمُنِيرِ ﴿١٨٤﴾

كُلُّ نَفْسٍ ذَائِقَةُ الْمَوْتِ

وَإِنَّمَا نُوفِّيكَ أَجْرَكُمْ

يَوْمَ الْقِيَامَةِ

فَمَنْ زُحِرَ عَنِ النَّارِ

وَأَدْخَلَ الْجَنَّةَ

Dhugumaan milkaaye,

فَقَدَّ فَارًا

185} Jiruun ,addunya'aa tun ,waan gow-

وَمَا الْحَيَاةُ الدُّنْيَا إِلَّا مَتَاعُ الْغُرُورِ ﴿١٨٥﴾

woomaniini eegasii malee, waan biraatii miti , waan xiqqo itti qanani'anii, dhabamaati malee, waan zalaalamii taa'uu miti , faaydan addunya'aa horiin isi'ii, dardarummaan isi'ii, jaalalti isi'ii, mootummaan isi'ii, waan abdatanii bira ta'aanii , mitii , waan nama gowwoomsati, namni addunyaa akkanaa tanaa je'ee, haqa didee Rabbii isaa dhabe, isumaatu gowa', isumaatu bade khasaarame.

\*horii, keessaniin morkoromu'uuf , jiraattan, kennu'uufii , dhumu'uun,

﴿ تَتَّبِعُونَ فِي أَمْوَالِكُمْ

\*Akkasuma, lubbuu ,teessaniin morkoram-u'uuf ,teessan ,du'aafii dhukkubaan,

وَأَنْفُسِكُمْ

\*Warra kitaaba isin dura ken namerraa , waan ,hamtuu dhagayu'uu, jiraattan, yahuuda'aafii, orma ,kiristaanarraa jecha isin laalessu dhagayu'uu teessan,

وَلَسَّمْعُكُمْ مِنْ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ مِنْ

قَبْلِكُمْ

\*akkasuma, warra, awaamar raayis, warra Rabbitti waa qindeessurraa, azaa, yookaa miidhaa hedduu argu'uu jiraattan, arrabaafii waan biralle'een

وَمِنَ الَّذِينَ أَشْرَكُوا أَذَىٰ كَثِيرًا

\*yoo waan isinitti argamerratti obsitan , namni isinirraa dhumu, yookaa horiin, yookaa dhukkubsattanii, yookaa arrabfamtanii duuba obsitan,

وَإِنْ تَصْبِرُوا

\*Rabbi sodaattanii karaa isaa qabattan,

وَتَتَّقُوا

186} \*Sun waan irratti jabaatanii, obsan ,kan sawaaba guddaa qabu.

فَإِنَّ ذَلِكَ مِنْ عَزْمِ الْأُمُورِ ﴿١٨٦﴾

\*Oduu gaafa Rabbiin warra isin dur kitaaba towraat kenname ,yahuuda'arraa, ahgdii fuudhe yookaa baallama irraa fuudhe dubbadhu,

وَإِذَا أَخَذَ اللَّهُ مِيثَاقَ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ

\*Waan towraat keessa jiru, namaaf himaa, addeessaa,

لَيُبَيِّنَنَّ لِلنَّاسِ

\*Kitaaba san waan isa keessa jiru hin dhoysinaa je'ee baallama irraa fuudhedubbadhu,

وَلَا تَكْتُمُونَهُ

\*duuba ,baallama ,san ,dudda isaanii duubatti darbanii diigan,

فَتَبَدُّوهُ وَرَاءَ ظُهُورِهِمْ

\*Baallama Rabbii diigu'urratti maallaqa

وَأَشْرَوْا بِهِ مُمْتًا قَلِيلًا

fudhatan, khabiirrotiin yahuuda'aa dubbii nabi muhammad tan towraat keessatti Rabbiin dubbate akka yahuudan ,hundi ,islaamoytee ,kabiirummaa, hin dhabne'eef isaanirra dhoysanii qodhaa irraa nyaatan addunyaa xiqqoo hin jirre tana,

187} \*Yaa hammeenya waan isaan fudhatanii?.

فَيْئَسَ مَا يَشْتَرُونَ ﴿١٨٧﴾

\*Warri waan hamtuu dalageen gammadu ,

لَا تَحْسَبَنَّ الَّذِينَ يَفْرَحُونَ بِمَا آتَوْا

\*Kan waan gaarii hin dalaginirratti faarfamuu jaalatu,

وَيُحِبُّونَ أَنْ يُحْمَدُوا بِمَا لَمْ يَفْعَلُوا

\*Jarri, dubbanne, sun, azaabarraa nagaya

فَلَا تَحْسَبْتَهُمْ بِمَفَازَةٍ مِنَ الْعَذَابِ

bayanii hin siyin , bakka azaabarraa keessatti nagaya tayan yookaa argatan dhaqanii hin seyin, isaan guyyaa boruu bakka itti qixaaxaman dhaqan sun jahannamii,

188} \*Jara,saniif,ibidda,azaabaa kan isaan laalessuutu jira.

وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿١٨٨﴾

\*Dachi'ii samiin tan Rabbiitii isaatu uumee isaatu qaba,

وَلِلَّهِ مُلْكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

189} \*Rabbiin waa hundarratti dandaya'.

وَاللَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٨٩﴾

\*Uumaa, dachi'ii ,samii, keessa ,

إِنَّ فِي خَلْقِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Halkanii guyyaan wal dhabuu keessa , halkan deemee guyyaan dhufuu, guyyaan deemee halkan dhufee keessa,

وَأَخْتِلَافِ أَيْلٍ وَالنَّهَارِ

190} \*Waan kana keessa asxaa dandeytii

لَا يَتَّبِعُ لَوْلَا إِلَى الْأَلْبَابِ ﴿١٩٠﴾

Rabbii garsiisutu jira, warra lubbuu qabuuf, yookaa warra aylii waan nama jallisurraa qulqullooyte qabuuf ,warri ayli qulqulluu qabu, uumaa dachi'ii samii'ii, kan halkanii guyya'aa laaleti dandeytii Rabbii beekkomsa isaa dhugo'omsa,warri ayliin isaanii qulqulluudhaa sun.

\*warra Rabbii isaanii zakkaru, dhaabbataafii ,teessumaafii ciisumaafii

الَّذِينَ يَذْكُرُونَ اللَّهَ قِيَمًا وَقُعُودًا وَعَلَىٰ جُنُوبِهِمْ

\*Warra uumaa dachi'ii sami'itti qalbii dhaabee ajaa'iba Rabbiin isaan lamaan keessatti uume laalu

وَيَتَفَكَّرُونَ فِي خَلْقِ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*yaa, rabbii ,keenya ,waan, laallee garru

رَبَّنَا مَا خَلَقْتَ هَذَا بَاطِلًا

kana,dachi'iifii sami'iifii,waan isaan lamaan jidduu jiru, kan laallee garru kana, waa taphaaf hin uumnee,hikmaa guddo'oof uumte,sun akka warri ati aylii kenniteef, tokkummaa kee, dandeytii tee, beekhee, sitti amanu'uufi, maalif dalagaan nama dalage himti, dachiin wanni Rabbiin uume hundi taphaafii mitii, haa gabrootta Rabbii karaa isaa qajeelchitu'uufi uumamte,

\*yaa,rabbi,taphaaf, uumu'urraa si qulqulle-essinaa, waan siin hin malle hundarraa qulqulluu tayuu keeti yaannaa,

**191}** Yaa Rabbi azaaba ibiddarraa nagaya nu baasi.

\*yaa rabbii keenya ati nama azaaba seen-sifte dhugumaan xiqqeessitee,

**192}** Orma ,kaafiraa,namni ,azaaba jalaa baasu hin jiru, namni isaan shafa'u yookaa araara Rabbirraa barbaaduf hin jiru.

\*Yaa,Rabbii,keenya ,nuti,yaaminsa, nama ,iimaa ,natti, nama,yaamu dhageenyeti inni nabi muhammadii takkaa qur'aanaa,

\*Kan Rabbii keessanitti amanaa je'ee nama yaamu,

\*Duuba itti amannee,

\*Yaa ,rabbi ,keenya , dilii teenya nuu araarami,

\*Cubuu,eenya,nuu ,dhiisii ,kafana nutti qabi , nu qixaaxxee kafana nurraan fuudhinni,

**193}** \*Yaa Rabbii keenya warra dili irraa qulqullaay yen wajji nu ajjeessi isaanin wajji guyyaa boruu nu kaasi kanneen akka anbiya'aafii awliya'aa.

\*Yaa ,Rabbii ,keenya ,waan, karaa ergamoota keetitiin baallama nuu seente rahgmata kee nuu kenni,

\*Guyyaa,qiyaama'aa,nun, xiqqeessin,

**194}** \*Ati waan baallama seente guutuu hin ooltuu.

\*Duuba ,Rabbiin,mu'minaaf,waan isaan khadhatan hunda qeebalee akki je'e,

سُبْحَانَكَ

فَقِنَا عَذَابَ النَّارِ ﴿١٩١﴾

رَبَّنَا إِنَّكَ مَنْ تَدْخُلِ النَّارَ فَقَدْ أَخْرَجْتَهُ

وَمَا لِلظَّالِمِينَ مِنْ أَنْصَارٍ ﴿١٩٢﴾

رَبَّنَا إِنَّا سَمِعْنَا مُنَادِيًا يُنَادِي لِلْإِيمَانِ

أَنْءَامُوا بِرَبِّكُمْ

فَقَامْنَا

رَبَّنَا فَاعْرِفْ لَنَا ذُنُوبَنَا

وَكُفِّرْ عَنَّا سَيِّئَاتِنَا

وَتَوْفِقْنَا مَعَ الْأَبْرَارِ ﴿١٩٣﴾

رَبَّنَا وَإِنَّا مَا وَعَدْتَنَا عَلَى رُسُلِكَ

وَلَا نُخِزُّنَا يَوْمَ الْقِيَامَةِ

إِنَّكَ لَا تُخْلِفُ الْمِيعَادَ ﴿١٩٤﴾

فَأَسْتَجَابَ لَهُمْ رَبُّهُمْ

\*dalagaa ,nama ,isinirraa, waa dalagee duraa hin balleessu, dalagaa dhiiraa taatuu ,tan dhala'aa taatuu, hundi keessan galata dalagaa isaa argatuu keessatti wal qixa,

\*Gariin, keessan ,garii ,keessanirraayi dhalaaan dhiirarraayi,dhiirti dhala'arraayi hundi nuu aadamirraayii, aadam biyye'erraayi, namuu waan dalagata argata,

\*Warri madiina'atti godaane, yookaa biyya kaafiraatirraa biyya islaamatti godaane,

\*Warri biyya isaanirraa dirqi'iin baafame,

\*Warri karaa kiyya keessatti miidhame, warri diinaa kiyyaa je'ee dhawamee ,arrabfamee, saamame

\*Warri kuffaaran lole ajjeesee ajjeefame , jara waan kana dalage hunda, dhalaa tayuu dhiira tayuu,

\*dilii,isaani,isaanifan,araarama,

\*Jannatan isaan seensisa,

\*Jannata ,yookaa ,masnoo ,jannataa tan lagootin olii gad isii keessa yaatun seensisa,

\*Sun galata isaan Rabbi biraa argatan,

195} Rabbi ,galata ,guddaa gaari'iitu isa bira jira,warra isatti amaneef.

196} ormi ,kuffaaraa ,biyya ,keessa olii gadyaa'ee, nagaddee Qana ni'ee,quufun si day-dee ,yookaa si gowwoomsitee, kara'arraa sin maysin,

\*Qananiin kuffaarri addunya`atti qanani-

`uun qanani xiqqo', maalif qananiin addunya'aa, horii tayuu, fayyaa tayuu ,waan dhumaati,wanni dhumaa hundi waan xiqqoo je'amti, tanaaf jecha wanni kuffaarri qanani'uun kun yoo waan mu'minni aakhira'atti argatuun walitti laalle wanni kaaffirri addunya'arraa argate waan mu'minni boru argatu biratti waan xiqqoo hin jirre, akkasuma yoo waan kuffaarri addunya'arratti argatu ,waan odoo amananii aakhira'atti argataniin wal maddii qabnee laallee wanni isaan addunya'arratti argatan waan hin jirre,

أَنِّي لَا أُضِيعُ عَمَلَ عَمَلٍ مِّنْكُمْ مِنْ ذَكَرٍ أَوْ أُنْثَىٰ

بَعْضُكُمْ مِنْ بَعْضٍ

فَالَّذِينَ هَاجَرُوا

وَأُخْرَجُوا مِنْ دِيَارِهِمْ

وَأُودُوا فِي سَبِيلِي

وَقَاتَلُوا وَقُتِلُوا

لَأُكَفِّرَنَّ عَنْهُمْ سَيِّئَاتِهِمْ

وَلَأُدْخِلَنَّهُمْ جَنَّاتٍ

تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

ثَوَابًا مِّنْ عِنْدِ اللَّهِ

وَاللَّهُ عِنْدَهُ حُسْنُ الثَّوَابِ ﴿١٩٥﴾

لَا يَغْرِبُكَ قَلْبُ الَّذِينَ كَفَرُوا فِي الْبَلَدِ ﴿١٩٦﴾

مَتَّعٌ قَلِيلٌ

\*ormi, kuffaaraa ,kan, addunya'arra tti qana-ni'e sun, bakkeen isaan boru itti galu'uu ta-a'an ibidda jahannami,

197} \*Yaa hammeenya waan isaan afatanii ,keessa ciisu'uu taa'anii, sun ibidda azaabatii, kun jazaa warra kafareeti.

\*ammoo warra azaaba Rabbi sodaatee ,amaneef jannata isa jala lagootin hedduun olii gad yaatutu jira

\*Kan zalaalamii jannata san keessatti qan-ani'an,

\*Sun waan Rabbi isaanif qopheyse,

198} galata ,rabbiin ,warra ,toleef guyyaa boruu kennuutu qananii addunya'arratti ken-nuufirra caala.

\*Warra kitaaba yahuuda'aafii nasaara'arraa ,warra, rabbitti amanuutu jira, kan akka abdullaahii ibni salaamifii mootii abasha'aa,

\*Kan qur'aana isinitti bu'ettis amanu,

\*kan ,waan ,isaanif ,bu'ettis ,amanu, injiilafii towraatitti amanu,

\*Rabbiif gad je'aadha,

\*Isaan aayata Rabbi tan nabi Muhammad

dubbattu, tan injiilifii towraat keessa jirtu hori'itti hin gurguratan ,isii dhoysanii ,dhoysu'urratti maallaqa, yookaa addunyaa xiqqoo tana hin fudhatan, akka kabiirotiin yahuuda'aa gariin dalaydutti,

\*Jara, Rabbiifii ,waan, inni, buuse hundatti amanuuf, galata gudda'aatu Rabbi isaanii bira jiraaf,

199} \*Rabbiin kan gaafin isaa jarjartu, kan guyyaa boruu hanga wal'akkaa saa'aadhatti gabroottan isaa hunda waan isaan dalagan hundarraa gaafatee fixu.

\*Yaa warra Rabbitti amane,

\*Obsaa ,karaa,gaari'irratti, obsaa yoo balaan

ثُمَّ مَا وَلَّهُمْ جَهَنَّمَ

وَيَسَّسَ الْمَهَادُ

لَكِنَّ الَّذِينَ اتَّقَوْا رَبَّهُمْ لَهُمْ جَنَّاتٌ تَجْرِي مِنْ

تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

خَالِدِينَ فِيهَا

نُزُلًا مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

وَمَا عِنْدَ اللَّهِ خَيْرٌ لِلْأَبْرَارِ

وَإِنَّ مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ لَمَنْ يُؤْمِنُ بِاللَّهِ

وَمَا أَنْزَلَ إِلَيْكُمْ

وَمَا أَنْزَلَ إِلَيْهِمْ

خَشِيعِينَ لِلَّهِ

لَا يَشْتَرُونَ بِعَابَتِ اللَّهِ ثَمَنًا قَلِيلًا

أُولَئِكَ لَهُمْ أَجْرُهُمْ عِنْدَ رَبِّهِمْ

إِنَّكَ اللَّهُ سَرِيعُ الْحِسَابِ

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا

أَصْبِرُوا

isinitti argamte obsaa, yoo lubbuun teessan  
waan hamtuu dalaguu feete obsa'aa irraa  
dhaabbadhaa yookaa dhoowwaa,

\*Lolarratti, obsaa,yoo ,kuffaaran wal dura  
dhuftan obsaan isaanirra caalaa, maalif na-  
ma obsa qabuutu mirgaan galataa, yookaa  
injifataa,

\*qabsoo, haqaa, yookaa ,jihaadaa itti fufaa  
,hin dhaabinaa,

\*Akka hundatti bakka hundatti Rabbi sod-  
aadhaa,

**200** } akka milkooytanii jannata seentanii ,  
azaabarraa ,nagaya baatan.

وَصَابِرُوا

وَرَابِطُوا

وَاتَّقُوا اللَّهَ

لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ ﴿٢٠٠﴾